# QAACCESSA ADEEMSA SIRNA RAAWWII AYYAANA WARRA OOFA ABBAYYEE GADAA AANAA SULULTAA

**BADHAASAA TUFAA URGAA**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOOFI AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/ 2019**
**FINFINNEE**

# QAACCESSA ADEEMSA SIRNA RAAWWII AYYAANA WARRA OOFA ABBAYYEE GADAA AANAA SULULTAA

**BADHAASAA TUFAA URGAA**

**GORSAA: DASTAA DASSAALANY (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMIISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOOFI AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

## Yuunivarsiitii Finfinnee

## Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf Badhaasaa Tufaa mata duree: Adeemsa Sirna raawwii Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa Aanaa Sulultaa jedhuun qophaa’e, sadarkaa yuunivarsiitiin kaa’e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa______________________________Mallattoo________________Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa_________________________ Mallattoo________________Guyyaa_____________

Gorsaa_________________________________Mallattoo________________Guyyaa_____________

_________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Digirii lammaffaa (MA)

# Axereera

*Ka'umsi qorannoo kanaa aanaa Sulultaa keessatti mata dureen kun kallattiidhaan kan hinqoratamne ta'uu, qoratichis waa'ee dhimma kanaa iddoo itti dhalatee guddatetti hamma tokko hubannoo qabaachuu, hirmaattonni sirnichaas hir'achaa adeemuu, sirni kun naannoo iddoo jireenya qorataatti argamuufi waa'een sirna kanaas kallattiidhaan kitaabilee afoolaafi barnootaa keessaa dhabamuu fa'a. Kaayyoon qorannoo kanaa immoo adeemsa raawwii sirna ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa qaaccessudha. Qorannichis kan adeemsifame godina Shawaa Kaabaa aanaa Sulultaa keessatti waa'ee sirna raawwii ayyaanaa irratti xiyyeeffachuun qorachuu yoo ta'u,qorannichis yaaxinaalee seenawaa, faayideessummaa, seenaa deebisanii ijaaruufi haalawaatti dhimma bahameera.Malli qorataan qorannoo kana keessatti gargaaramees mala akkamtaa yoo ta'u, iddattoo irrayyis mala iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadameera. Odeeffannoo funaannachuufis meeshaalee funaansa odeeffannoo kan qorannoo kanaaf, kanneen ta'an af-gaaffii, daawwannaafi marii gareetti dhimma bahameera. Odeeffannoo argames mala ibsaa yookiin addeessaatti gargaaramuun ragaaleen qaaccefamuun ibsamaniiru. Arganoon qorannichaas; sirnoonni raawwii ayyaanichaa irratti taasifaman sadarkaalee garaagaraa keessa kan darban ta'uu, ayyaanichi jireenya hawaasummaa keessatti hawaasicha aadaa waliin walitti hidhuun, dinagdee hawaasichaa akka guddisuutti, walitti dhufeenya hawaasummaa akka cimsuutti gargaaruu, naamusa akka horachiisuufi cimsuutti gargaara. Hirmaattonni ayyaanichaa daa'ima xixiqqoo irraa kaasee hanga manguddootaatti saalaan osoo addaan hinqoodiin kan hirmaachisu ta'uu, yoomessi raawwii sirna ayyaana kanaa torbii, kudha arfii, Birraa, Bona, Arfaasaa yoo ta'u, iddoon itti kabajamus malkaa, tulluu, abdaariifi galma keessa ta'uun hubatameera. Meeshaaleen raawwii sirna ayyaanichaaf oolanis meeshaalee ulfoo, nyaataa, dhugaatiifi miidhaginaa kan dhimma itti bahaman ta'uufi adeemsa sirna ayyaana kanaa keessatti faaruuwwan dhimmoota garaagaraaf faarfaman dubartootaan, manguddootaan, ijoolleefi ayyaantuun kan faarfataman jiraachuu qorataan argannoo isaatiin bira ga'eera. Yaboon qorataan kun kaa'uus sirni raawwii ayyaana kanaa jiruufi jireenya hawaasaa gama aadaa, safuu, seenaa, dinagdeefi amantaan kan walqabatu waan ta'eef, fulduratti xiyyeeffannoo argachuu akka qabu ibsa.*

# Galata

Duraan dursee beekumsaafi ogummaa qabaniin nuffii tokko malee deeggarsa barbaachisaa ta'e naa gochuun qorannoo kana akkaan fiixaan baasuuf kan nagargaaran Dr. Dastaa Dassaalany baay'een galateeffadha.

Itti aansuun abbaa koo Tufaa Urgaafi harmee koo Walee Alamii isaan osoo ofii hinbaratin nabarsiisanii sadarkaa kanarraan naga'an umrii fayyaan guutameen isiniif hawwa. Dabalataanis haadha warraa koo Boontuu Gizaachoofi ilma koo Bilisummaa Badhaasaa obsaan najajjabeessaa deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda naagochaa turtaniif galata guddaa nabira qabduu naaf jiraadhaan jedha.

Dabalataanis, manguddoota Aanaa Sulultaa ayyaantuu dabalatee, waajjira aadaafi tuurizimii, waajjira bulchiinsaafi namoota dhimma kanarratti deeggarsa barbaachisa ta'e naaf gootan hundi keessan galatoomaan jedha.

Dhumarrattis, hiriyaa koo Araarsaa Kabbadaa, Oolman ati qorannoo kanarratti naaf gumaachite jechaan ibsamuu baatus, muudannoo qorannoo kanarratti nuquunname sanaaf, guyyaa fuula ifaadhaan itti walagarru uumaan umurii nuuf dheeressee akka nuuf taasisu kadhachaan jaalala onnee hiriyummaa dhugaarraa maddeen sigalateeffadha.

## Hiika Jechootaa Akka Bakka Qorannichaatti (Jibsoo)

Mata duree kana jalatti jechoonni yookiin gaaleewwan hiikni isaanii dubbistootaatti haarawa ta’uu malu jedhamanii yaadaman ibsa hiika isaanii waliin kaa’amaniiru.

Ansii--------Foon kormaa yookiin sa’aa battala qalamanitti nyaatamu.

Buubaa------Namas ta’ee sa’a kan amalaan didaa ta’e

Faaggaa-—Meeshaa muka irraa hojjatamu sagalee faarfannaaf ta’u

Faachoo-----Meeshaan ayyaantuun bishaan eebbaa ittiin facaasu.

Suga---------Adeemsa dhangaan nyaatame garaatti milkaa’uu

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereera ... i
Galata ... ii
Hiika Jechootaa Akka Bakka Qorannichaatti (Jibsoo) ... iii
Ibsa Suuraalee ... vii
Boqonnaa Tokko: Seensa ... 1
1.1 Seenduuba Qorannichaa ... 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ... 2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ... 3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 3
1.3.2 Kaayyoo Gooree ... 3
1.4 Barbaachissummaa Qorannichaa ... 3
1.5 Daangaa Qorannichaa ... 4
1.6 Hanqina Qorannichaa ... 4
1.7 Ibsa Naannoo Qorannichaa ... 4
1.7.1 Haala Qilleensaa ... 5
1.7.2 Dinagdeefi Haala Hawaasummaa ... 5
1.7.3 Aadaafi Tuurizimii ... 6
1.7.4 Hidda latiinsa Oromoo Tuulamaa ... 8
1.8 Ibsa Waa'ee Ayyaantuu ... 10
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 13
2.1 Fookloorii ... 13
2.1.1 Duudhaa Hawaasaa ... 14
2.1.2 Raagamtaa ... 14
2.1.3 Akaakuu Raagamtaa ... 17
2.1.4 Ayyaana ... 18
2.1.4.1 Ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa ... 21
2.1.4.2 Barbaachissummaa Ayyaanichaa ... 22
2.1.4.3 Hirmaattota Ayyaanichaa ... 22
2.1.4.4 Yoomessa Ayyaanichaa ... 22

2.1.4.5 Faaruu Ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa .... 22
2.1.4.6 Meeshaalee Ayyaanaa .... 23
2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'uureffatu .... 23
2.3 Sakatta'a Qorannoo Hojii Kanaan Walfakkaatan .... 24
BOQONNAA- SADI: MALA QORANNOO .... 27
3.1. Saxaxa Qorannichaa .... 27
3.2. Malleen Qorannichaa .... 27
3.3. Madda Odeeffannoo .... 27
3.4 Iddattoo Qorannichaa .... 28
3.5. Mala Iddatteessuu .... 28
3.6. Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaanaman .... 29
3.6.1. Af-gaaffii .... 29
3.6.2. Daawwannaa .... 30
3.6.3. Marii Garee .... 30
3.7 Mala Qaaccessa Ragaalee .... 31
3.8 Naamusa Qorannichaa .... 31
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE .... 33
4.1 Ayyaana Warra Oofaafi Gosoota Isaa .... 33
4.2 Adeemsa Raawwii sirna Ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa .... 34
4.2.1 Raawwii Duraa .... 35
4.2.2 Yeroo Raawwii .... 38
4.2.3 Sirna Booda .... 51
4.3 Faayidaa Ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa .... 52
4.3.1 Kallattii Hawaasummaan .... 52
4.3.2 Gama Dinagdeen .... 53
4.4 Hirmaattota Ayyaanichaa .... 53
4.5 Yoomessa Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa .... 57
4.6 Faaruu Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa .... 60
4.7 Meeshaalee kabaja Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa keessatti barbaachisan .... 69
4.8 Laguufi Fakkoommii Isaa .... 76

BOQONNAA –SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .......... 77
5.1 Guduunfaa .......... 77
5.2 Argannoo .......... 79
5.3 Yaboo .......... 79
WABII .......... 81
Dabalee "A"  Afgaaffii
Dabalee "B" Marii garee
Dabalee" C" Guca daawwannaa
Dabalee "D" Ibsa iddattoo

**Ibsa Suuraalee**

Suuraa 1, Xajjituu Mitikkuu Hojjattuu Waajjira Bulchiinsa Aanaa Sulultaa Kan qorataan gaafa 16/08/2011 ragaa irraa argate. ........................................................................ 6

Suuraa 2: Alamuu Bashaadaa Hojjataa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Sulultaa kan qorataan gaafa 6/10/2011 ragaa irraa argate. ................................................................ 8

Kaartaa Aanaa Sulultaa kan Bara 1990 ka'e irraa kan qorataan gaafa 6/10/2011 waajjira Bulchiinsa aanaa irraa kan fudhate. ............................................................................ 10

Suuraa 3: Ayyaantuufi Qe'ee Ayyaantuu Agarsiisu kan qorataan sirna kenna Arfaasaa Tulluu irratti gaggeeffame gaafa 12/10/2011 sirnicha irratti argamuun suuraa kaafate. ......... 12

Suuraa 4: Yeroo dallaa ijaaruuf muka qopheessan kan agarsiisu. ............................................... 35

Suuraa 5: Yeroo namoonni jala bultii ayyaanichaa irratti dallaa ijaaran kan agarsiisu. ............... 36

Suuraa 6: Yeroo kaddaamii jala bultii ayyaanaatiif buna tulluu irratti danfifame namoota dallaa haaromsaniif hirtu kan agarsiisu. ....................................................................... 37

Suuraa 7: Yeroo kormi qalamu mataa qaboon qabu. .................................................................. 39

Suuraa 8: Yeroo mata qaboon korma qabuufi haati warraa Ayyaantuu Korma dhadhaa muudduufi ayyaantuun marga jiidhaa afaan kormaa keessu kan agarsiisu. ................ 40

Suuraa 9: Yeroo mata qaboo, Ayyaantuufi haati warraa tulluutti dhibaayyuu qalma kormaa dhiibafatan kan agarsiisu. ........................................................................................ 40

Suuraa 10: yeroo kormi qalamu agarsiisu. ...................................................................................... 41

Suuraa 11: yeroo arraba kormaa keessaa baasanii ciincessan agarsiisu. ..................................... 41

Suuraa 12: yeroo kormi qalamu agarsiisu.kan qorataan gaafa 12/10/2010 kaase ........................ 42

Suuraa 13: Yeroo dhiigni korma qalamee utubaa (furda) diban agarsiisu. .................................. 42

Suuraa 14: yeroo jaarsonni eebbisan agarsiisu. .......................................................................... 49

Suuraa 15: yeroo dubartoonni eebbisan agarsiisa ......................................................................... 51

Suuraa 16: Dargaggoota yeroo ayyaanicha irratti hirmaachuuf qophaa'an agarsiisu.................. 54

Suuraa 17: Jaarsolii ayyaanicha irratti hirmaatan agarsiisu. ....................................................... 55

Suuraa 18: Dubartoota ayyaanicha irratti hirmaatan agarsiisu ........ **Error! Bookmark not defined.**

Suuraa 19: suuraa yeroo faarfatan agarsiisu .................................................................................. 64

Suuraa 20: yeroo faarfannaa taasisanii ........................................................................................... 66

# Boqonnaa Tokko: Seensa

Qorannoon kun sirna raawwii ayyaana oofaa Abbayyee Gadaa qaaccessuurratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan boqonnaan duraa kun qabxilee itti aanan kanneen duraa duubaan dhiheessa: seenduuba, ka'umsafi gaaffilee qorannoo, kaayyoo qorannichaa, barbaachissummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi seenduubee bakka qorannichaa ta'u.

## 1.1 Seenduuba Qorannichaa

Uummanni Oromoo aadaa bal'aafi amantaa mataa isaa danda'e qaba.Akkataan dinqisiifannaa isaa kan safuu hawaasaafi uumaa osoo hinjeeqiin dhaloota irraa dhalootatti darbaa jiruudha. Fooklooriin duudhaafi amantaa baatee dhalootaa dhalootaatti kan dabarsuudha. Kanaaf, fooklooriin faayidaa bal'aa qabu keessaa dhugeeffannoo hawaasaa tokkootiif madda ragaa ta'ee tajaajila jechuun nidanda'ama. Dhala namaa hunda wantoota waliitti isaan hidhan yookiin wal isaan fakkeessan kan barates ta'ee kan hinbaratin, baadiyyaas ta'ee magaalaa qaamni aadaa walitti isaan hidhu fookloorii jedhamuu akka danda'uudha. Fooklooriin qaama, barsiifata garaagaraafi faaruuwwan hawaasa tokko keessa jiran kan irra deddeebiin raawwatamu akkasumas barreeffamaan osoo hinta'in afaaniin yookiin jechaan kan darbuudha. Fooklooriin gochaawwan hawaasa keessatti raawwataman hunda kan hammatuudha. Kanumaan walqabatee, Melakneh (2006:8) irratti yoo ibsu, "Every group bound together by common interest and purposes weather educatated or Uneducated, rural or urban, possessed abbacy of tradations which may be called its folklore." Jedha. Akka yaada kanaatti hawaasni kamiyyuu kan kaayyoo tokkoof waliin jiraatan namoota baratanis ta'ee kan hinbaratin, baadiyyaas ta'ee magaalaan akka aadaatti walto'achuu danda'uun fookloorii jedhama. Kana jechuun hawaasni kamiyyuu waan isaan walfakkeessuu kan qabaniifi hawaasa barateefi hinbaranne akkasumas magaalaafi baadiyyaan kan hindaangeffamne ta'uu isaa mirkaneessa.

> *Folklore is informally learned, un official knowledge about the world, ourselves, our communities our beliefs, our cultures, and our tradations that is expressed creatively through words, music, customs, actions, behaviors and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, communicating and performing as we share that knowledge with other people. (Smis fi Stephens 1965:12)*

Yaada olii irraa kan hubatamu fooklooriin osoo itti hinyaadiin kan baratamu beekumsa dhaabbataa kan hintaane waa'ee addunyaa waa'ee keenya,waa'ee uummata keenyaa, waa'ee aadaa keenyaafi barsiifata keenya jechatti muuziqaatti, gochatti amalaafi meeshaaleetti

gargaaramuun ogummaa yookiin kalaqa hawaasaa kan ibsuudha.Akkasumas walitti hidhatiinsafi raawwiin beekumsaa waljijjiiruun keessaa uumamaa kan deemuudha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Oromoon akkuma falaasama mataa isaa kallattii garaagaraan qabu, jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa, amantii, afaaniifi sirna bulchiinsa isaa kan qabuudha. Haa ta'uu malee sababoota garaagaraan irraa kan ka'e aadaa, amantii, afaaniifi eenyummaa abbootii isaanii dagachaa akka deeman karaa saaqa. Hawaasa addunyaa hunda keessatti qophii adda addaatiin ayyoononni kabajaman hedduudha. Kanneen keessayis ayyaanonni Oromootaa beekamoofi kabajamoo ta'aniifi ayyaanonni namoota dhuunfaa yookiin garee muraasafi amantaalee garaagaraa keessatti kabajaman hedduudha. Ayyaanota kanneen keessaa ayyaanni warra oofaa Abbayyee Gadaa isa tokkoodha. Ayyaanni kun hawaasa keessatti hirmaattota garaagaraa, dargaggoota, shamarran, jaarsolii, jaartiifi daa'imman osoo hinjenne jala bultii irraa kaasee hanga guyyaa ayyaanichaatti qophilee garaagaraatiin kan raawwatamuudha. Safeeffannaafi of eeggannoon iddoo kanatti adeemsifamus seera mataa isaa kan qabuudha. Haaluma kanaan qorannoo kana mata duree kana irratti hojjachuuf wanti qorataa kakaase, hanga ammatti kallattiidhaan qorannoon adeemsa sirna raawwii ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa Aanaa Sulultaa irratti gaggeeffame jiraadhuu dhabuu, qoratichi iddoo dhalatee guddatetti waa'ee sirna ayyaana kanaan walfakkaatu irratti amma tokko hubannoo qabaachuu, hirmaatonni sirna ayyaana kanaa hir'achaa adeemuu, waa'ee sirna kanaa kitaabolee afoolaafi barnootaa keessa jiraachuu dhabuufi iddoon jireenya qorataas bakka sirni kun jirutti dhiyoo waan ta'eef, sirna kana gadi fageenyaan qoratee barreeffamaan ragaa kaa'uu waan barbaadeef, kanuma irratti hundaa'uudhaan gaaffilee bu'uuraa armaan gadii ka'umsa godhachuun  qorannoo isaa gaggeesseera.

- Adeemsi sirna raawwii ayyaana warra oofaa maal fakkaata?
- Faayidaa ayyaanichaa haala kamiin ibsama?
- Hirmaattoonni ayyaana kanaa eenyu fa'a?
- Yoomessi ayyaanichaa akkamitti ibsama?
- Meeshaaleen ayyaana kana kabajuuf barbaachisan maal fa'a?
- Faaruuwwan ayyaanichaa irratti faarfataman maal fa'a?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo adeemsifamuuf kan mataa isaa qaba. Kaayyooleen qorannoo kanaas bakka lamatti qoodamuun kan dhihaataniidha.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa adeemsa sirna raawwii ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa qaaccessuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

- ✓ Tartiiba sirna raawwii ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa ibsuu;
- ✓ Faayidaa sirna kabaja ayyaanichaa tarreessuu;
- ✓ Hirmaattota ayyaanichaa addeessuu;
- ✓ Yoomessa ayyaanichaa ibsuu;
- ✓ Meeshaalee kabaja ayyaana kanaaf barbaachisan addaan baasuu;
- ✓ Faaruuwwan ayyaanichaa addeessuu.

## 1.4 Barbaachissummaa Qorannichaa

Qorannaan kamiyyuu erga adeemsifame booda qaamni inni fayyadu nijiraata. Haaluma kanaan firiin qorannoo kanairraa argamu qaamota armaan gadii nifayyada jedhamee yaadama.

- ✓ Qorattoota amantii, duudhaa, aadaafi safuu irratti qorannaa gaggeessuu fedhaniif madda ragaa ta'uu danda'a.
- ✓ Kaka'uumsa namoota mata duree kana fakkaatan irratti hojjatan keessatti uumuu danda'a.
- ✓ Biiroo aadaafi turizimii keessa yoo kaa'ame namoota dubbisaniif madda odeeffannoo ta'uu danda'a.
- ✓ Warra ayyaana sana adeemsisaniifi hordoftoota isaanittifis kuusaa ragaa ta'uu danda'a jedhamee yaadama.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun, Adeemsa Sirna raawwii Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa Aanaa Sulultaa qaaccessuuf gaggeeffame'irratti kan xiyyeeffateedha. Haaluma kanaan qorannoon kun bakka ayyaanni garaagaraa jiran irratti karoorfatee osoo hojjatee, bu'aa olaanaatu irraa argama. Kana adeemsisuuf immoo humna namaa, yeroofi baasii guddaa waan gaafatuuf ulfaataadha. Sababa Kanaaf, qorannoon kun, Aanaa sulultaa keessatti adeemsi sirna raawwii ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa maal akka fakkaatu, hirmaattonni ayyaanichaa eenyuufaa akka ta'an addaan baasuu,meeshaalee ayyaana kanaaf barbaachisan ibsuu, faayidaa sirna kabaja ayyaanichaa maal akka ta'eefi faaruuwwan ayyaanicha keessatti gargaaranis kan ibseedha.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo adeemsifamutti gufuuleen garaagaraa qoraticha mudatanii jiru. Isaanis bakki ayyaanaa kan safuun garaagaraa itti adeemsifamu waan ta'eef sodaa tokko malee odeeffannaa bal'aa kennuu dhabuu odeef kennitootaa, waraabbiif eeyyamamoo ta'uu dhabuu, hirmaattotaafi sakatta'i barruu garaagaraa mata duree kana faana walqabatu bal'inaan argamuu dhabuun gufuulee qoraticha muudatan yoo ta'uu, malu jedhamee kan yaadamu yoo ta'u, tooftaalee garaagaraa fayyadamuun sodaa odeefkennitoonni qabaniif dursa kaayyoo qorannichaa ibsuufin qorannicha kan gaggeeffame yoo ta'an Sagalee waraabbiif,bakka bu'aa eeyyamsiisuun kaayyoo dursee hirmaattotaaf ifa gochuu wabii garaagaraa fayyadamuun kan taasifame yoo ta'u, wabii garaagaraa Afaan Ingiliziinillee kan jiran fayyadamuu, kan gargaarameedha.

## 1.7 Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aanaan sulultaa kallattii Shawaa Kaabaatiin magaalaa guddiitti Oromiyaa Finfinnee irraa gara Kaabaatti kiiloomeetira 40 fagaattee kan argamtuudha.Aanaan kun gandoota baadiyyaa 23 fi bulchiinsa magaalaa 2 kan qabdu yoo ta'u, aanaalee daangaa ishee irra jiranis karaa Bahaa, aanaa Barrakiifi Jiddaa, Dhihaan aanaa Muloofi Walmaraa, Kaabaan aanaalee godinaalee Shawaa kaabaa Wucaaleefi Yaayyaa Gullallee akkasumas Kibbaan bulchiinsa Magaalaa Sulultaafi Finfinneedhaan marfamtee argamti.Moggaasa maqaa sulultaa jedhu kanas kan argatte aaniittiin gaarreen akka calalaqaa, mannagashaafi Fooyataa jedhamaniin marfamtee sulula keessatti waan argamtuufi. Magaalli guddoon aanaa kanaas Caancoo kan jedhamtu yoo ta'u,magaalaan Caancoo bara 1943 kan hundeeffamteefi maqaa ishee kana kan argatte ''Ashuffee Garmaamaa''kan jedhu

irraa kan dhufte yoo ta'u, kunis urufa Diriiraa fi Farda gulufuu kan jedhu irraa kan argameedha. Lafti kunis dur lafa margaa kan ta'eefi yeroon booda gara lafa qonnaatti kan jijjiiramameedha. Magaalaan kunis lafa heektara 2167.79 kan qabduufi baroota sana keessa abbaa lafaa jedhamanii kan beekamanis Elemoo Buroora,Malkaa Masqaleefi Walda Maariyaam Maammoo turan.Teessumni magaalaa kanaas lafa diriiraa 46.15%,lafa olka'aa 6.85% fi kanneen biroo 47% kan qabduudha. Argamni magaalichaas kallattii Kaabaan Guutoo Ilaamuu, Kibbaan Caancoo Buubaa,Dhihaan Eekkoo Eeffoo Baabboo,Bahaan naannoo Sayyoo gaara Aalgee kanneen jedhamaniin daangeffamtee kan argamtuudha.Magaalaan kunis magaalaa Finfinneerraa Kiiloomeetira 38,fi magaalaa Fiichee irraa kiiloo meetira fagaattee kan argamtuudha.Baay'inni uummata magaalaa kanaas dhiira 26671 fi dubartii 25134 walumaagalatti baay'ina namoota 46805 0f keessaa qabdi.

### 1.7.1 Haala Qilleensaa

Haalli qilleensaa magaalaa Caancoo badda daree yoo ta'u rooba waggaatti si'a lama kan argattuudha. Kunis waqtii Gannaafi Arfaasaa keessa kan argamuudha. Kunis jireenyaaf miijoftuu kan taateedha.

### 1.7.2 Dinagdeefi Haala Hawaasummaa

Dinagdeen magaalichaa daldala kanneen akka midhaanii,huccuu,nyaataafi dhugaatii akkasumas oomisha aannanii irratti kan hundaa'eedha.Dinagdeen magaalichaas kan durfamuu guutummaatti daldala irratti kan hundaa'eedha.Bu'uuraalee misoomaa manneen barumsaa oolmaa daa'immanii 6,sadarkaa 1ffaa 3,sadarkaa 2ffaa 1,qophaa'ina1,kolleejjii Barnoota Leenjii Tekinikaafi Ogummaa 1,kiliinikoota 5,buufata fayyaa 1,mana qorichaa 3,Hospitaala 1 kan qabduufi iddoo bashannanaa 1,mana dubbisa kitaabaa 1,dhaabbilee miti-mootummaa 3fi iddoo oolmaa dargaggootaa 2 kan of keessaa qabduufi kan hawaasni magaalichaa itti fayyadamaa jiruudha.Kanneen biroos daandiifi bishaan kan guuttattee jirtuudha.

#### A, Amantii

Amantiin uummata magaalichaa ortodoksii, musliima, Waaqeffattoota, pirootestaantiifi kanneen biroo kan of keessaa qabdu yoo taatu, amantii ortodoksii kanneen hordofan 86%, Musliimni 2%, pirootestaantiin 10% fi waaqeffattoonni 2% ta'u.



**Suuraa 1, Xajjituu Mitikkuu Hojjattuu Waajjira Bulchiinsa Aanaa Sulultaa Kan qorataan gaafa 16/08/2011 ragaa irraa argate.**

### 1.7.3 Aadaafi Tuurizimii

Ambaalee aadaa fi seenaa magaalicha keessa jiraniifi hawaasni naannichaa dhimma itti bahaa jiran kanneen akka Tulluu Buubaa, Meeshaalee waraanaa,meeshaalee nyaataa, meeshaalee amantaafi uffata aadaa akkasumasa aadaa walgargaarsaafi fuudhaafi heerumaa kanneen akka butii, aseennaa, waliin deemuu, kaadhimmachuufi cabsaa beekamoo haa ta'an malee aadaan fuudhaafi heerumaa kanneen akka cabsaa, butiifi aseennaa yeroo ammaa kana bal'inaan hinmul'atan.

### A. Kaadhimmachuun Fuudhuu

Aadaan fuudhaafi heerumaa kan uummanni Oromoo durii kaasee bal'inaan itti fayyadamu kaadhimmatanii fuudhuudha.Kaadhimmatanii fuudhuun maatii namoota walfuudhan lamaan waliigaltee taasisuun yeroo garaagaraa marga kaawwachuufi haala itti ijoolleen isaanii itti walfuudhuu danda'an giddu galeessa godhachuun kan irratti marii'ataniidha. Adeemsa fuudhaafi heeruma kanaa keessatti akka gosti tokko wal hinfuuneef qorannoo cimaa adeemsisuun marga isaanii kaawwachaa deemu.Kun immoo marga cimsannaa jedhamuun beekama. Guyyaa itti fuutif heerumni kun raawwatus mari'achuun qabatu. Haala kanaan fuudhafi heeruma kan raawwataniidha.

**B. Butii**

Butiin gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta’ee fedhii intala heerumtuun ala namni fuudhu sun dargaggeessa qopheeffatee humnaan bakka argatetti kan butuudha. Gosti fuudhaafi heerumaa kun fedhii irratti waan hin hundoofneef yeroo baay’ee itti fufiinsa hinqabu. Gosti fuudhaafi heerumaa kun yeroo ammaa hafaa kan jiruudha.

**C. Irra Dhaabaa**

Irra dhaabaan osoo warri intala heerumtuufi warri ishee hin beekiin gurbaan fuudhuufi warri isaa qindeeffatanii guyyaa karoorfachuun warra intala jaarsa fudhatanii kan dhaqaniidha. Sana booda akka aadaatti meeshaalee garaagaraa bokkuu, caaccuu, kallachaafi kkf qabatanii waan dhaqaniif warri intalaa sun kennuufi hindidan.Sababni isaas yoo dhoowwatan abaarsa jedhanii waan amananiifiidha.

**C. Aseennaa**

Aseennaan gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta’ee fedhii gurbaatiin ala intalli mana gurbaa itti heerumuu barbaadduu kan dhaqxuudha.Kunis hiddii fa’a qabattee kan dhaqxuu yoo eebitee galuu hindandeessu.Hooda waan ta’eef akka safuutti ilaalama.Aadaan fuudhaafi heerumaa kun yeroo ammaa bal’inaan hinmula’atu.

**D. Dhaala**

Dhaalli gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta’ee dubartiin abbaan warraa irra du’e obboleessi isaa qixisuun yookiin firri isaa kan fuudhuudha. Adeemsa kana keessatti manuma isheetti kan fuudhuudha malee gara mana isaatti kan galchu miti.Kunis qabeenyafi ijoollee isaa walumaan guddisuuf kaayyeffatameeti.

**E.Waliin Deemuu**

Waliin deemuun gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta’ee fedhii intalaafi gurbaa fuudhuu irratti hundaa’uudhaan karoorfatanii kan raawwataniidha.



**Suuraa 2: Alamuu Bashaadaa Hojjataa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa  Sulultaa kan qorataan gaafa 6/10/2011 ragaa irraa argate.**

### 1.7.4 Hidda latiinsa Oromoo Tuulamaa

Oromoon Tuulamaa Oromoota giddugala biyyattii jiraatan keessaa tokkoodha.Hiddi latiinsa Oromoota Tuulamaas Horoo irraa kaasee maal akka fakkaatu chaartii armaan gadii irraa ilaaluun nidanda’ama**.**Akka Alamaayyoo (2007:22) ibsetti, hiddi latiinsa Oromoo Tuulamaa haala itti aanuun dhihaachuu danda’a.

**Caasaa Hidda Dhaloota Oromoo Tuulamaa**

Horoo

↓

Oromoo

↓

Boorana

↓

Tuulama Sadeen

| Daacii- 3 | Bachoo-6 | Jiillee-6 |
|---|---|---|
| Galaan-6 | Iluu-3 | Goonaa -12 |
| Oboo-7 | Meettaa-8 | Guusa-5 |
| Sooddo-3 | Garasuu 9 | looyyaa 3 |
| | Waajituu-9 | Siibaa-5 |
| | Keekuu-5 | Gindoo-7 |
| | Uruu -9 | |

Tuulama

↓

Bachoo-6

Iluu-3 Garasuu-9 Meettaa-8 keekuu-2 uruu-9 Waajituu-9

Billi 1. Daada 1. Amuumaa 1.Dula mana hidhabu- 5 Mana Alii

Faracho 2. Galaan 2. Kuyyuu 2.Saalloo 1.Baantuu 1.Isawwa

Areerii 3. Maakaftaa 3Walaqoo 2. Ariiroo 0 2.Idooroo

4. Tuutii 4. Suubba 3. Abbaadhoo 3. Calaqaa

5. Anxuuree 5. Siibaa 4. Nya’aa 4. Gabbalo

6. Maallima 6.Buuyyama 5. Waajjuu 5. Abbaay’ee

7. Liiban 7. Aagaa Mana diiramuu4 Mana Habadhii

8. Maammoo 8. Akkayyuu 1. Amuuma 6. Yaayyaa

1. Dhaaye 7. Diiramu

2. Darroo 8. Deenyuu

3. Kuyyuu 9. Ittayyaa

Madda: (Alamaayyoo Hayilee. 2007)




**Kaartaa Aanaa Sulultaa kan Bara 1990 ka’e irraa kan qorataan gaafa 6/10/2011 waajjira Bulchiinsa aanaa irraa kan fudhate.**

## 1.8 Ibsa Waa’ee Ayyaantuu

Maqaan ayyaantuu kanaa Booranaa Agarii Tulluu Qananii Gabruu kan jedhamu yoo ta’u, dhufteen isaa maccaa irraa ta’ee, kunis adeemsa beekamtii ayyaanichaa babal’isuutiin Agarii Tulluu waggaa 50 dura Maccaa irraa dhufuun Aanaa Sulultaa, magaalaa Caancoo irraa km 5 kan fagaatu ganda baadiyyaa iddoo Qoree Roobaa jedhamtu keessa qubatee achumattii horatee jiraachaa ture.

Kunis lafa olka’aa iddoo tulluuwwan waaqeffannaa kanneen akka tulluu Buubaafi Gaattiraa Qursee, malkaa Milkiifi burqaa hoodaa jedhamutti haala hawaasummaa gaarii ta’een jiraachaa ture. Dabalataanis citaawwan ayyaana kanaa kan ta’an, kanneen akka Gudar, Jalduufi Meettaa shawaa Lixaa, Arsii, Adaamaa, Wallaggaa keessas galmi 88 akka jiraniifi olla aanaa Sulultaa keessa iddoo Muloo jedhamu, ayyaanni abbaa cabsaa akka jiru odeeffatame.Haaluma kanaan

Agarii Tulluu bara 2005 erga du'aan boqotanii booda marsaa 78ffaadhaaf akka ayyaanichi Booranaa Agarii kanarraa bu'e himama. Haaluma walfakkaatuun yeroo ammaa kana bakka jiranitti gosoota gurguddoo kanneen akka Kuraa Jiddaa, Noonnoo, Gumbichuufi Guutoo jedhamanii kan waamaman yoo ta'u, maddi galii isaanii lafa qonnaa, loon horsiisuu, midhaan galchaafi dhangalaasii irraa kan argamu, qarshiiwwan safuu araaraafi kanfaltii awwaarrasaa irraa funaanamu irraa ragamuudha. Gama hawaassummaatiin yeroo amma kana daa'immaan maatii hinqabne guddisuufi barsiisuu, namoota harka qal'eeyyii ta'an maallaqaafi looniin gargaaruu, iddoowwan afooshaafi manneen amantaa adda addaattis ayyaantichi maallaqa qabaa ta'ee haala mijessuun, namoota mana ayyaanaatti araaramuu dadhaban gara mana murtii, waajjira haqaafi waajjira poolisiitti xalayaa dhimma isaanii dabarsuun nagaafi nageenyi hawaasummaa akka jiraatu taasisa.

Akkasumas iddoo walga'iitti affeeramuun ergaa garaagaraa dabarsa. Haalli iddoo ijaarsa mana ayyaanichaa gaara gubbaa yoo ta'u, manneen ayyaanichaas yeroo ammaa baay'inaan qorqorroon kan ijaaraman yoo ta'an gamoon abba darbii lamaas ijaaramaa jira.Kun immoo akka ragaa argameetti, iddoon ayyaanaa aadaa gatee qaroomina ammayyaa barbaadee osoo hin taane namootaaf haala mijessuudhaafi. Kunis kan taasifame ayyaana kadhannaan eeyyamsiisuudhaani malee wanti filatamaan ayyaanni jaalatu hundi wantoota aadaa akka ta'e himama.Ayyaanichi kunis dhiibbaa garaagaraa kanneen akka amantaalee kiristaanaa:iddoon amantaa kun lafa seexanaati jedhanii dorsiisuu, malkaan irreeffannaa iddoo xabalaa ta'uu qaba jedhanii daangessuufi namoonni mana amantaattis iddoo waaqeffannaa kanaa akka hindhaqne lallabuu yoo ta'u, gama amantaa Islaamaatiin immoo uummanni aadaa isaa gatee akka amantaa Islaamaa hordofu iddoolee kabaja ayyaana isaaniitti ergaa dabarsuudhaan amantaa kan akka laaffisan taasisuudha.

Gama siyaasaan immoo amantaa kun barbaachisaa akka hintaaneetti uummata kana hubachiisudhaan caasaa mootiiwwan darbaniin galma waaqeffannaa gubuu, foollee hidhuu, ayyaantuu doorsiisuu, hawaasummaa daangessuun fa'aa dhiibbaa turaniidha. Yeroo ammaa kana haalli jiruufi jireenya hawaasummaa ayyaantuun kun hawaasa waliin qabu gaarii ta'ee mul'ata. Fakkeenyaaf waajjiraalee Aadaafi Tuurizimii waliin meeshaalee aadaa hawaasichaa ibsan mul'isuun kunuunfamaa jira.Hawaasni Oromoo amantaa isaatti deebi'uun gammadee hawaasummaa gaarii calaqqisiisaa jira. Hojii nagaafi nageenyaa hojjachuun waajjira poolisii

biratti fudhatama argachuun xalayaa badhaasaa 2008 waajjira poolisii Oromiyaa irraa akka argatellee ibsameera. Waajjira hawaasummaafi mana murtii waliin hariiroo gaarii qabaachuun waldhabdee namootaa hiikaa jira.(madda: Booranaa Agarii Tulluu (Ayyaantuu) kan qorataan gaafa 14/2/2010 ayyaanticha irraa odeeffate).



Suuraa 3: Ayyaantuufi Qe’ee Ayyaantuu Agarsiisu kan qorataan sirna kenna Arfaasaa Tulluu irratti gaggeeffame gaafa 12/10/2011 sirnicha irratti argamuun suuraa kaafate.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Sakatta’i barruu kun kutaalee sadan armaan gadii kana yoo ta’an, inni duraa yaadrimee dhimmoota mata duree qorannoo kanaan walqabata dhiheessuu, lammaffaan qorannoolee hojii kanaan wal fakkaatan sakatta’uun tokkummaafi adda addummaa isaanii ibsuufi sadaffaan yaaxinoota hojii qorannoo kanaa bu’uureffatan dhiheessuudha.

## 2.1 Fookloorii

Fooklooriidhaan walqabatee hiikni murtaa’aafi irratti waliigalame tokko hinjiru.Haa ta’u malee kitaabonni adda addaa hiika fookloorii lafa kaa’aniiru. “Folklore is the social, material, and oral culture of primitive societies.The social culture comprises such forms as festivals,dances and religious rites.The material culture comprises architecture and art and crafts.The Oral culture includes songs,tales,legends,proverbs and riddles,” ( Isaac 1981:457).

Yaada kanarraa akka hubatamutti fooklooriin hawaasummaa, meeshaa hambaafi afoola hawaasaa waliigalaati.Aadaan hawaasaa kanneen akka taphootaa adda addaa, shubbisa, hojiiwwan amantaa kan hammatu, meeshaan aadaa immoo ogummaawwan ijaarsa adda addaa akkasumas afoolli hawaasaa faaruuwwan, durduriiwwan, afseenaa, mammaaksafi hiibboo kan of jalatti qabuudha.Georges fi Jones (1995 :314), kallattii bu’aa fooklooriin yoo ibsan, “Through folklore people can educate or acculturate each other, perpetuate, challenge,or modify a group of social norms and values,inform others about the bases for or nature of their culture ,reveal or display their identity ,tradationality, knowledge or competence and entertain or be entertained”

Kunis hawaasni fookloorii gargaaramee walbarsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa dabalataanis ittiin bashannansiisa. Fooklooriin qaama aadaa, barsiifata garaagaraafi faaruuwwan hawaasaa tokko keessa jiran kan irra deddeebiin raawwataman, akkasumas barreeffamaan osoo hinta’in afaaniin yookiin jechaan kan darbuudha. Ogummaa yookiin kalaqa hawaasaa kan ibsuudha.Akkasumas walitti hidhatiinsafi raawwiin beekumsaa waljijjiiruun keessaa uumamaa kan deemuudha.

Gama biroon Bascom (1954:335) yoo ibsu, “Folklore is a means by which society reflect their life, interest of time, place, whom to to present the custom, identity, culture and other all mirrors of society.” Akkuma waraabbii kanarraa hubachuu dandeenyuutti karaa miirri hawaasaa aadaan, eenyummaa fi kallattiin jireenya hawaasichaa hundi ittiin calaqqisiifamuudha jechuudha.

Dabalataanis fakkaattii fookloorii Encyclopedia of America (19998:448) yoo ibsu, “Folklore in its broadest sense is the part of culture, costums, and beliefs of society that based on popular tradition. It produced by the community and its usually transimmitted orally or by demonstration. In Addition to folklore and the poetry the the principal subjects treated in this articles, folklore include arts, skills and music dances.” Akka yaada kanaatti fooklooriin qabiyyee bal’aa kan qabuudha. Kunis aadaa, barsiifata, duudhaa, amantaafi haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan baatu ta’ee yeroo baay’ees himamsaan, miidhaginaafi fakkaattii hawaasichaa kan dabarsuudha.

### 2.1.1 Duudhaa Hawaasaa

Dhuudhaan hawaasaa wanta aadaa waliin baay’ee walitti dhihaata. Dorson (1972:3) yoo ibsu, “Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi ittiin waliigalee fudhateedha.” Kutaa kana jalatti kan ramadamanis kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffaannaa guddina sadarkaa yookiin kabaja namaati.” jedha. Kanaafuu duudhaanhawaasaa faana kanneen walqabatan safeeffannaafi safuu kan walqabatan kan ilaalchi addaa xiinsammuunis kennamuuf akka ta’eedha. Dabalataanis Maammoo (2013:223) irratti yoo ibsu, “Aadaan haala jiruufi jireenya sabaa kan guutummaan guutuutti hammatuudha.Amantiin qaama aadaa keessaa tokko ta’uu hubanna. Akkuma aadaa keessa sirni fuudhaafi heerumaa jiru, aadaawwan nyaataafi kan biroo keessaas sirni aadaafi amantii jira.Sabni amantii kamiyyuu waaqaa akka itti kadhatan niqabu”Akkuma yaada kana irraa hubatamutti duudhaan hawaasa tokko keessatti sirna jiruufi jireenya isaanii keessatti raawwataman hunda kan ibsuudha.

### 2.1.2 Raagamtaa

Raagamtaa jechi jedhuu hiika isaa Afaan Oromootiin akka Mulugeetaan kitaaba wiirtuu jildii 8ffaa keessatti ibsetti, jechi raagamtaa jedhu jechoota: Raagoofi amantaa jedhamu irraa madde. ‘Kunis, amantaa raaguu kan jedhu of keessa qaba. Afaan Ingiliziitiin ‘myth‘jedhama Mulugeetaa (1999:163) karaa biroo immoo “Raagamtaan waa‘ee amantaa kan raagu” jedha. Akkasumas, hiika raagamtaa ilaalchisee Leeming yaada nama williyam Doty jedhamu kitaabasaa keesatti akka eeretti: “Wiliam Doty in defining the word myth and mythology suggests a connection between the universal ‘myth‘ the sound a body makes at its mothers breast… a root sound mu‘ out of which emerges the Greek word mythor” (2002:15).

Yaada armaan olitti kaa‘ame yoo ilaallu, Namni William Doty jedhamu kun jedha ‘myth‘fi “mythology‘jedhu kanatti hiika yoo kennu, walitti dhufeenya sagalee waliigalaatiin uumamu ta‘uu kan daa‘imni sagalee harma haadhaarratti itti fayyadamtu _ma‘akka ta‘eefi maddi sagalee mu‘jedhu. Kunis, jecha Giriikii “mythos‘jedhamurraa akka dhufe hubachiisuun ni danda‘ama.

Dhimmuma kanaan walqabatee saayinsiin waa’ee ragamtaa qo‘atu ‘mythology‘jedhama akka hayyuun Hamihon, (1942:21) yaada kana akka ibsetti, “(mythology is the study of myths” jedha.1942:2). Kanaafuu, hawaasni kamiyyuu raagamtaafi amantiilee of danda‘e ni qaba. Akka fakkenyaatti: amantaa Oromoon qabu yoo ilaalle durii eegalee amantaa waqeeffanaatiin bulaa ture. Osoo amantaan kiristiyaanaafi Islaamaa hin babal‘atiin uummatni Oromoo amantaa adda ta‘e qaba. Innis waaqa tokkotti amanuudha. Waaqni kun tokkicha kan ta‘eefi namoota hundaafuu tokkuma. Uumaa waan hundaati … innis qulqulluu, dhiisaa, danda‘aafi cubbuu keenya hunda kan nurraa dhiquudha.

Kana jechuunis, hawaasni Oromoo amantaaleen akka Islaamaafi kiristaanaa osoo hin dhufiin dura amantaa of danda‘e, kaanirraa adda kan ta‘e waaqa tokkichatti amana ture. Waaqni kunis tokkicha ta‘ee namoota hundumaafis inni waaqadha. Uumaa waan hundaatis, inni qulqulluu, danda‘aa fi kkf.dha.

Kana irra ka‘uun waaqni uumaa yoo ta‘u; Ayyaanni immoo eergamaa dha. Akka Gadaan (1980:19) ibsutti, “There is many saints like dirinites called Ayyanas… it contact between Waqayyoo and the Oromoos took place,( Gadaa, 1980:19). Kana jechuunis, waaqni Oromoo ergamtoota hedduu qaba.Isaan keessaa, Ayyaanni isa tokko ta‘ee namaafi waaqa jidduutti tajaajila. Kanaaf, waa‘een amantii Oromoo raagaamtaan akka odeeffamu hubachuun ni dnada‘ama.

### A. Haala Dhiyeenya Ragamtaa

Haalli dhufeenya ragamtaa immoo kutaa fokloorii keessaa tokko yoo ta‘u, kan dhiyaatu afaanini. Kunis adeemsa waliin jireenya hawaasaa keessatti osoo seerri barreefamaa hin uumaamin dura falaasama, aadaafi haala jireenyaa hunda kan ittiin walii qooda turan afaanin ta‘uu isaati. Kana kitaaba wirtuu jildii 8ffaa irratti Mulugeetaa (1999:164) yoo ibsu “Raagamtaan madda odeeffannoo akka ta‘etti fudhatama. Aadaan barreeffamaa osoo hin dagaagin duras seenaan dhala nama barreeffamaan osoo hin calqabamiin dura madda oddeeffannoo ta‘eet tajaajila.”

jechuun kaa‘a. Yaada kanarraa kan hubatamu raagamtaan qabeenya hawaasaa kan hawaasni falaasamafi taatewwan isaa afaaniin ittiin addeeffatu qabeenyaa abbummaa dhuunfaa kan hinqabne, garuu kan qabeenya hawaasaa ta’e ta’uu isaati.

Karaa biroo guddinni saayinsiif teknoloojii osoo hin babal‘atin dura amantaan, falaasamni, aartiin, akaakuun mala jireenyaa kan ittiin hiika argachaa ture raagamtaan akka ta‘e nitilmaamama. Yaada kana Mulugeetaa irratti hayyuu Joseph (1973:3) waabeffachuun wiirtuu jildii 8ffaa irratti yoo ibsu: “Religious, Philosophies, arts the social forms of primitive and the storic man, prime discoveried in science and technology the very dreams that blister sleep boil up from the basic ring of myth” Akka yaada kanaatti amantaan ragamtaa hawaasa durii waliin kan tureefi mil’uu hawaasichaa mul’isaa turuu isaati.

**B. Yoomessafi Akkaataa Dhiyaannaa Raagamtaa**

Yoomessi raagamtaan keessatti dhiyaatu dhimma itti fayyadama namootarratti hundaa‘ee haala adda addaa qaba. Fakkeenyaaf yoomessi raagamtaan kessatti gargaaramu: nama wallole haraarsuuf yemmuu jarsonni gumaa muran, lafa hojii garaa garaa keessatti, lafa waliin dubbi keessatti galgalas ta‘ee ganama, guyyaa yookiin halkan ta‘uu mala. Akkasumas, maatiin ijoollee isaanii, hiriyaan hiriyaatti, jaarsi dargaggeessatti dhimma barsiisaafi aadaa waliif qooduun barbaadame keessatti beekumsaafi muuxannoo dabarsuuf akka gorsaattillee bakkafi yeroo barbaadametti himamuu danada‘a.

**C. Hariiroo Raagamtaa, Amantaafi koorniyaa**

Haawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti amantaa, ilaalchaafi falaasama isaa irratti hundaa‘uun waa‘ee waan tokkoo raaga. Kanaaf, daangaan amantaafi koorniyaan raagamtaa waliin qaban xiinxaluun gaarii ta‘a. kunis, haala armaan gadiin ibsame.

**D. Raagamtaafi Amantaa /Religion and Myth/**

Raagamtaan kallatumaan amantaa irratti hundaa‘ee kan raagamuu dha. Amantaan immoo xiinsammuu, ilaalchaafi hubannaa namootaa irratti hundaa’a. Yaada kanas, hayyootni tokko tokko raagamtaan seeneffama amantaati jedhu. Kana jechuun seenaa raagamtaa keessatti amantaan hawaasaa ulfina guddaa qabaachuu isaati. Karaa biraan hawaasni dhimma amantaa

isaanirratti ilaalcha gaarii waan qabaniifi raagamtaan yemmuu dhimma amantaan walqabatu aadaa hawaasichaafi amantaa hawasichaa hammachuun kan seenessuudha.

E. **Koorniyaafi Raagamtaa /gender with myth/**

Koorniyaan dubartummaafi dhiirummaa kan hammatu yoo ta'u, raagamtaan dhimma dubartootaafi dhiirotaa gidduu jiru falaasama hawaasa tokko bu'uureffatee ni seenessamaa Haaluma kanaan, dubartiin kallattiilee lamaan kitaaba qulqulluu keessattis ta'e hawaasa keessatti ni ilaalamti. Fkn kitaaba qulqulluu keessatti balaa ilma isherra ga'u dhoksuuf jecha haati musee laga keessa dhoksuu ishee; karaa biraan immoo dubartiin badii dalaguun du'aafi sababoota biroof qabata ta'uun ishee nidubbatama. Fakkeenya kitaaba qulqulluu keessatti mataan yohannis cuuphaa akka citu haatiifi intalli Herodeyaas kan gaaffatte. Maatiyoos (mat, 24:6-10).

### 2.1.3 Akaakuu Raagamtaa

Raagamtaan akaakuu hedduu qaba. Isaan keessaa leening (2002:7) akka ibsutti, "Raagamtaan bakka sadiitti qoodama: Kunneenis raagamtaa uumamaa, raagamtaa ergamtootaafi raagamtaa goobaan galeessaa jedhamu". Tokkoon tokkoon ragamtaa kanneenii akka itti aanuutti ibsamaniiru.

A. **Raagamtaa Uumamma (Creation Myth)**

Kun gosa raagamtaa kan ilaalchaafi falaasama hawaasni tokko uumama ilaalchisee qabu dha. Akkasumas, haala itti waanti tokko uumama, kabajaafi ol-aantummaa waaqaa kan ittiin seenessinudha. Dabalaataanis, gosa raagamtaa madda odeeffannoo dhaloota ofii ittiin ibsanidha. Fakkeenya: Waaqayyo jalqaba irratti waaqaafi lafa uumee, itti aansuunis… (seera um 1:1-31) akka falaasama Oromootti immoo duraa duubni uumamaa; bantii Waaqaafi lafaa ilaala.

**B. Raagamtaa Goobaan galeessaa (Hero Myth)**

Kun raagamtaa waa'ee Waaqaafi falaasama Oromoo tokko tokko ittiin ibsuuf gargaaramnudha. Raagamtaan tokko jiraachuudhaaf jireenyi goobaangaleessaa isa tokko dha. Akka Mulugeetaa (1999:171). kitaaba Wiirtuu Jildii 8ffaa irratti waa'ee raagamtaa ibsutti, " seenaan raagoo kan ittiin fuulduratti tarkaafatu goobaan galeessa adda ta'etu nu quunnama. Kana irraa kan hubatamu danda'amu seenaan raagoo tokkoo kan himamuufi fuulduratti deemuu kan danda'u yoo

goobaangaleessi jiraatedha. Goobaangaleessi raagamtaa keessatti argamu irra caalaansaa nama ta'eetu mul'ata, xiinsammuu namootaa ni goonfata."

### C. Ragamtaa Ergamtootaa

Kutaan raagamtaa kanaa falaasamaa, ilaalchafi ciminaa waa'ee ergamtoota ittiin raaganidha. Karaa biraan akaakuun raagamtaa kanaa hojii isaanii guyyaa guyyaa keessatti ergamtootni gochaa akkamii akka raawwatan kan raagudha. Ergamtootni kunis Rabbi yookiin Waaqaafi nama yookiin uumama lafa irraa gidduutti hojii isaanii hojjetu. Ergamtootni adeemsa jireenya isaanii keessatti jagnummaan agarsiisan, gochaa boonsaa raawwataniifi, hojiin isaanii seeneffaman raagamta ergamtootaa jechuun ni danda'ama.

Walumagalatti qorannoon kun kan ija raagamtaatiin qacceeffameef/ilaalameef raagamtaan waa'ee amantii raagurratti bal'inaan waan xiyyeeffatuufi mata dureen qorannoo kanaas dhimma amantii waan ta'eefi. Kana malees gosoota raagoo keessaa tokko raagamtaa ergamtootaati. Akka amantii waaqeffannatt immoo ayyaanni akka ergamaa waaqaatti kan ilaalamuufi xiyyeeffannoon kan kennameedha.

### 2.1.4 Ayyaana

Ayyaana jechuun riqicha hawaasaa kan safuu; aadaafi amantaa ayyaantuu irra bu'uudhaan waaqeffannaan amantaa ergaa hawaasaaf dabarsuudha.Ayyaana irratti yaadonni garaagaraa kan jiraniidha. Leellisaa (6413) irratti yoo ibsu, "Ayyaana jechuun mil'uu waaqaatiin uumamni kamuu humna argatu tokkoon guutamuu jechuudha. Humni Uummanni kamuu argatu sun walcaaluu danda'a.Kan namaa uumama kamuu caala.Waaqni yeroo uumama inni uume sun walaabu kana keessatti facaasee akka jiraatu godha, Humna ittiin hunda isaanii qunnamuu yookiin to'atu, eenyu ijaan arguu kan hindandeenye finaana calaqqee itti tolche. Uummanni kamiyyuu guyyaa dhalate yookiin uumame irraa ayyaana ittiin jiraatu fudhata.Uumama waaqni uume hundi ayyaana ittiin uumamaniifi keessatti uumaman qabu.Wanti Waaqaan bakka bu'ee akka uummatni hundi safuu eeggatee, kallattii waaqni abboomun akka deemamuu danda'u giddu deemsa raawwatamuudha". Yaaduma kana ilaalchisee akka Dirribii (2012:111) ibsutti, "Namni ayyaana qaba jechuun eegduu kan isa tiksu qaba jechuudha. Burqaan, Tulluun, malkaan, mukni jiidhaaniifi wanni hedduun ayyaaana qabu. Nama cubbame, muka goggogaa, fi waan du'aarraa ayyaanni ni godaana jedhama" jechuun lafa kaa'a."

Kanaaf, uummanni Oromoo muka jiidhaa jala taa'ee marga jiidha qabatee waaqa kadhata. Kanumatti dabaluun akka Gammachuu (1997) ibsutti "Ayyaana, for the Oromo, is the creative act of thinking in which a thought be comes that which mentally represents." jedha Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, ayyaanni Oromoof xiinxala gochaa sammuu namaa keessatti waaqni kalaquudha. Kanaaf, ayyaanni yaada xiinxalaa, kalaqaafi beekumsaa waaqni namaaf kennuudha.

Kanuma ilaalchisuudhaan akka Zalaalamiifi kawwan (2001:151) irratti ibsanitti, "Amantaan Waaqeffannaa Oromoo keessatti Qaalluun nama ayyaana Waaqatiin guutamee icciitiifi dubbii waaqaa ibsuu kan danda'u kanaaf, Qaalluun Waaqeffannaa Oromoo keessatti iddoo guddaafi kabaja guddaa kan qabuudha. Kun ammooo akka abashoonni seenaa saba guddaa kana xureessuun seenaa sabaa barreessan osoo hin ta'in uummanni kun dhugeeffannoo qabatamaafi amantaa mataa isaa kan qabu ta'uu isaa beekamaadha."

Kanumatti fufuun Dassalany (1985:28) yaada armaan gadii barreesse:

> *Hence waqa, the Supreme Being is the creater of all tings and the source of all life .... Waqa has appointed to every being its own place in a cosmic order of he is also aguardian. Although waqa is the supreme being and guardian, he has also created the ayana which is a kind of waqas assistant divinity or sprite which comes down to the people waqa has created but waaqa rules over the "ayana'.*

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'utti waaqni hundumaa ol kan jiru; waan hunda uumuu kan danda'ufi madda waan hundaati. Waaqni ammooo iddoo itti dubbatuufi nama itti dubbatu qaba.Kanaaf, waaqni eegumsa namaaf ayyaana dhaabee afuura isaatiin ayyaana qajeelcha. Kanaaf, akka uummatni Oromoo amanutti, ayyaanni giddu deemsa waaqaafi nama gidduutti dhaabbatee nama kallattii jireenyaa itti agarsiisuudha. Dabalataanis ayyaanni akka amantaa uummata Oromootti kana namarra buluudhaan baraafi fala hawaasichaaf himuudha. Kanumaan walqabatee akka Bartels (1984) ibsutti "Ayyaana is believed to be God's creative power manifesting it self through his creature," jedha.

Akka waraabbii kanarra hubachuun danda'utti, ayyaanni waaqatti amanuufi kallattii waaqni ayyaantuu agarsiisuun deemamuudha. Kanaaf kallattii uumaan nama qajeeelchufi agarsiisuun deemuun, ayyanni iddoo guddaa qaba. Ayyaantuun ammooo balbala ykn gosaan waaqni uummataaf dhaaba. Miseensi balbala sanaa ammoo bultee ayyanichaa ta'uudhaan ayyaanicharraa

tajaajila argatu. Kana ilaalchisee Negaso (1984:147) “At local level the position of a Qaalluu was in significant and the office could be token over by a senior msembers of a senior lineage in the qomoo” jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuu danda’utti, qaalluun hawaasa tokko keessatti qomoo ykn warra tokko keessaa ka’a; miseensi warraa sun ammooo bultee qaallichaa ta’uun kan itti bulan ta’uu isaa agarsiisa.

Ayyaanni amantii waaqeffannaa ganamaa waggaa saddeet saddeetiin hojiin isaa gumii gadaatiin xiinxalamee, ilaalamee, yoo sirrii hojjatee argame, muudamee itti fufa yoo dogoggora cimaa hojjatee argame ammoo, Gumii Gadaan ayyaantummaan isaa irraa mulqama ture. (Dirribii, 2012:192)

Kanaaf, akka amantii uummata Oromootti ayyaanni tokko dhugumaan kan waaqni iccitii beekumsaa kenneef ta’uu isaa gumii gadaatiin kan mirkanaa’uuf ta’uu isaa hubanna. Kanaaf, ayyaantuun tokko dhugummaan icciitii Waaqaa qabaachuu isaa kallattii kanaan qoratamee moosifama jechuudha.

**Hariiroo Ayyaana Warra Oofaafi Amantaalee Biroo:** Aanaa sulultaa keessa akka qorataan odeeffannoo argatetti amantaaleen akka kiristaanaa, islaamaafi waaqeffannaa kan argaman yoo ta’u, sirni waaqeffannaa isaanii kun kan ayyaana warra oofaAbbayyee Gadaatiin walfakkeenyafi garaagarummaa qaba. Kunis haalli adeemsa raawwii sirnichaa, meeshaaleen itti fayyadaman, hirmaattotaafi yoomessa raawwii sirnichaatiin ibsama.

Ayaanni warra oofaa Abbayyee Gadaa amantii kiristaanaa naannoo Sanaa waliin kan walfakkeessu akka ayyaantuutti qeesii, akka galmaatti taaboota, akka lallabduu yookiin qalaaxetti muusee, akka burqaa hoodaatti bishaan xabalaa, akka meeshaa muuziqaatti dibbee, akka bokkuutti masqalii, akka hammuutti kiristinnaa, akka kennaatti ayyaana cuuphaa kabajachuufi hirmaattoota sadarkaa aangoo mana ayyaaneffannaatiin walfakkaatu. Karaa birootiin garaagarummaan isaanii ayyaanni warra oofaa jaarsummaafi dhimmoota biroo keessatti bal’inaan kan dubartoota hirmaachisu ta’uu, meeshaalee aadaatti kan fayyadamu ta’uu, uumaafi uumamatti kan amanu ta’uu, afoolaas baay’inaan kan dhalootatti dabarsu yoo ta’ufi kan warra kiriistaanaa haala kanaan baay’inaan hinmul’atu.

Karaa biroo immoo ayyaanni warra oofaa Abbayyee Gadaa kun hordoftoota amantaa Islaamaa waliin kan walfakkeessu iddoo urjiifi bakkalchaa, addeessa hordofuu, akka galmaatti masgiida qabaachu, sirna kabaja ayyaanaas waggaatti yeroo adda addaa hordofuu, laguufi lagannaa adda addaa qabaachuu yoo ta'u, amantaan Islaamaa hamma isa ayyaana warra oofaa afoola, meeshaalee aadaafi idoowwan uumamaatti amantaa gaggeessuudhaan garaagarummaa qabu.

Dabalataanis ayyaanni warra oofaa kun adeemsa sirna raawwii isaa kan waaqeffataatiin baay'inaan walitti dhiyaata. Kunis safuufi safeeffannaa eeguu, duraa duuba hangafaafi quxisuu qorachuu, hirmaattoota saalaafi umriin daangessuu dhiisuu, meeshaalee aadaafi ulfoo ta'anitti dhimma bahuu, iddoowwan uumamaatti uumama kadhachuu, afoola bifa garaagaraatiin dabarsuufi waggaatti sirna jilaa yeroo barbaachisutti raawwachuu isaaniti . Walumagalatti sirni adeemsafi hordoffii ayyaana waaqeffannaafi ayyaanaa Warra Oofa Abbayyee Gadaa aanaa Sulultaatti baay'inaan kan walfakkaatu ta'ee garaagarummaan isaanii kan warra oofaa ayyaanni ayyaantuu irra bu'ee kan ergaa dabarsu ta'uu isaati.

#### 2.1.4.1 Ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa

Akka aadaa Oromootti gaggeessaan amantii (giddu deemsi) waaqaafi namaa kun ammooo ayyaana (ayyaantuu) jedhamuun hawaasa keessatti beekama. Ayyaantuun kun ammooo akka dhugeeffannoo Oromootti, warra tokko keessatti akka Waaqayyo giddu-deemsa irratti dhaabufiidha jechuun amanama. Kanuma ilaalchisee Negaso (1984:153) yoo ibsu "Through their role as "Mediators" both between the sprits (Ayyaanaa) of the ancestors and their descendants and between individual and groups, the could accumulate much following and wealth".jedha

Adeemsa hojii ayyaanaa keessatti ayyaantuun warra tokkoo keessaa argamee giddu deemsa namaafi qabeenya namaaf dhaabatee nama dhuunfaaf yookin garee tokkoof dhaabatee kan tajaajilu ta'uu isaa ibsa. Kanaaf, ayyaanni afuura giddu deemsaa yoo ta'u, ayyaantuun ammoo nama warra tokko keessa ayyaanni irratti bu'uudha.

Kanaaf giddu deemsa ayyaanaa kana keessaa ammooo Ayyaanni warra Oofaa Aanaa Sulultaa keessatti ayyaana beekamaafi amantoonni garaagaraa dhaquun dhimma kan itti bahaniifi akka walqunnamsiisaa waaqaafi namaatti kan fudhataniidha.

### 2.1.4.2 Barbaachissummaa Ayyaanichaa

Ayyaanni kamiyyuu barbaachisummaa mataa isaa qaba.Namoonni ilaalcha garaagaraatiin ayyaana kabajuufi ittiin jiraachuu barbaadu.kunis nagaafi nageenya buusa, maseenni ilmoo argatti, kadhatanii irraa hindhaban, waan gaarii malee waan gaarii hintaane adeemsa ayyaanaa keessatti hin mula'utu jechuun kan amanan baay'eedha. Ayyaanni Warra Oofaas kan yeroo yeroon kabajamu ta'ee namoonni naanoo sanaafi bakka biro irraa dhufan haala garaagaraan kadhannaa isaanii adeemsisuun jiruufi jireenya isaanii miijessuuf kan hirmaataniidha. Gama biroon immoo namoonni yeroo sababa garaagaraatiin walitti bu'anii araaramuuf jaarsota biyyaatiin didan ayyaana warra oofaa bira dhaquun rakkoo tokkoon alatti kan araaramaniidha. Fakkeenyaaf ayyaana ayyaantuu kanatti dhimma kan bahaniif, gaabbii ibsuuf, abdii agarsiisuuf, gorsa dabarsuuf, galateeffachuufi olaantummaa isaa ibsuu fa'aan kan mul'atuudha.

### 2.1.4.3 Hirmaattota Ayyaanichaa

Hirmaattoonni Ayyaana kanaa jaarsa, jaartii, dargaggeessa, dargaggeettii, ijoollee osoo hinjenne kan hunda hirmaachisuu ta'ee hundi isaanii gahee mataa isaanii kan qabaniidha.Hirmaattonni kun hundi isaanii akkaataa mana ayyaanaa sanaatti gahee mata isaanii kan qabaniidha. Hirmaattonni ayyaana kanaa namoota sababa garaagaraatiin walitti bu'an illee bakka kanaatti deemanii kan araaraman yoo ta'uu, Namoonni kaan irra deddeebiin yoo yeroo sagantaan jiru hirmaatan, namoonni kaan immoo adeemsa keessa kan itti dabalamaa deemaniidha.

### 2.1.4.4 Yoomessa Ayyaanichaa

Ayyaanni kamiyyuu yoomessa mataa isaa qaba.Bakkafi yeroon ayyaanni garaagaraa itti adeemsifamus murtaa'aadha.Ayyaanni warra oofaa Abbayyee Gadaa yoomessa mataa isaa kan qabuufi sirna garaagaraatiin kan kabajamuudha.Yoomessi kun immoo bakkaafi yeroon kan ibsamu ta'ee galma mataa isaa kan qabuufi haalli teessuma hirmaattootaafi kanneen biroo seera mataa isaanii kan qabaniidha.

### 2.1.4.5 Faaruu Ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa

Ayyaanonni garaagaraa faaruu aadaatiif hiika garaagaraa qaban agarsiisu.Faaruun aadaa kan muuziqaafi walaloo hawaasaa of keessaa kan qabuudha.Kana jechuun immoo weedduun dameewwan afwalaloo kan yeroo dheeraaf jiraatu ta'ee, kan argamu, kan baratamu, kan maatiifi garee hawaasa murtaa'aa biratti bal'inaan argamuudha.Gosa afwalaloo oromoo bifa walaloon

dhihaatu keessaa tokko weedduu yookiin faaruu yoo ta'u, uummanni Oromoo weedduun akkaataa ittiin haadha, abbaa, lafa, biyya, bifa, fira, hiriyaa, jaalalleefi lammii isaa faarfatu qaba. Fedhasaa (2013:51) akka ibsetti, "Faaruun walaloo aariidhaan guutamee jiruudha.''jedha. Kunis namni tokko hawaasa keessatti jaalatee dhabuu, waan tokko barbaadee gufuun itti baay'achuu danda'a.Yeroo kana aariidhaan guutamee xiiqiidhaan weeddisuu akka danda'u ibseera.

> *Songs are one of the most way in which the Oromo express their tradations, customs, beliefs, rituals, sorrow and joys. And songs are the means by which society expresses its feeling and an emotion, undersanding about the present situation, teaches the new generation and forwards to the coming generation. Gemechu (2004: 8-9)*

Akka ergaa yaada kanaatti walaloon faaruu dhuftee, aadaa, safuu, miirafi jiruufi jireenya hawaasaa hunda kan ibsuudha.

Haaluma kanaan faaruun ayyaana warra oofaas dhimmoota amantiin walqabatanii duudhaafi safuu Oromoo ibsuu keessatti qooda olaanaa kan qabaniidha.

Hayee yaa saba dabaa hin nyaatinii!
Yaa oofa garaa hin jabaatinii!
Gugguufet si eega maatinii jechuun faaruu garaagaraa faarfatu.
Gaangeen malkaa lama hinceetuu
Yaa oofiyyoo tiksi sa'aa nama keetuu
Citaan lootee sararee citaan lootee
Yaa oofiyyoo kan dhiira surree mootee
Kaddaamii bunaa gootee
Qamadii jilbaan haamuu; qamadii jilbaan haamuu
Laal oofiyyoon awwaatee abbaa waamuu.

### 2.1.4.6 Meeshaalee Ayyaanaa

Meeshaaleen ayyaana Oromoo kun ulfaa ayyaana jedhamuun beekamu. Ulfaan meeshaa adda addaa Waaqefataan yeroo waaqa kadhatu ayyaantuun yeroo ayyaana qajeelfatufi ayyaaneffatu ittiin waaqa kadhatuudha. Ulfaan ayyaanaa kun wanna hedduu of keessaa qaba. Isaanis meeshaalee ulfoo, gosoota uffataa, nyaataafi dhugaatii fa'aan kan argamaniidha.

## 2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'uureffatu

Yaaxxinni galma gahiinsa qorannoo tokkootiif murteessaadha.Yaaxxinni qorannoon tokko bu'uureffachuu danda'u hedduu ta'uu malu. Kanneen akka bifeessummaa, haalawaa, caasessummaa, faayideessummaa, xiinxala sammuu, seenaa deebisanii ijaaruufi kan biroos

kaasuun nidanda’ama. Qorataan kun yaaxxina faayideessummaa, seenaa deebisanii ijaaruu, seenawaafi haalawaatti dhimma kan bahe yoo ta’u, sababni seenawaa fayyadameef qabiyyeen qorannoo kanaa waa’ee seenaafi duudhaa Oromoo kan qabatu ta’uu, seenaa deebisanii ijaaruu kan fayyadame immoo aadaa, duudhaafi seenaa hir’atanii turan sababa isaa ragaadhaan kaasuudhaaf mul’isuuf. Yaaxina seenaa kan fayyadameef immoo waa’ee seenaafi duudhaa hawaasichaa waliin waan walqabatuufi. Fakkeenyaaf, yaaxxinni faayidaa fooklooriin faayidaan inni uummataaf qabu maali? Haala kamiin faayyaduu danda’a? as keessattis barbaachissummaa ayyaana oofaa maal akka ta’e,yoomiifi eessatti akka kabajamuu,haala keessatti sirni kun raawwatu maal akka ta’e ibsuun walqabatee kan dhimmi itti bahameedha. Yaaduma kanaan walqabatu, Taylor SE. (1979: 16) “Context models integrate social and cognitive properties of communicative events, such as participant roles on one hand and participant intentiond and knowledge or beliefs on the other”. Waraabbii kanarraa akka hubachuu dandeenyutti haala hawaasichi ittiin walitti dhufuufi hirmaannaa isaaniitiin haala argamu irratti kan xiyyeeffatuudha.

### 2.3 Sakatta’a Qorannoo Hojii Kanaan Walfakkaatan

Qorataan kun waraqaa wixinee isaa qopheessuu keessatti qorannaawwan walfakkii garaagaraa sakkatta’uuf yaaleera.Haaluma kanaan:

**Gaaddisaa Urga’aa** (2008) qorannoo isaa “Qaaccessa sirna raawwiifi fakkoommii buna qabannaa Aanaa Sulultaa” jedhu irratti taasiseen, kaayyoon isaa sirna raawwii duudhaa Oromoo Aanaa Sulultaafi ergaa dhimmichi bakka bu’u fakkoommii isaa baasuu ta’ee argannoon isaas adeemsa sirnaa fakkoommiidhaan qaaccesseeti. Kanaafuu walfakkeenyi qorannoon kunneen waliin qaban adeemsa sirna raawwii duudhaa Oromoo yoo ta’u, aanaa walfakkaatu keessatti raawwachuun isaanis dhimma hawaasni aanaa sulultaa gama aadaa, safuufi dhugeeffannoon agarsiisan baasuu irratti walfakkeessa. Karaa biraatiin qorannoon duraa adeemsa sirna raawwii fakkoommiidhaan kan qaacceesse yoo ta’u, qorataan kun garuu adeemsa sirna raawwii ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa gama hirmaattootaa, meeshaalee sirnichaa, faayidaa isaa, yoomessa isaafi faaruuwwan sirnichaa sirna waliin qabuun kan qaaccesse ta’uu isaa garaagarummaa isaanii ibsa.

**Tasfaayee Dirribaa** (2010) Qorannoo isaa “Qaaccessa ergaa faaruu ayyaana warra Gaanaa Maaram Suntee Aanaa Jibaat “jedhu irratti gaggeesseen kaayyoon isaa ergaa faaruu ayyaanichaa

qaaccessuun ibsuu ta'ee argannoon isaas ergaan faaruuwwan sirna ayyaanichaa keessatti gama dinagdeen, hawaasummaan siyaasaafi aadaatiin qaacceseera. Kanaafuu walitti dhiheenyi qorannoo kunneenii sirna duudhaa Oromoo qorachuun keessattuu waa'ee ayyaanaafi ayaantuu baasuu yoo ta'u, garaagarummaan isaanii qorannoon duraa kun ergaa faaruu ayyaanaa irratti xiyyeeffateee kan qaaccesse yoo ta'u, qorannoon kun garuu adeemsa sirna raawwii kanneen kan akka hirmaattotaa, faayidaa ayyaanichaa, yoomessa sirnichaa, meeshaalee sirnichaafi faaruuwwan sirnichaa adeemsa waliin walqabsiisuun qaaccessee argannoo irras gaheera.

**Yaazoo Nugusuu (2016)** **"**Qaaccessa Adeemsa Sirna Ateetee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo'' jedhu irratti kan hojjate yoo ta'u, kaayyoon isaa, adeemsa, meeshaalee sirnichaaf barbaachisaniifi faaruu garaagaraan ibsuu yoo ta'u, Argannoon qorataa kanaa dhiibbaa mootota habashaa garaagaraatiin sirni ateetee cunqurfamaa akka ture ta'uu isaati. Tokkummaan qorannoo kana waliin qabu waa'ee sirna ayyaanaa qorachuu yoo ta'u, adda addummaan isaanii immoo kallattiin mata dureen isaanii kan walhinfakkaanne ta'uu isaati. Gama biroon immoo dhimmi ateetee kan dubartoota hirmaachisu ta'uufi kan qorannoo kanaa garuu namoota saalaan osoo hinqoonne sadarkaalee garaagaraa keessa kan jiran hunda hirmaachisuu isaati.

**Imaanaa Bayyanaa** (2007) Qorannoo isaa "Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo naannoo Shawaarratti''taasiseen ,amantiin duudhaa Oromoo waaqeffannaafi faaruun isaa bifa ogafaanitiin dhaloota irraa dhalootatti darbuun falaasama amantiifi beekumsa Oromoo mul'isaa turaniiru.Qorataan kun dhimmoota, amantii,faaruufi duudhaa Oromoo naannoo Shawaa ilaaluuf yaaleera.Walfakkeenyi qorannoo kana waliin qorannoon kun qabu, haala duudhaafi hawaasummaa Oromootaan walqabachuu yoo ta'u, adda addummaan jiru ayyaana naannoo tokko jiru irratti xiyyeeffachuun yoomessa,hirmaattotafi ragaa faaruuwwanii xiinxaluun walqabachuu isaati. Qoratichi sun faaruufi duudhaa qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kan qorannoo kanaa garuu adeemsa sirna raawwii ayyaanichaa hunda kan hammatu ta'uu isaati.

**Mulugeetaa Nagaasaa (1997)** mata dureen qorannichaa "Sirna Gumaa Ija waldhabbii Hiikuutiin Hawaasa Oromoo Aanaa Ada'aa Liibaan Keessatti"Digirii lammaffaa yuunivarsiitii Finfinneetti guuttachuuf kan qophaa'e,Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas gahee meeshaalee garaagaraa sirna gumaa keessatti qaban falaasama hawaasni qabu kan ibsu yoo ta'u,qorannoo kana faana wanti walfakkeessu sirnoota irratti hojjachuu yoo ta'u,qabxiin addaanii immoo sirni gumaa hawaasaa Oromoo mara kan hammatuufi ayyaana tokko irratti xiyyeeffatu hojjachuu. Aanaa Sulultaa"

Kaayyoo qorannoo adeemsa sirna raawwii, meeshaalee adeemsicha keessatti barbaachisan, faayidaafi hirmaattota eeruun qorannoo kan faana kan walfakkeessu yoo ta'u, sirna ayyaanichaa irratti xiyyeeffachuun qorataa immoo qabxii addaaniiti.Gama biroonis haalli ayyaaneffannaa wanta adda taasisuudha.

# BOQONNAA- SADI: MALA QORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni haala waliigala qorannoo tokko kan to'atu ta'ee qorannoon tokko maal irratti akka xiyyeeffatuufi maal akka fakkaatu kan ibsuudha.Qorannichis mala akkamtaan kan ilaalamu ta'ee saxaxa ibsaan kan gaggeeffame ta'a. Kunis adeemsa waliigalaa waa'ee sirna raawwii ayyaanaa faana walqabatee ragaa jiran tokko tokkoon funaanuun mala ibsaatti fayyadamuun kan qaacceffameedha.

## 3.2. Malleen Qorannichaa

Mata dureen kun tooftaalee qorannichaafi mala qorannicha waliin walqabatan kanneen akka adeemsa qorannoo, madda odeeffannoo, iddattoo, mala odeeffannoowwan ittiin funaanaman, odeeffannoon ittiin qaacceffamuufi kan biroo kan hammatuudha. Qorannoon kun mata duree Qaaccessa adeemsa sirna raawwii ayyaanaa waan ta'eef, qorannoo qulqulleeffataatti kan gargaarameedha. Sababni isaa hawaasa keessa deemuun afaaniin odeeffannoo funaanee jechaan kan ibsu waan ta'eef. Dastaan (2013:30-31) "Qorataan kallattiin hawaasa bira deemee qorata. Kunis hir'ina mul'achuu danda'u hir'isuu irratti mala gaarii ta'a.'' jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti qorataan qorannoo gaggeesse hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamu sana yeroodhaa yerootti qaamaan argamuun kan raga funaannatu ergaa waan qoratu Sanaa qulqulleessuuf gaariidha jechuudha. Qoratichiis meeshaalee funaansa odeeffannoo fayyadamuun ragaalee barbaachisoo ta'an erga funaannatee booda mala ibsaa yookiin addeessaatti fayyadamuun kan qaaccesseedha.

### 3.3. Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo jechuun, qorataan tokko namoota odeeffannoo kennuu danda'u jedhu irraa sababa faana walqabsiisuun odeeffannoo kan argateedha. Qorataan kunis hirmaattota sirna ayyaana warra oofaa namoota ta'aniifi gaggeessitoota ayyaanichaafi namoota waa'ee ayyaanichaa beekan irraa odeeffannoo kan funaannateedha.

### 3.4 Iddattoo Qorannichaa

Iddattoon qorannoo tokkoof murteessaadha. Kunis madda odeeffannoo keenyaa erga addaan baafannee boodaa irra caalaatti namoota odeeffannoo irraa argachuu dandeenyu irraa ragaalee barbaachisaa ta’an fudhachuuf kan dhimma itti baanuudha. Dastaan (2013:32) Trochim waabeeffachuun hiika iddattoo yoo lafa kaa’u, “Sampling is the process of selecting units e.g people organization from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were choose,’’ jedha. Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa hawaasa bal’aa keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookiin qaamota hawaasa sana bakka bu’an fudhatanii itti fayyadamuuti.

### 3.5. Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu namoota iddattoo qorataan tokko godhatee irraa tooftaalee garaagaraan qaama odeeffannoo kennuu danda’an filachuudha.Iddatteessuun kan barbaachiseefis qaamota hawaasa sana bakka bu’ee odeeffannaa bal’aa ta’e nikenna jedhamee kan yaadamu yoo ta’u, kunis kan barbaachiseef yeroo, maallaqaafi humna namaa qusachuufis nigargaara. Malli iddatteessuu qorataan kun dhimma itti bahes mala al-carraa yoo ta’u, sababni isaas namoota qorataa kanaaf odeeffannoo qulqulluufi waa’ee ayyaanichaa irratti hubannoo qaban dargaggoota keessa kan ta’an manguddoota keessaafi dubartoota waa’ee ayyaanichaa beekaaniifi gaggeessaa ayyaanichaa dabaluun waliigalatti mala xiyyoon iddatteessuu /iddatteessuu kaayyeeffataa/ Purposeful sampling/ fi darbaa dabarsaatti dhimma bahuun odeeffannoo funaannateera. Sababni iddatteessuu kaayyeffataan filatameef namoota waa’ee dhimma sirnichaa beekan eeruu ayyaantuutiin erga adda baafatamee booda ebeluutu naaf beekaadhaan kan murtaa’e yoo ta’u, Sababni iddatteessuu darbaa dabarsaan filatameef immoo namni dhimma sana beeku raga hanga tokko yoo namatti hime kan hafe immoo nama hubannoo caala qabu kan birootti waan nama dabarsuuf. Fakkeenyaaf iddattoo akkayyoon Berg (2001:32) yoo ibsu, “when developing purposive sample, researchrs use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population,” jedha. Iddattoon kaayyeeffataan namoota odeeffannoo dhimmicha irratti qaban jedhamanii yaadaman keessaa kan namoota hafan bakka bu’aniidha. Dabalataanis qorataan kun qorannoo qulqulleeffataatti dhimma bahuun muuxannoofi ogummaa irratti hundaa’e ragaa funaannachuu danda’eera.

### 3.6. Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Odeeffannoo funaannachuuf qorataan kun malli itti gargaarame, afgaaffii, daawwannaafi marii garee, waraabbii sagaleefi suuraa kaafachuu fa'a. Malleen kana keessaa qorataan kun kan ittifayyadame mala qorannaa akkamtaa irratti hundaa'uudhaani, sababni isaas sirni qorannoon irratti gaggeeffame kun hawaasa keessa deemuun himamsa afaaniitiin ragaa funaannachuu waan ta'eefi. Haaluma kanaan malleen odeeffannoo qorannoo akkamtaa gaggeessuuf oolan irratti, Dastaa (2002:230) Marietse fi Marieta (2002) waabeffachuun yoo ibsu,'' Qorannaa akkamtaa yookiin bu'uuraa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu daawwannaa, afgaaffiifi marii gareen fayyadamuudhaan'' jechuun kaa'a.Kana jechuun qorannoo akkamtaaf meshaalee funaansa ragaa ta'uun irra caalaatti kan fayyadaniifi odeeffannoo barbaadan haalan argachuuf kanneen biroo irra mala filatamaa akka ta'e kan nu hubachiisuudha.

Dabalataanis, malleen odeeffannoon ittiin funaanamu irratti hundaa'uudhaan, Addunyaa (2011:16) yoo ibsu, "Mala odeeffannoon ittiin guuramu keessaa af-gaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffatamaafi sakatta'a dokumentii fayyadamuun akka danda'amu" ibseera.kanuma irraa bu'uura godhachuun qorannoo kana keessatti odeeffannoon funaaname, af-gaaffii, daawwannaafi marii garee, suur sagalee fayyadamuun dhimma kan itti baheedha.

#### 3.6.1. Af-gaaffii

Afgaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko yammuu ta'u, mala kanattis gargaaramuun kan barbaachiseef namoonni dandeettii barreessuu hinqabne, garuu yaada bal'aa kennuu kan danda'an afaaniin akka yaada kennaniifi. Qorataan wantoota hubatamuuf ifa hintaane irra deebi'uun gaaffilee qulqulleeffachuu danda'a. Creswell (2003:181)'' In interviews the researcher conducts face to face interview …,These interviews involves unstructured and generally open ended questions that are few in numbers.'' jechuudhaan ibsa. Kunis kan agarsiisu qorataan afgaaffii tokko hirmaattotaaf fuula fuulatti wal arguudhaan kan gaaffii isaa gaafate, gaaffilee hincaaseffamneefi banaa kan ta'anitti dhimma kan baheedha. Qorataan kunis manguddootafi dubartoota ayyaanicha irratti hubannoo qaban namoota kudha torba dhiira 10 fi dubartoota 7 ta'aniif gaaffii afaaniin dhiheessuun odeeffannoo funaannatee jira.Gaaffileen afgaaffiif qophaa'anii odeef-kennitootaaf dhihaatanis dabalee jalatti kan kaa'amanii jiraniidha.

### 3.6.2. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee, karaa lamaan kan gaggeeffamuu danda'uudha. Isaanis alaalaan daawwachuufi hirmaachaa daawwachuudha. Yaaduma kanaan walqabatee, Nachmias, (1987:189) irratti akka ibsetti, "The procedure in which the researcher greats some sort of numbers or close relation ship to the group he or she studying" kunis qorataan qaamolee dhimma sana irratti odeeffannoo qaban waliin osoo hin hirmaatain alaala dhaabbatanii dhimmicha hordofuu waliin walqabata.Gama biroon immoo hirmaachaa doowwachuun qaamota raawwii sana gaggeessan faana raawwachuun hirmaachuudha. Kanas Bryman, (2004:301) irratti akka ibsetti, "The researcher can act as observer, and participant.In this case the researcher engages in some observation with little participation. He she mainly an intervier." jedha. Waraabbii kanarraa hubachuun akka danda'amutti, adeemsa qorataan dhimmicha hirmaachaa ragaalee funaannatuudha. Daawwannaatti gargaaramuun eenyutu maal raawwataa?, yoom raawwata? meeshaalee akkamii fayyadama? Dhimmoota jedhan giddugaleessa godhachuun odeeffannoo barbaachisu hunda hirmaattotaatti dhihaachuun argachuuf kan fayyadauudha.Mala daawwannaan odeeffannoo funaannachuun kan barbaachiseef inni lammaffaan suur-sagalees fayyadamee odeeffannoo afaaniin argate mirkaneeffachuufis qorataan kun dhimma kan itti baheedha. Daawwanna kana keessatti suuraa kaasuun waraabaa odeeffannoon kan funaaname yoo ta'u, suurichis dabalee jala kan kaa'amee jiruudha. Haaluma kanaan qorataanis gaafa 29-04-2010 sirna malkaa irratti argamuun alaalaa kameeraan kan raga waraabbate yoo ta'u, gaafa 12-10-2010 sirna tulluu irratti gaggeeffame irratti argamuun hirmaachaa viidiyoofi kaameeraan waraabuun barreeffamatti jijjiiree qaacceseera**.**

### 3.6.3. Marii Garee

Adeemsa qorannoo keessatti marii garee gaggeessuun namoota dhimma tokko irratti hubannoo garaagaraa qabaachuun yaada mormii qabaatan walitti fiduun marii'achifamee yaada waliigalaafi amnsiisaa ta'e keessaa filachuuf gargaara yaada kanas Dorsan yoo ibsu, " focus group discussion may be called discussion group or interviews anumber of people asked to came to gether in groups to discuss about acertain issues the discussion lead by midator or facilitator who arranges and make abreak way conversession" Akka yaada kanaatti adeemsa qorannoo keessatti namoota waa'ee dhimma barbaadame sanarratti hubannoo qaban walitti fiduun haala mijeessanii marii taasisuun hubannoo walii galaa cuunfanii fudhachuuf oola. Haaluma kanaan qorataanis iddoo

raawwii sirnichaatti argamuun namoota waa’ee sirna kanaa irratti hubannoo qabaatan eeruu ayyaantuutiin erga adda baafatee booda maanguddoota dhiira 18 fi dubartoota 8 waliigala namoota 26 ta’aniif gaaffilee marii gareef ta’an gaafachuun hirmaachiseera. Haala kana keessatti dhiironni garee lamatti kan qoodaman yoo ta’u, ayyaana qillee 29/04/210 fi kenna arfaasaa 12/10/2010 marsaa lamaan kan mari’atame yoo ta’u, dubartoonni garee tokkoofi marsaa tokkoon gaafa 12/10/2010 qoratichi hirmaachisuun viidiyoofi kaameeraadhaan waraabuun barreeffamatti jijjiiruun qaacceseera.

## 3.7 Mala Qaaccessa Ragaalee

Addeemsa qorannoo keessatti ragaaleen malleen garaagaraatiin funaannaman tartiiba qabsiisuun qaaccessuun murteessadha. Haala kanas Addunyaa (2011:71) yoo ibsu, “Qaaccessa odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuu irra deebi anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikaa itti kennuudha.” Akka yaada kanaattis adeemsa qorannoo keessatti ragaan funaaname qindaa’ee kan qaacceffamu ta’uu isaati.Qorannoon tokko kan gaggeeffamu maloota garaagaraa fayyadamuun yoo ta’u, qorannoon kunis mala qorannoo qulqulla’inaa kan hordofu waan ta’eef ragaaleen qorannoo kanaas hawaasa bira deemuun maloota armaan oliitiin erga funaanamanii booda odeeffannoo argaman bakka tokkotti funaanuun, qindeessuun, erga raawwatamee booda tokko tokkoon isaanitti hiikaa kennuutti kan ce’ameedha. Karaa birootiinis mala himteefi faayidaa, akkasumas barbaachisummaan garee gareetti qooduun haala barbaachisummaa isaanitti kan qaacceffame yoo ta’u, kunis dursa ragaalee barbaachisoo dhiheessuun haala waliin deemaaniifi kaayyoo qoratichaa galmaan gahuu danda’aniin qoqqoduun kan kaa’amaniidha. Sana booda tokko tokkoon faayidaa isaanii, yoomessa raawwii isaanii, faaruuwwan sirnichaafi meeshaalee sirnicha keessatti dhimma itti bahamaniifi haala iddattoon ragaa kennaniin bakka tokkotti fiduun kan qaacceffamanii ibsamaniidha.

## 3.8 Naamusa Qorannichaa

Adeemsa qorannoo keessatti qorataan qorannoo gaggeessuu namuusaa qorannoo beekuun barbaachisaadha. Qorataan kunis xalayaa yuunivarsiitii irraa argate fudhachuun guyyaa itti argachuu danda’u erga beellamaan qabatee booda waajjira aadaafi bturizimii aanichaa marii’achiisuun ayyantuu sanatti dhiheessuudhaan of ibsuu irraaa eegalee kaayyoo qorannichaas duraa duubaan ifa taasiseera. Kana malees odeef- kennitoota sirnicha irratti argaman hundaaf kaayyoo qorannichaa ifa taasisuun haalafi naamusa bakki sirnichaa barbaadu hordofuun yeroo

ayyaanichi gaggeeffamu hunda irratti iddoo barbaachisaa ta'etti hirmaachuun qorannoo isaa gaggeessaa kan tureedha. Qorannoo tokko gaggeessuufi milkeessuuf haalli dhiheenya qorataa murteessaa waan ta'eef. Aadaafi haala hawaasummaa naannoo sanaa giddugaleessa godhachuun bifa rakkoo uumuu hindandeenyeen kan ragaalee barbaachisaa ta'e funaannateedha. Dabalataanis qorataan kaayyoo qorannichaa erga haalan ibseefi booda ayyaantuu sanatti dhihaachuun of eeggannoo cimaa taasisaa haala ayyaana amantichaa kabajuun ragaalee walitti qabateera. Gama biroonis namoota ayyaana sana irratti argaman marii'achisuun haala waraabbiifi daawwannaatiinis funaannateedha. Walumagalatti sababa qorataan naamusa qorannoo eeguun hirmaattota ayyaanichaaf kaayyoo qorannichaa ibseefi naamusafi kabaja iddoo ayyaanichaa eegeen ragaalee gama afgaaffii, daawwannaa, marii gareefi waraabbii adda addaatiin taasifaman argachuu danda'eera.

# BOQONNAA AFUR:  QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti ragaalee walitti qabamanitu qaacceffamee hiikni itti kenname.Ragaalee argaman kanas mata duree garaagaraatti qooduun tartiibaan kaa'amanii qaacceffamaniiru. Isaanis: adeemsa kabaja sirna ayyaana warra oofaa, barbaachissummaa kabaja sirna ayyaanichaa, hirmaattota ayyaana warra oofaa, yoomessa ayyaanichi itti adeemsifamuufi meeshaalee kabaja ayyaana kanaaf barbaachisaniifi faaruuwwan ayyaanichaa keessatti dhimma irra oolan tartiibaan kan taa'eedha.

## 4.1 Ayyaana Warra Oofaafi Gosoota Isaa

Ayyaanni warra oofaa gosoota sadi kan of keessaa qabuufi hundi isaanii amala mataa isaanii kan qabaniidha.Isaanis Sarbaa sharrii,Abbaa Qurxaafi Abbayyee Gadaa jedhamuun kan qoodaman yoo ta'u, kanneen sadan keessaa Abbayyee Gadaa irratti xiyyeeffachuun yoo ibsamu,amala qaban irratti hundaa'uudhaan bakka torbatti qoodamuu (Booranaa Agarii (Ayyaantuu) kan qorataan gaafa 12-10-2010 sirnicha irratti argamuun af-gaaffiidhaan ragaalee kunneen funaannate).Isaanis:

**Oofa Abbayyee Gadaa**

Abbaa Cabsaa — Abbaa Caffee — Abbukko — Mootii Arabaa — Maaram — Dika — Rabbi

a. **Abbaa Cabsaa**: Abbaan cabsaa gosoota ayyaana warra oofaa keessaa tokko ta'ee sodachisaa, lolaa, gara jabaataafi waca kan hinjaalannefi dibbee suuta rukuchuu kan jaalatufi bunallee suuta jechuun kan tumamuufi   Jimaata Jimaata kan dhihaatuudha.

b. **Abbukko**: Amalli isaa giddugaleessa kan ta'eefi amalli kun kan baay'ee callisaas, dheekkamaas hintaaneedha.

c. **Dika**: Ayyaanni dikaa immoo jaarsummaa kan jaalatufi kadhaa kan jaalatuudha.kabaja yookiin ayyaana yeroo yeroon ayyaaneffachuu kan jaalatuudha. Yeroo baay'ee roobii roobii kan mul'atuudha.

**d.** **Abbaa Caffee**: Gosoota ayyaana oofaa abbayyee gadaa keessaa tokko ta'ee lolaafi sagalee kan jibbuudha.

**e.** **Mootii Arabaa**: Mootiin Arabaa yaadaan namatti dhihoo kan ta'eefi kan of hinqusanneedha.Yoomiyyuu dhihaachuu jaalata.Jeekkaraafi faaruu garaagaraa jaalata.

**f.** **Maaram:** Maaram akka haadhatti kan amanamtuufi aartuus kan dhiifama namaaf gootu, ,Yeroo baay'ee kan hinmul'anneefi yeroo baay'ee jaarsa, daa'immaaniifi dubartootatti dhihaatti.

**g.** **Rabbi:** Bakka olaanaa kan qabuufi amalaan abbaa Caffeetti kan dhihaatuudha.Innis yoo hanqinni jiraate dafee kan hinmufanneedha.

Kanneen armaan olii kunniin cita ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa kan ta'anii maqaa isaanii kanas kan argatan bu'a ayyaanaa irratti of ibsuun yoo ta'u, hordoftoonni kan addaan isaan baafachuu danda'an jalqabaa bu'aa ayaanaa irratti maqaa isaanii, seenaa isaaniifi amala isaanii himachuun dhiyaatu. Haaluma walfakkaatuun miseensonni kanneen akka Abbaa Caffee, Abbaa Cabsaa, Rabbiifi Maaraam amalaan waan walitti hindhiyaanneef galma mataa isaanii qofaatti qabu. Gama biraatiin kanneen akka abbukkoo, mootii arbaafi dikka immoo amalaan waan walitti dhiyaataniif galma oofaa keessatti kan dhiyaataniidha. Dabalataanis galmoota kunneen keessaa galmi Maaraam qofti citaan kan ijaaramee jiru yoo ta'u, kunis yeroo baay'ee galma maaraamitti ijoolleefi dubartoonni argamuun marqaa sirnoota garaagaraa waan marqaniif akka haara baasuuf jedhamee filatame. Kanumaan walqabatee galmoonni kaawwan qorqorrootti kan jijjiraman yoo ta'u, iddoon kun meeshaalee qaroomina ammayyaa barbaadee osoo hintaane citaan yookiin margi manaaf ta'u argamuu dhabnaan kadhannaadhaan ayyaana eeyyamsiisanii kan ijaaramaniidha. Walumaagalatti iddoon ayyaana kun dhimma ayyaanaatiif fayyadama meeshaalees ta'ee gochaan qaroomina hordofuun rakkoo kan qabuufi fudhatama kan hinqabne yoo ta'u namootaaf haala miijessuuf garuu kadhannaadhaan yoo ayyaanni eeyyame haala qaroomina ammayyaa namootaaf miijessuun nidanda'ama. (Booranaa Agarii 15/2/2010).

### 4.2 Adeemsa Raawwii sirna Ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa

Uummanni Oromoo aadaa boonsaafi bal'aa ta'e hedduu qaba. Isaan keessaa immoo ayyaanni garaagaraa isa tokko. Ayyaana kana keessaa immoo ayyaanni warra oofaa Abbayyee Gadaa

jedhamu isa tokkooodha. Ayyaanni kun akkuma naannoo birootti kabajamu Aanaa sulultaattis kabajama.Ayyaanni kunis waggaatti yeroo sadii Birraa, Qilleefi Arfaasaa irratti kan kabajamu yoo ta’u, sirnoonni mul’atan baay’inaan kan walhincaallefi hundi isaanii ayyaana arfaasaa irratti waan argamaniif xiyyeeffannoon kan qoratame kan ayyaana Arfaasaa irratti. Adeemsa kabaja ayyaanichaa keessatti akkuma namoonni fagoo bakka garaagaraatii, warri aantee ta’aniifi hintaane harkatti waa qabachuun raawwii isaa yeroo raawwii duraa, raawwii boodaaf yeroo raawwiitti qoodamuun gahee isaanii kan bahaniidha.

### 4.2.1 Raawwii Duraa

Sirna ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa keessatti hojiileen garaagaraa kan raawwatamaniidha. kunis lafa teessumaa qopheessuu, meeshaalee ayyaanichaa keessatti itti gargaaraman qopheessuun haaromsuu, dallaa ijaaruu, dallaa ijaaran kana immoo muka jiidhaa garaagaraatiin suphuu, magariisummaa ayyaanichaa eega irratti of eeggachuu, namoonni qabiidhaan qabaman walbeellamuu, baalfata qoopheffachuu, qaacaruu yookiin walbeellamuu, afaafi afata qopheessuu, urgooftuu garaagaraa qopheessuufi keessummaa simachuun raawwii sirnoota duraati.



**Suuraa 4: Yeroo dallaa ijaaruuf muka qopheessan kan agarsiisu.**




**Suuraa 5: Yeroo namoonni jala bultii ayyaanichaa irratti dallaa ijaaran kan agarsiisu.**

Gama biroon jala bultii ayyaana kanaatti bunni alatti danfisuun jala bultii ayyaanichaa kabaju. Buna kanas kan danfisu dubartoota maatiin wareega kennee achitti guddatantu danfisa. Dubartoonni kunneen ijoollummaa isaanitti rakkoo garaagaraan walqabatee fakkeenyaaf maatiin dhibamanii du'uu irra siif kennine jedhanii achi galchatu bunas danfisa, Isaanumatu buna kanas raabsa. Dubartoonni kun qulqulloota jedhamanii kan yaadamaniidha.Namoonni dhukkubsataniifi rakkoo garaagaraanis of wareeganii kana achi jiraatanis ni hammatamu.

**Eebba:** Sirni eebbaa raawwii adeemsa kenna ayyaana kanaa keessaa tokko yoo ta'u, namoonni eebbisan tartiibaan safuufi safeeffannaa eeggatanii eebbisu. Fakkeenyaaf akka aangoo mana ayyaanichaatti tariibni eebba sirnichaa ayyaantuu, haadha warraa isaa, mata qaboo, lukoo, salgoota, jabboota, abbaa kallachaa, beerran jaaloo, abbaa bokkuu, beerren cifireefi jaarsolii waldaati.karaa biraatiin aangoo gosaan yookiin balbalaan kennameef irratti hundaa'uudhaan gosoonni gurguddoon eebbicha irratti hirmaatan kuraa Jiddaa, Noonnoo, Gumbichuufi Guutoo yoo ta'an kanneen keessaa kan hinargamin yoo jiraate galma jira jechuun hoodaanii eebbi itti fufa.Haaluma kanaan eebbi haala armaan gadiitiin raawwata..

**Eebba buna dhuguun dura taasifamu:**

**Warra Eebbisu**

Eebbi kun kan eebbiffamu jaarsolii salgiitiin ta'ee tulluu irratti jala bultii ayyaanaatiif yeroo dallaan ijaaramuufi suphamu kan eebbifamuudha. Jaarsoliin salgii kunis dabaree dabareen akka hangafaafi quxisuutti haala armaan gadiitiin eebbiffatu.

Kan nagaan oolle nagaan nu haa bulchu……………………….. Haa bulchu
Abbaan jabanaa abbaan rakabootii nuu toli……………………… Yaa tolu
Abbaan Caffee nuuf dhaga'i……………………………………dhaga'i
Akka Jabanaa siif dhaabne nuwaliin dhaabadhu…………………. Haa dhaabbatu
Abbaan ixaanaa, abbaan karbee daddarbaa kee fudhadhu…… Fudhadhu
Abbaan Sorsaa, abbaan urgooftuu dhibaayyuu kee fudhadhu… Fudhadhu
Kaddaamii kee eegii, horee kees beeki…………………………… Eegi
Siidaan siidaatti; Furdi furdatti dhibaayyuun isin haa gahu…… Haa ga'u (Maddi: Jaarsolii salgii kan qoratichi gaafa 11-10-2010 jala bultii sirnichaa irratti argamuun hirmaachaa odeeffate.)



**Suuraa 6: Yeroo kaddaamii jala bultii ayyaanaatiif buna tulluu irratti danfifame namoota dallaa haaromsaniif hirtu kan agarsiisu**.

**Eebba Erga Buna Dhuganii Booda Taasifamu**

Eebbi kun kan eebbiffamu jaarsolii salgiifi beerran jaalootiin eebbiffama. Eebbi kunis haala armaan gadiitiin kan adeemsifamuudha.

Akka barakaan guutee haajaan isinii haa guutu…………………………………..Haa guutu
Mortuufi wanyituun haa baddu………………………………………………..Haa baddu
Kan karaa deemuuf milkii haa yaa kennuu………………………………………Haa kennu
Kan dhabeef dilbii haa laatu……………………………………………………Haa laatu
Kan kadhateef murtii haa kennuu………………………………………………Haa kennu

Gurraachi bakakkoo, Boorri abbaa cabsaa sirraa hinijjatinii……………… Hin hijjatin
Hallayyaa lafa alagaa fira siif haa godhu……………………………… Haa godhu
Falfaltuufi fafa sii haa oolchuu………………………………………… Haa oolchu
Faanaafi arraba sii haa qajeelchuu……………………………………… Haa qajeelchu
Duubaan hirkoo, fulduraan dhadhaabbata siif haa kennuu……………… Haa kennu
Kaaddaamiis, ajjaabis oofa yaa eeguu…………………………………… Haa eegu.

Eebbi jala bultii sirna ayyaanichaaf taasifamu kun jaarsolii salgiitiin tulluu ayyaanaa irratti eebbifama. Innis akkuma lakkoofsa namoota argameetti sadiirraa kaasee hanga shaniitti walharkaa fuudhuun akka hangafaafi quxisuutti kan eebbiffamuudha. Eebba kanarratti dubartoonnis kan hirmaatan yoo ta'u, iddoo tulluu ayyaaneffannaatti bunni, daabboofi urgooftuun garaagaraa dhiyaachuun oofkaaltii ayyaanichaaf milkii qajeelchuuf kan eebbifamuudha. Kunis namoonni ayyaanicha irratti hirmaatanis ta'ee ordooftonni ayyaanichaa hundi gufuufi rakkoo tokko malee qilleensa gaariifi bifa tasgabbii qabuun jalqabaa hanga xumuraatti milkaa'ina akka qabaatu kadhachuudha.Dabalataanis dhangaalee ayyaanichaa suga ta'uun, meeshaaleen sirnichaaf dhihaatan hundi sa'ifi namni fuula ifaadhaan sirnicha hordofee akka xumuruuf imaanaadhaan jabanaa bunaa qabachuun waaqa kadhatu.

### 4.2.2 Yeroo Raawwii

Yeroo ayyaanaa dhimmoota ayyaanichaa faana walqabatan kan itti raawwatamaniidha. Kunis koree, keessummootafi hirmaattota ayyaanichaa waliin ta'uun kadhachuu, ayyaaneffachuu, faarfachuu, eebbisuu, dhibaafachuu, galateeffachuu, nyaachuufi dhuguufi beekamtii ayyaanichaa lallabuu fa'aatu raawwatamu.

**Horii Qaluu-** Horiin qalamu ayyaana dura erga qophaa'e booda gaafa ayyaanaa sana qalamuuf dhihaata.Horiin qalamuuf qophaa'u gurraacha irraa kan hafe bifti biro nifilatama. Fakkeenyaaf horiin qophaa'uus irra caalaa daalachaafi diimaan filatamoodha. Sababni isaas ifa Jechuun hiikama.Horiin qalamu haala lamaan kan dhihaatu yoo ta'u, kunis gaafa lagatti kabajan sa'a kan qalan yoo ta'u, gaafa tulluutti ba'an immoo korma qalu. Fakkoommiin isaanis sa'a lagatti qaluun ilmi Oromoo gaafa qabeenya dhabe laga elemtuu qabatee bu'ee kadhachuun bishaan itti guuttatee gale. Sana booda horuu irraa kan ka'e malkaa sana bu'ee sa'a qaluun galateeffate jedhama. Kanarraa kan ka'e sa'a qaluun walqabsiisu.Gama kenna tulluutiin immoo kormatu

filatama. Kormi horsiisaa yookiin sanyii waliin kan walqabatuufi sanyii keenya horsiisi akka tulluu kana olkaasi dhimma jedhu ibsa.Kormi yeroo qalames haala armaan gadiitiin ka'ameera.



**Suuraa 7: Yeroo kormi qalamu mataa qaboon qabu.**

Suuraa armaan olii irra akka hubachuun danda'amutti qorataan guyyaa 12-10-2010 sirnicha irratti hirmaachaa raawwichaa kaameeraadhaan suuraa kaaseefi ayyaantuu irraa raga argatetti kormi tulluutti qalamu bifaan diimaa, burreefi daalacha ta'uu akka qabuudha. Kunis kormi tulluutti qalamu kan bifaan mul'atu, milkiifi mul'ata gaarii qaba jechuun amanama.Kormi gurraachifi kanneen mallattoo ofirraa hinqabne milkii fulduraatiif waan hinfilatamneef tulluutti qalmaaf hindhiyaatu. Dabalataanis kormi kun erga eebbifamee booda jalqabatti ijoollee dhiiraa kan umriin isaanii 8-10 ta'antu harkaan qaba. Fakkoommiin isaas ijoolleen umrii kanaa saalqunnamtiifi cubbuu irraa bilisaafi qulqulluudha jedhamee amanama. Itti aansuun mata qaboon erga mataa kormaa qabee booda ayyaantuun marga jiidhaa korma afaan kaa'a. Kun immoo fakkoommiin isaa marga kormichaatu dhumee malee kan hormaataa hafee akka itti fufu qajeelchuudha.



**Suuraa 8: Yeroo mata qaboon korma qabuufi haati warraa Ayyaantuu Korma dhadhaa muudduufi ayyaantuun marga jiidhaa afaan kormaa keessu kan agarsiisu**.

Suuraa armaan oliin walqabatee erga ayyaantuun marga jiidhaan korma eebbisee booda haati warraa ayyaantuu dhadhaafi difdifa farsoo  funyaan kormaatii hanga eegeetti muuduun eebbisti. Kun immoo ergaan isaa dhadhaan jiidhinafi qabbana waan qabuuf kormichi jiidhaan qalamee hormaanni itti aanuus akka latu qajeelchuuf yoo ta’u, difdifni farsoo immoo kormichi kabaja ayyaanaaf qalamus sanyiin biqiluun sa’ifi namni hormaata itti fufiinsaa akka qabaatu taasisuudha.

**Dhibaayyuu:** Erga horiin qalamee booda dhibaayyuu garaagaraa dhadhaa, difdifa,aannan, farsoofi arraba kormichaa osoo qalanii lubbuun keessaa hin bahin mata qaboon arraba keessa baasuun ibidda keessa kaa’ee ciincessa.Fakkoommiin arrabaas namoonni waa hunda arraba fayyadamanii ergaa isaanii dabarfatu.kadhaa, yeroo hundaa arrabatti dhimma waan baanuuf jechuun bakka olaanaa kennu. Kunis olaantummaa arrabaa agarsiisuufi.



**Suuraa 9: Yeroo mata qaboo, Ayyaantuufi haati warraa tulluutti dhibaayyuu qalma kormaa dhiibafatan kan agarsiisu.**

Akka suuraa olii irraa mul’atutti kormi eebbiffame osoo hinkuffifamin mata qaboofi haati warraa ayyaantuu dhibaayyuufi mijuu eebbaa tulluutti dhibaafachuun galateeffatu.Kunis kan ibsu, haati warraa ayyaantuu haadha qe’ee Sanaa ta’uun kabajaafi safuu isheef kennameen yoo kadhattu, mata qaboon immoo wabii (bakka bu’aa) ayyaantuu ta’uun sirnichaan waan filatameef waaqni isaaniif dura dhaga’a jedhamee amanama.



**Suuraa 10: yeroo kormi qalamu agarsiisu.**



Suuraa 11: yeroo arraba kormaa keessaa baasanii ciincessan agarsiisu.

**Wantoota Horii qalamaniin walqabatanii dhihaatan**

Horiin qalamuuf dhihaate kun dura haala garaagaraatiin eebbifama. Kanas namicha abbaa ayyaanaatu dura eebbisa. Itti aansuun jaarsonni salgiifi kanneen biroo walduraa duubaan eebbisuun gara korma qaluutti ce’u. korma qalamu kanas kan mataa qabuuf mata qaboo

jedhamuun kan beekamuudha. Mata qaboonis osoo kormi qalame lubbuun keessaa hinba'in arraba keessaa baasuun tulluu irratti ibiddaan ciincessan. Fakkoommiin isaas kabaja uumama arrabaaf qaban agarsiisuudha jedhamee amanama. Innis arrabni gaariifi yaraa dubbata. Of ibsuuf kan ta'uufi nama du'ullee dura arrabatu socho'u dhiisa jedhu akka ayyaantuun qoratichatti himanitti.



**Suuraa 12: yeroo kormi qalamu agarsiisu.kan qorataan gaafa 12/10/2010 kaase**

Erga horiin yookiin saani qalamte booda ayyaantuun dhiiga sa'aa sana meeshaa gingilchaa jedhamutti fuudhuun utubaa, furdafi siidaa dibu. Utubaan akka ayyaanichaattis ta'ee akka aadaa Oromootti bakka olaanaa qaba.Utubaa malee manni ijaaramu hindanda'u. Utubaan walitti qabaa waan hundumaati. Kanaaf isaanis utubaa fa'aa dibuun galata galchu. Gingilchaan dhiigni itti qabatamu kun migira irraa kan hojjatame yoo ta'u, wantoota xuraawaa ta'an dhiigicha keessaa gingilchee akka baasuuf oola. Dhiigni qulqullaa'e iddoo garaagaraatti dibamu dhugummaafi qulqullummaadhaan waaqaaf buluu isaanii agarsiisuudhaafi.



**Suuraa 13: Yeroo dhiigni korma qalamee utubaa (furda) diban agarsiisu.**

**Kennaa:** Kennaa jechuun miseensa ayyaanichaa hunda waliin dhangaa ayyaanichaaf qophaa'e iddoo barbaachisaa ta'etti daddarbuufi dhibaafachuun galateeffachuu jechuudha.

**Garaagara:** Garaagaraa jechuun ayyaanni bu'ee rakkoof fala dhibeedhaafi kallattiilee dawaa garaagaraa himaa jiru sababa garaagaraatiin mufatee yeroo lallaba isaa adda kutu yookiin dhiisuu jechuudha. Karaa biraatinis miseensonni ayyaana oofaa hundi yeroo Gannaa kana walqixa waan hin dhiyaanneef ayyaana garaagare jedhameeti birraa keessa nagaarinni lafaa kaafama jechuudha. (madda: Tsaggaayee Hundee ( qalaaxee/lallabduu) kan qorataan gaafa guyyaa 12-10-2010 sirnicha irratti hirmaachaa raga irraa argate).

**Aagii (tuftaa):** Adeemsi kun namoota sababa garaagaraatiin walmagananii yookiin walqaacaranii beellamaaan mana ayyaanichaa deeman, ayyaanni osoo bu'aa jiruu rakkoon isaanii ilaalamee tufsiisanii kan araarsaniidha.

**Dhangalaasii:** Dhangalaasii Jechuun miseensa horee ayyaanichaa kan ta'an hundi gosa oomisha midhaanii qaban irraa talbaafi gaayyoo irraa kan hafe yeroo midhaan gahe mataa midhaanii dhaqanii mana ayyaanichaa geessu.

**Xabala Biifuu**: xaballi akka mana ayyaanichaatti bishaan ji'a keessaa gaafa guyyaa 1fi 12 kan waraabamuudha. Kunis bishaan albuudaa kan burqaa qulqulluu keessaa ijoollee umriin isaanii waggaa 10-12 tiin ganama suphii osoo simbirriifi bineensonni biroo hindhugin waraabamuudha. Ijoolleen bishaan kana waraabanis miila qullaa malee kophee hin kawwatan. Bishaan waraabames harreetti hinfe'amu. Sababni ijoolleen kunneen filamanis xurii laguufi cubbuu irraa bilisa ta'uun safuufi laguu ayyaanichaa eeguudhaafi. Dabalataanis harreetti fe'amuu dhiisuun lagannaa ibsuudha. Kana malees bishaan erga ayyaantuun eebbiseen booda faachoodhaan hirmaattota hundatti facaasa. Akka odeeffannoo argameetti bishaan gaafa guyyaa tokkoofi 12 waraabamu mana ayyaanichaatti milkaa'ina dhukkubsataa fayyisuu kan argate waan ta'eef yoo ta'u, hordoftoonni amantaa orthodoksii faayidaa wanta kanaa waan beekaniif akkeessuudhaan guyyaa babashaafi mikaa'ilaatti jechuun akka itti fayyadaman ragaan himama.

**Jalaa ka'ii**: Adeemsa kadhannaa ayyanaatiin rakkoo jalaa of bituuti. Kunis aadaa, safuufi lagannaa bulmaata seera ayyaanichaa cabsuun dheekkamsi afuura ayyaanaa isa yoo miidhe kanfaltii murtii ayyaanaa baasuun kan rakkoo jalaa bahu yoo ta'u, akkuma murtii ayyaanichaatti korma, uffataafi qabeenya itti murtaa'e yeroofi iddoo jedhametti dhiheessuun qabii dheekkamsa ayyaanaa jalaa of baasuun kadhannaan kan xumuramuudha.

**Galfata :** Adeemsa imaanaa ayyaanatti kennachuuti. Kunis wanta ayyaanni akka taasisuuf hawwan tokko maqaa ayyaanichaatiin waadaa galama. Fakkeenyaaf namoonni yoo wallolan namni yakka uume sun dhukkubsatee mana ayyaanaa deemuun akka rakkoon muudate sun himamu gochuu, qabeenya yoo nama jalaa hir'ate akka horsiisu gochuufi dhukkubni yoo babal'ate akka jalaa nama baasu wareega yookiin awwaarasaadhaan waadaa galu.

**Ciincaa:** Akka iddoo ayyaana kanaatti adeemsa wanta nyaatamu abidda keessa kaa'uun foolii isaa urgeessuuti. Kunis kan taasifamu, arraba horii qalamee malkaafi tulluutti urgeessuun kennaa ayyaanaaf taasifame beeksisuudha.Kennaan kun uumama ayyaanni namaaf kenneen galateeffachaa hormaanni hafe akka itti fufu taasisuu yoo ta'u, foon qalames mata qaboon ciincessuun hordoftoota kan nyaachisuudha.

**Araara:** Araarri iddoo ayyaanaa kanatti yeroo baay'ee ayyaana bu'e irratti kan taasifamu yoo ta'u, innis namni seerafi safuu ayyaanaa cabse siidaa jalatti kufuun yookiin furda marsuun dhiifama yoo kadhate ayyaannis rakkoo muudate lallabaa dhiifama taasifames ibsaaf. Karaa birootiin namoonni sababa garaagaraatiin wallolanii turan ayyaana bu'e kanarratti rakkoo ture ibsachuun ayyaannis kallattii araaraa qajeelchuun jaarsi araaraa ramadameefi akka araarsan taasifama**.**Jaarsoliin araaraas ganama afaan agabuutiin qaamota wallolan marga saardoo hundee sagal qabuufi qarshii sadii qabsiisuun mooraa ayyaantuu, tulluu, abdaariifi iddoowwan kabajaa biroo taa'anii araarsu. Fakkoommiin marga sagalii baay'ina jaarsolii salgii yoo ibsu, Saardoon immoo lalisaa kan Bonaafi Ganna hingogne ta'ee araarris kan fiixa bahuun firummaan itti fufu ta'uu ibsa.

**Faloo:** Akka iddoo ayyaana kanaatti faloon adeemsa namni aadaa seeraafi safuu ayyaanichaa jalliseef kadhannaan taasifamuun falli kaa'amuufidha. Kunis haala badii namichaa irratti hundaa'uudhaan korma qaluu, qabeenya kennuu, ayyaana abbaafi haadhaa kadhachuufi kan biroo taasisuun dhiifama yoo kadhate faloo booda rakkoon isa hinmuudatu jedhamee amanama.

**Galchaa**: Adeemsa kennaa galateeffannaa yoo ta'u, innis hordoftoonni ayyaanichaa waan hawwan fakkeenyaaf ilmoo, qabeenya, fayyaa guutuufi kan biroo argachuuf ayyaana kadhachuun wanti fedhan kun guutameef kennaa galateeffannaafi yaadannoo galchuuf waadaa ayyaanichaaf galu. Haaluma kanaan gaafa wanti hawwan sun milkaa'eef gammachuudhaan korma fardaa, korma qotiyyoo, korma lukkuu, qarshii, uffata, nyaataafi dhugaatii garaagaraa

akkuma waadaa isaanitti yeroo baay’ee guyyaa kenna ayyaanaa hordoftoota bal’aa fulduratti beekamtii ayyaanichaa leellisuudhaan galchaa galfamuudha.

**Daddarbaa**: Mana ayyaanaa kanatti adeemsa dhangaa nyaataaf qophaa’e irraa fakkeenyaaf foon, daabboo, biddeena, marqaa, damma,akkaayiifi k k f iddoowwan kabajaa kanneen akka malkaa, tulluu, furda jala, siidaa jala, galmaafi gorroo keessatti kan daddarbamuudha.Inni kunis waaqa dhangaalee kanneen isaaniif kenne mata deebii daddarbuun yaadannoof kan galateeffatamuudha.

**Dhibaayyuu:** Adeemsa wantoota dhugaman kanneen akka bunaa, farsoo, aannan, daadhii akkasumas dhiiga horii qalamee iddoowwan ulfoo akka siidaa, furda, tulluufi malkaatti dhibaafachuun yaadannoo kennaa ayyaanaa taasisuufi mata deebii kaa’anii galateeffachuuti.

**Muudaa:** Jechuun akka iddoo ayyaana kanaatti wantoota akka dhadhaa, dhiiga qooreefi difdifa farsootiin iddoowwan ulfoo ta’anitti dibuudha. Kunis kan agarsiisu affeerraa kennaa waaqaa kanaan fakkeenyaaf siidaa, furda, dibbee, horii qalamuufi meeshaalee ulfoo muuduun galateeffannaa ibsuudha.

**Qabii:** Akka iddoo ayyaana kanaatti adeemsa mallattoon nama seera ayyaanaa cabsee mul’atuuti. Kunis nama dhuunfaas ta’ee gareen seerafi safuu bulmaata ayyaanichaa cabsuun mufannaa ayyaanatiin dhukkubsate yookiin qabeenyi jalaa miidhame, qabame jedhama.

**Baalfata:** Jechuun akka seera mana ayyaana kanaatti adeemsa adabbii murtii ayyaanaa kanfaluuf qabeenya kadhachuuti. Kunis kan taasifamu, namni seera amantaa cabsuun murtiin ayyaanaa itti kenname qabeenya dhuunfaas yoo qabaate dirqama kan baalfatuudha. Haalli kun immoo mana namootaa irra deemuun qarshiis ta’ee qabeenya garaagaraa kan kadhatu yoo ta’u, fakkoommiin isaa cubbuu baafachuudha jedhamee amanama.

**Qaacaruu:** Jechuun beellama himannaa yakka mana amantaati. Kunis namoonni dhimma garaagaraa irratti yeroo wallolaniifi himata mana murtii seeraa dhaquu yoo hin barbaanne gaafa guyyaa barbaadameetti mana ayyaanaatti dhiyaachuun akka dhimmi ilaalamuuf walmaganatu.

**Biqila:** Iddoo ayyaanaa kanatti sanyiiwwan midhaanii kanneen akka qamadiifi garbuu bishaan qulqulluutti naquun biqilchaniidha. Innis sirna kennaa ayyaanaatiif farsoon kan ittiin naqamu yoo ta’u, sirna dura guyyaa 14-15 ayyaantuu, jaarsolii salgiifi dubartoonni mana ayyaanichaa galmatti buna danfisuun eebbisanii kan biqilchaniidha. Adeemsa kana keessatti namoonni eebba

kanarratti hirmaatan laguufi lagannaa mana ayyaanichaa kan eeggatan yoo ta'e qofa. Fakkoommiin isaa ayyaanni lagannaa irraa bilisa yoo ta'e milkaa'ina fida jedhamee amanama.

**Guuttachuu:** Iddoo ayyaana kanaatti adeemsa seera mana ayyaanaa hunda guuttachuuti. Innis namoonni ayyaanni walfakkaatu irra bu'e guyyaa kenna ayyaanaa kana fagoo irraayyis ta'ee dhihoo irraa dhiyaachuun kadhannaan taasifamee erga ayyaanni bu'ee booda seeronni, safuu, lagannaa, walumaagala haalli bulmaata ayyaanichaa eebban taasifama.Qaamoleen seera guuttachuu dhufaniis sirna ayyaanichaa hanga dhumaatti hirmaachuun eebbifamanii galu.

**Afaa:** Afaan afata guyyaa kennaa ayyaanaa margaafi baala jiidhaa irraa qophaa'ee keessummootaaf galma hundatti afamuudha. Kunis baala ejersaa jabina ibsuuf, baala somboo nageenya ibsuu, marga dhalladduufi coqorsaa magariisummaafi latiinsa ibsuuffi fakkoommiin isaanis milkaa'ina jireenya fuulduraa agarsiisuuf taasifama.

**Sirna Eebbaafi Eebba Guyyaa Ayyaanichaa Raawwatan**

Ayyaana kanarratti akkuma Oromoon duraa duuba gosaa eeguun eebbisu sirna ayyaanaa kana keessattis walduraa duuba gosaa eeguun kan eebbiffamuudha.Kunis akka sirna ayyaana kanaatti Jidda, Noonnoo, Gumbichuu, Guutoo ta'uun kan eebbifamu yoo ta'u,yoo gosti sun jiraachuu baate galma jira jechuun kan itti aanu eebbisa. Fakkeenyaaf haala eebba isaaniitiin walqabatee:

Hayyee Hayyee    Hayyee    Hayyee
Waaqa Uumaa waaqa uumamaa
Waaqa burqaa haroo walaabuu
Waaqa sagaltama garbaa
Waaqa turban bareentummaa
Waaqa bokkuu Gurraachaa
Waaqa ciicoo gurraattii,
Waaqa caffee tumaa,waaqa shaman gadaa oromoo
Nagayaan kan nu oolchite nagayaan nubulchi.---------------------------------- bulchi
Nagayaan kan nu bulchite nagayaan nu oolchi---------------------------------  oolchi
Kaa faanti lafaan lolte,
Kan sammuun waaqaan lolte,nurraa qabi--------------------------------------- qabi
Irraa gora nu oolchi---------------------------------------------------------------  oolchi

Dogoggora nu oolchi------------------------------------------------------------- oolchi

Hamaa nurraa qabi-----------------------------------------------------------------qabi

Tolaa nutti qabi------------------------------------------------------------------ qabi

Xiqqaa nu guddisi---------------------------------------------------------------- guddisi

Guddaa nuu mul'isi------------------------------------------------------------- mul'isi

Waan qabnuun nu bulchi-------------------------------------------------------- bulchi

Rooba nagayaa roobi------------------------------------------------------------ roobi

Bara nagayaan nu baasi--------------------------------------------------------- baasi

Gadaan roobaa nagaa

Barri quufaa gabbina-------------------------------------------------------------------gabbisi waaq (maddi: Shallamaa Fayyee, kan qorataan gaafa 12/10/2010 iddoo sirnichaatti argamuun waraabuun fudhate).

Eebbi kun tulluutti korma qalamuuf kan eebbifamu yoo ta'u, kan eebbisu ayyaanttuu irraa eegalee jaarsolii salgii, jabboota, shanoota, abbaa kallachaafi abbaa abdaariitu walduraa duubaan eebbisa. Eebbi kunis kormifi mijuun kabajaa sirna ayyaanichaaf dhiyaatan oofkaltii gaarii akka ta'an, dhangaa dhiyaates ayyaanni irraa akka fudhatu, dhangaan kun keessummootaafis akka sifa ta'u, hirmaattonnis akka nagaan xumuranii milkaa'inaan gara mana isaanitti galan kan kadhatamuudha.

**Eebba Jaarsolii Waldaa**

Eebbi kun jaarsota garaagaraan kan eebiffamu yoo ta'u, kanneen biroo eebbba kana irratti eebbifamanis jiru.Eebbi kunis jaarsolii waldaatiin kan adeemsifamuudha.

Kan nagaan nu oolche, nagaan nu bulchi------------------------------------ bulchi

Gaarii keessa nu haa bulchu--------------------------------------------------- haa bulchu

Hamaa nurraa haa fageessu----------------------------------------------------- haa fageessu

Xinnaan haa guddatu------------------------------------------------------------ haa guddatu

Guddaan haa bulu----------------------------------------------------------------- haa bulu

Wallaalaan haa beeku ---------------------------------------------------------haa beeku

Beekaan haa fulla'uu--------------------------------------------------------- haa fulla'u

Sanyii sadeen nuuf haa qajeelu---------------------------------------------- haa qajeelu

Roobaa caamaan nu haa wayyu-------------------------------------------- haa wayyu

Sa'aafi nama fayyaa nuuf haa godhu--------------------------------------- haa godhu

Ala mana nagaa nuuf haa taasisuu------------------------------------------ haa taasisu

Maseenni haa deessu.-------------------------------------------------------- haa deessu

Deessuun haa oofkaltu------------------------------------------------------ haa oofkaltu

Kan bitaan qabannee mirgaan darbanne

Nagaan nu haa sooru---------------------------------------------------------haa sooru

Simbira waliin nu haa sooru------------------------------------------------ haa sooru

Cabbiin nu haa labu---------------------------------------------------------haa labu

Bubbee hamaa nurraa haa fageessuu------------------------------- haa fageessu (madda: Tsaggaayee Hundee kan qorataan gaafa 12/10/2010 iddoo sirnichaatti argamuun odeeffate)

Eebbi kun jaarsolii waldaatiin kan eebbifamu yoo ta'u, milkaa'ina qophii sirnichaa fiixaan baasuuf , imaanaa kennachuufi galateeffannaa kan agarsiisuudha.

**Eebba Jaarsolii Horee**

Eebbi jaarsolii horee, jaarsolii hidda dhaloota ayyaantuu ta'anii sirna kenna ayyaanaa kanarratti akka eebbisan ga'ee qabaniidha.

Kan nagaan nu oolche nagaan nubulchi……………………………… nuubulchi

Kenna kana kenna oofkaltii nutaasisi…………………………………… nuu taasisi

Hongee balaa nu haa baraaru…………………………………………… Haa baraaru

Hattuufi farristuu haa balleessuu……………………………………… Haa balleessu

Milkii gaarii nu haa qajeelchuu………………………………………… Haa qajeelchu

Da'aima guduruu nu hin dhabsiisin…………………………………… Hin dhabsiisin

Jabbii bilbilaa nuuf haa laatu…………………………………………… Haa laatu

Hoolaafi gorroo nu hindhabsiisin……………………………………… Hin dhabsiisin

Korma fardaafi gorboon hindhabamin………………………………… Hindhabamin

Maseenaaf ilmoo haa laatu……………………………………………… Haa laatu

Dhabaaf dilboo haa laatu………………………………………………… Haa laatu

Dhadhabbataafi buusaa nu kenni……………………………………… Nu kenni

Hiyyeessaaf kuusaa kenni ……………………………………………… kenni

Kan kotta'e diriirsi……………………………………………………… Diriirsi

Dhugaa dhokate finiinsi………………………………………………… Finiinsi

Dhangi'a nuuf tolchi…………………………………………………… Nuuf tolchi

Dhibaayyuu nuuf sifeessi………………………………………………… Nuuf sifeessi

| | |
|---|---|
| Kan dhaabbatee farrisu muka gogaa taasisi…………………………… | Taasisi |
| Kan taa'ee hamaa malu dhagaa taasisi………………………………… | Taasisi |
| Bakkalcha barii ta'aa………………………………………………… | ta'aa |
| Ifaa biyya mul'isaa…………………………………………………… | mul'isaa |
| Laga Abbayyaa ta'aa, waraabbiin isin hinfixin………………………… | Hinfixin |
| Cirraacha Mogor ta'aa hammarriin isin hinfixin………………………… | Hinfixin |
| Tulluu waaqaa ta'aa itti jiguun sodaachisaa…………………………… | sodaachisaa |
| Adda Leencaa ta'aa hamtuun isin hincabsin…………………………… | Hincabsin |
| Urjii samii ta'aa lakkoofsi isin hinfixin……………………………… | Hinfixin |

(madda: Naggasaa Jootee kan gaafa 12-10-2010 qorataan sirnicha irratti argamuun ragaalee argate.



**Suuraa 14: yeroo jaarsonni eebbisan agarsiisu.**

suuraa armaan olii irraa akka hubatamutti hirmaattota ayyaanichaa keessaa jaarsolii salgii, jabboota, shanootafi ayyaantuun mijuu qabachuun tulluu jalatti marga jiidhaa irra taa'anii mijuu guuttachuun korma qalamuuf eebbifatu.Kunis mijuun guutame jireenya fuulduraa guutuu akka ta'u, yoo ta'u margi jiidhaan hafame jireenyi fuulduraa lalisaa ta'ee akka itti fufu waaqa kadhachuu ibsa.

Gama biroon immoo, eebba Dubartoonni yeroo ayyaanaa eebbisan haala armaan gadiitiin kan jiruudha.

**1. Eebba Dubartootaa**

Dubartoonnis sirna ayyaanaa kana ilaalchisee korma tulluu irratti qalamu ilaalchisee eebbifatan haala armaan gadiitiin kan taa'eedha.

| | |
|---|---|
| Hallayyaa lafa nuu godhi………………………… | nuu godhi |
| Alagaa fira nuu godhi…………………………… | nuu godhi |
| Dhibaayyuu sifa nuu godhi……………………… | nuu godhi |
| Dukkana ifa nuu godhi…………………………… | nuu godhi |
| Hafaan caffee waaqaa haa ta'u…………………… | Haa ta'u |
| Kadhaan laphee waaqaa yaa gahu………………… | yaa ga'u |
| Gaangeen shaankuraa duuniyaan haa galu………… | Haa galu |
| Dhaltiin ofataa bobba'ee dhalaa haa galu…………… | Haa galu |
| Oofaa daandii nuuf haa miijessuu………………… | Haa miijessu |
| Bokkaa laafaa nuuf haa roobu……………………… | Haa roobu |
| Sanyii nuuf haa biqilchu…………………………… | Haa biqilchu |
| Siidaa Oofaa haa ulfaatu…………………………… | Haa ulfaatu |
| Furdi oofaa haa kabajamu…………………………… | Haa kabajamu |
| Abdaariin nuuf haa tolu………………………… | Haa tolu |
| Hamtuun isin hinargin……………………………… | Hin argin |
| Toltuun isin hindarbin……………………………… | Hin darbin |
| Abjuun isin hinbadin……………………………… | Hin badin |
| Dabduun si hin qabin………………………………… | Hin qabin |
| Lafti si hinbaqatin…………………………………… | Hin baqatin |
| Oofaa sitti hin kakatin……………………………… | Hin kakatin |
| Arjoomaaf harki si hinqala'atin …………………… | Hin qal'atin |
| Hambi si hin hamatin……………………………… | Hin hamatin |
| Ilma gosa hatu nurraa haa qabu……………………… | Haa qabu |
| Nama karaa qotu nurraa haa qabu………………… | Haa qabu |
| Sangaa waanjoo baqatu nu haa baraaru…………… | Haa baraaru |
| Bubbee dhukkuba ooftu nurraa haa qabu…………… | Haa qabu |
| Dubartii sanyii akooftu nu haa baraaru……………… | Haa baraaru |
| Nama kophaa falatu nu haa baraaru………….. | Haa baraaru |

(madda: Jiituu Alamuu, kan qorataan gaafa 12-10-2010 waraabuun raga argate)



**Suuraa15: yeroo dubartoonni eebbisan agarsiisa**

Akka suuraa armaan olii irraa hubatamutti dubartoonnis sirna kennaa ayyaana kana irratti gahee waan qabaniif sirni ayyaanichaa hariiroo hawaassummaa cimsuun mul'ata jireenyaa ifa akka godhu, qabeenya qaban tiksuun kan hinqabnes akka dabaluuf, qilleensafi sanyii margu miijessuun hormaanni akka qajeelu, safuufi safeeffannaa beekuun olaantummaa ayyaanichaa hordofsiisee akka jireenya gaarii jiraatan kadhatama.

### 4.2.3 Sirna Booda

Sirna ayyaanaa sana booda dhimmoonni raawwataman kanneen akka keessummaa gaggeessuu, meeshaalee garaagaraa qulqulleessuun iddootti deebisuu, uulmaa ba'uufi boqochuun fa'aa dhimmoota sirna ayyaanaa booda raawwatamuudha. Haala kanaanis wantoonni raawwataman:

**Ulmaa Bahuu-**Sirni ulmaa bahuu sagantaa kenna ayyaanichaa galateeffannaadhaan goolabuudha. Kunis ayyaantuufi namoota isa waliin turan iddoodhaa iddootti sochoosuu, kunis bakka bakkatti, abdaariittifi malkaatti ta'uu danda'a.Yeroo kana qalmis jira. Yoo qaluu baataanis horii duraan qalame mataafi garaacha isaanii nyaatu. Fakkoommiin isaas foon mataa nyaachuun nujabeessi, garaacha dhiqanii nyaachuun immoo xurii nurraa dhiqi, garaa keenya tokko taasisii, nujabeessi yaadota jedhan of keessa qaba.

**Abdaariitti Bahuu:** Abdaariitti bahuun kun qophiilee sirna booda raawwataman ta'ee nyaataafi dhugaatiin haarawaan qophaa'ee firootafi aanteewwan ayyaantuu waliin ganama subii buna danfisuun iddoo kanatti nyaannifi dhugaatiin dhihaatee dhibaayyuunis raawwatee milkaa'ina sirnichaaf kan galateeffatamuudha.

**Galmatti Ayyaaneffachuu**: Adeemsi galmatti ayyaaneffachuu kunis raawwii sirna kennaa raawwwataman galateeffachuun galma keessatti ayyaantuun qofaa isaa gorroo keessa taa'uun ixaanaafi urgooftuuwwan garaagaraa urgeeffamaa waaqa keessummoota nagaan galche miseensa maatii isaa waliin kan galateeffamuudha.Dhibaayyuu dhangaa dhihaatees furdaafi siidaa jalatti dhibaafachuun oofkaaltiin sirna ayyaanichaa galateeffatama.

**Keessummaa Galchuu:** Adeemsa kana keessatti keessummoota hunda iddoo tokko teessisuun namoota fagoofi dhiheenya irraa dhufan ayyaantuun eebbisa. Dabalataanis dubartoota ulfa, maanguddootafi namoota daa'immaan baatan akka fageenyafi dhiheenya isaanitti bokkaafi lolaa bishaaniin akka hinmiidhamne gorsi kennameefi meeshaalee sirna ayyaanichaaf qabatanii dhiyaatanis haala mijessuufiin nagaan akka galan waliin gaggeessu.

### 4.3 Faayidaa Ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa

Ayyaanni tokko kan adeemsifamuuf faayidaa garaagaraa giddu galeessa godhateeti. Akka gaggeessaan ayyaanichaa (ayyaantuun) jedhanitti Ayyaanni abbayyee Gadaa ayyaana uummata keessatti kallattii hawaasummaafi dinagdeetiin ilaalamuu bu'aa ba'ii garaagaraa keessatti kan namoonni itti amananiifi itti galateeffataniidha.

#### 4.3.1 Kallattii Hawaasummaan

Hawaasni sirnoota garaagaraa dhimmoota kabajuuf akkuma qabu haala ittiin kabajus qaba. Kunis waldhabdee araarsuu bira darbee hawaassummaa cimsuufillee qoonni inni qabu guddaa akka ta'etti eeru. Akka gaggeessaa ayyaanichaa yookiin ayyaantuu irraa odeeffannoon argametti karaa hawaasummaatiin waldhabbii namoota jidduutti mul'atu walitti fiduun araarsuufi rakkoo isaanii hiikuu yoo ta'u, namni bakka kanatti araaramuu diduu akka hindandeenyeedha.walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu,abdii gara fuulduraa ta'uun abdachuu, iftoomina gidduu namootatti uumuu, fayyaa ofiitiif illee kadhachuu,haala jiruufi jireenyaa qajeelchuu,aadaa uummatichaa ijoollee barsiisuu, aadaa walkabajuu illee akka cimsuufi karaa ittiin aadaa ofii ibsatan ta'uu, Safuufi duudhaa kan barsiisuu ta'uu, walqixxummaan koorniyaafi dinagdee dagaagsuu keessattillee dhimma kan bahuudha.Gama biroon yakka garaagaraa  irraa bilisa gochuu kunis, kan akka hannaa, dhibaa'ummaafi soba raawwaachuu fa'aa sirna ayyaana kana keessatti kan balaaleffatamuudha. Akka seera ayyaana kanaatti namni hundi hojjatee dafqa ofiin akka bulu kan jajjabeessuufi kan lallabuudha. Walumaagalatti faayidaan isaa gama hawaasummaatiin

namoonni amantaa garaagaraa hordofaa turan yoo achi deeman qooddi tokko malee hirmaachisuu, hordoftoonni amantichaa uffata barbaadan uffatanii dhiyaachuu, namoota dhukkubsataniif qoricha kan kennu osoo hintaane kallattii dawaa himuu, namoota cidha godhataniif umriifi hidda dhalootaa gaafachuu, namoota karaa deemaniif sanyii facaasuu barbaadaniif eebbisuu, mirga dubartoonni abbummaa qabeenyaa irratti qaban lallabuu, mirga uumama hundaa beeksisuufi safuufi safeeffannaa eeguun namni hangafi quxisuu eegee walkabajee akka waliin jiraatu hariiroo hawaasummaa gaarii barsiisa.

### 4.3.2 Gama Dinagdeen

Dinagdeen utubaa dhala namaa akka ta'etti kan ilaalamu yoo ta'u, akka ragaan ayyaantuu kanarraa argame ibsutti: adeemsa raawwii ayyaanichaa keessatti ayyaanichi qusannoo kan barsiisu, gama ayyaanichaatiin kadhachuun qabeenya dura bade yookiin manca'e illee deebisuufi qabeenya kan horsiisu akka ta'etti amanama. Qabeenya namni tokkollee qabu nitiksa. Ayyaanicha hordofuufi adeemsicha keessatti hirmaachuun jiruufi jireenya hawaasichaa kan cimdsuufi dinagdeen isaanii illee akka dagaaguu kan godhuudha. Walumagalatti faayidaan gama dinagdeen agarsiisu namni umrii malee walfuudhuun akka hinrakkanne taasisuu, namoonni himata seeraa mana murtii deemuuf baasiif akka hinsaaxilamne gochuu, namoonni yakka raawwatanii akka qabeenya hinbaasne gorsuufi karaa qabsiisuun namni horatee akka jiraatu jajjabeessuu.

## 4.4 Hirmaattota Ayyaanichaa

Ayyaanni Warra Oofaa Abbayyee Gadaa ayyaana Uummataa akka ta'etti ilaalama .Gosa ayyaantuu sanaas ta'e, namoonni gosa sana hintaane fagoo irraayyis ta'ee dhihoo irraa kan hirmaataniidha. Kanneen hirmaatanis kaayyoo gara sana deemaniif qabu. Daa'imman aadaa dhaaluuf kan hirmaatan yoo ta'u, namoonni gurguddoon immoo gahee mataa isaanii danda'e akka qabaniidha.walumagalatti namoota ayyaanicha irratti argaman; abbaa ayyaanaa, Jaarsa, jaartii, dargaggeessa, dargaggeettii Koree fi ijoolleedha.

**Abbaa Ayyaanaa:** Abbaan ayyaanaa hoogganaa ayyaanichaa akka waliigalatti ayyaanicha qajeelchuufi namoonni itti amananiidha.Innis guutummaa ayyaanichaa jalqabaa amma dhumaatti kan hordofu,seera mataa isaa kan qabuu,murtee lallabuufi kadhachuu kan kennuu,kan gorsu,kan eebbisuufi ayyaanicha karaa qabsiisee haala uummanni hordofuu danda'uun kan deemsisuudha.

**Ijoollee:** Ijoolleen akkuma sirna gadaa keessatti gahee mataa ishee qabdu sirna ayyaana warra oofaa abbayyee gadaa keessattis gahee mataa ishee qabdi.Yeroo ayyaanni sun gaggeeffamutti maatiin ijoollee ofii fudhachuun gara warra ayyaana Sanaa kan deeman yoo ta'u, sababni ijoolleen deemtuufis muuxannoo horachuu,faaruu ayyaanicha irratti faarfatamu waliin faarfachuu, namoota faarfatan jalaa qabuu,haala teessuma isaanitiin immoo ayyaana irraa fagatanii taa'uu,safuu ayyaanichaa baruu, dhangi'a ayyaanichaa fudhachuufi duudhaa baruun fa'aa gahee ijoollee ayyaanicha irratti argamaniiti.



**Suuraa 16: Dargaggoota yeroo ayyaanicha irratti hirmaachuuf qophaa'an agarsiisu**

**Koree:** Koreen namoota garaagaraa irraa kan ijaaramuufi jaarsolii salgii jedhamuun kan beekamaniidha. Jaarsolii salgii kanaaf leenjiin kan kennamuufi murtee ayyaanichaa irra dhaabbatanii murtee kan kennaniidha.Jaarsoliin salgii kunis ayyaanichaa waliin walitti dhufeenya cimaa qaba jedhamee waan amanamuuf murteen isaanii fudhatama qaba. Fakkeenyaaf yeroo namoonni wallolan dhimma isaanii irratti hundaa'uudhaan jaarsoliin salgii argamu. Isaanis nama sadi, shan, torba, sagal, kudha tokkofi isa ol ta; uu danda'a. Akka ragaan abbaa ayyaanaa kanarraa argame ibsutti; jaarsi salgii namoota lama, afur.ja'afi kkf ta'uu hindanda'an. Akka sababaatti wanti isaan dhiheessanis murtee kennuuu irratti garaagarummaan yoo jiraate murteessuun rakkisaadha. Namoota sadi yoo ta'an garuu waan namoonni lama murteessan fudhachuun waan danda'amuuf jedhamee kan murtaa'eedha. Jaarsoliin akka walhin lolleefis kan yaadameedha. Walumagalatti jaarsoliin salgii lakkoofsaan mangoo kan ta'aniifi mana ayyaanichaatti aangoo rakkoofi dhimmoota garaagaraa furuu kan qabaniidha.



**Suuraa 17: Jaarsolii ayyaanicha irratti hirmaatan agarsiisu.**

**Dubartoota:-**Ayyaana warra oofaa abbayyee Gadaa keessatti dubartoonni gahee olaanaa qabu. Haala garaagaraa miijessuu bira darbanii hanga ayyaanicha milkeessuufi galma yaadameen gahuu keessatti qoodni isaanii olaanaadha. Yeroo ayyaanichaa  dhangaa garaagaraa geessuun gara warra ayyaanichaa yoo deemaan, erga achi gahanii booda niililchuu, marga hafuun miidhagsu,buna danfisu, uffata aadaa garaagaraa kan yeroo ateetee bulchanii uffachuun sabbata laaffisanii gadi dheeressuun godhatu,nyaataafi dhugaatii baay'isanii fuudhanii dhaqan sana immoo haala uummanni ayyaanicha irratti argaman nyaachuu danda'aniin dhiyeessu.

**Dargaggeessa**:-Dargaggoonni akkuma sirna gadaa keessatti gahee mataa isaanii qaban ayyaana warra Oofaa Abbayyee gadaa keessatti illee gahee mataa isaanii qabu. Hojiilee garaagaraa hojjatu, qoraan wantoonni garaagaraa ittiin qophaa'an falaxuun qopheessu.Hojii walii hiruun bakka hojii atattamaatti argamu, nyaata namoota ayyaanicha irratti argamaniif hiru, bakka rafiitii keessummootaa qopheessu.Walumaagalatti hojiilee atattamaa garaagaraafi haala garaagaraa miijessuun ayyaanicha irratti gahee isaanii bahu.

**Shamarran:** shamarran faarfachuun ayyaanicha deeggaru. Gama birootinis hojiilee garaagaraa achi keessatti hojjataman hojjachuun ayyaana sana keessatti hirmaatu.

**Horee**: Horee jechuun hidda dhalootaatinis ta'ee faayidaa ayyaanicha irraa argataniin miseensa ayyaanichaa ta'anii namoota achitti bulaniidha.

**Jabboota**: Jaarsolii mana ayyaanaa ta'anii lakkoofsaan sadi kan ta'aniifi yeroo hunda achitti argamanii rakkoo kan furaniidha. Rakkoo kunis walitti bu'iinsa namootaa araarsuu, tufsiisuufi aagii basisuu fa'a.

**Shanoota**: Jaarsolii araara mana ayyaanichaa ta'anii baay'inni isaanii lakkoofsaan shan ta'aniifi darbee darbee achitti kan argamaniifi aangoon isaanis hanga tokko xiqqoo kan ta'eedha.

**Beerren Jaaloo**: Haadha warraa salgootaati.Haadha warraa salgootaa kana keessa bakka bu'anii marqaa kan dhaabaniifi seera leemmoo hunda kan xumuraniidha.Seera Leemmoo Jechuun marqaa jaalootti marqame waciitiitti baasuun keessummootaaf yoo kennan ofii isaaniif jaaloodhuma irratti nyaatu.

**Kaaddaamii:** Kaaddaamii jechuun dubartii ijoollummaattis ta'ee guyyaa keessa sababa rakkoo garaagaraatiin ayyaanichaaf of wareegdee achi galteedha. Gaheen hojii ishees galma hunda seenuu, buna danfisuu, dhibaayyuu dhibaasuufi daddarbaa geessuudha.

**Dhiira galchaa gale**: Gaheen hojii isaa dibbee sirreessuu, galma hunda keessa seenuun furdaafi siidaa qulqulleessuu. Furda jechuun utubaa mana ayyaanaa ta'ee kan manicha baatufi itti dhibaafachuun kan kabajamuudha. Siidaan immoo dhagaa qulqulluu lafa keessaa akka olba'utti dhaabatee namoonni yaadanis ta'ee qaamaan qulqulluu ta'ee kan itti dhibaafatuufi kadhatuudha.

**Mata Qaboo**: Mata qaboo jechuun nama horee keessaa filatamee yeroo ayyaantuun korma yookiin sa'a qalu kan mataa qabuufiidha. Kana malees horiin qalame sun osoo lubbuun keessaa hin bahin arraba keessaa baasuun kan gara ciincaatti geessuudha.

**Lukoo-** Bakka bu'aa yookiin wabii miseensa mana ayaanichaati.Hanqinoota sirna raawwii keessatti mula'atan hundaaf wabiifi itti gaafatamaa kan ta'eedha.

**Beerren Cifiree:** Umriifi aangoon isaanii olaanaa kan ta'eedha. Aangoon isaanii siiqqee, kallachafi caaccuu baachuu, callee dirachuu kan qabaniifi kadhannaa, eebbafi araara namootaa keessatti gahee guddaa kan qabaniidha.

**Daa'ima Guduruu/Gaammee/Qarree/-** Ijoollee dhiiraa yookiin dubaraa ta'uu danda'aniifi yeroo hongee hamaa bubbee cimaa yookiin yeroo namoonni gaga'ama hamaa waliirraan gahan farda luugamaan dhaabuun ayyaantuun araarsuuf yeroo lallabu kan farda sana qabanii dhaabataniifi bishaan harkaa kan buusaniidha.

**Caffee olaanaa:** Namoota lubbuu dabarsaniifi ganda oofaatti waliif dhihaachuu didan gara sanatti ergamuun achitti araaramu**.** Yoo himataan hafe himatamaan caffee olaanaa kana albee lamaafi hoolaa lama fuudhee caffee olaanaa sana deemuun hoolaa tokkofi albee tokko caffee olaanaatti dhiisuun kan hafe fudhatee galee manatti qala.

**Haadha Warraa**: Haati warraa mana ayyaanaa kana keessatti gaheefi ulfina guddaa qabdi. Fakkeenyaaf eebba sirnoota ayyaanaa eebbisuu, kennaa ayyaanaa irratti yeroo horiin qalame eelemtuu dhiigaa qabattee dhiigicha bakka barbaachisu hundatti muuddi yookiin facaafti.Kana malees yeroo ayyaanni bu'u jal'aba eebbisuun faarfatti.

**Qalaaxee**: Qalaaxee jechuun akka mana ayyaana kanaatti lallabduu sagalee yookiin afuura ayyaantuuti. Innis aantummaafi qulqullummaa mana ayyaanaa keessatti qabuun kan filatamu yoo ta'u, guyyaa kenna ayyaanaa halkan keessaa sa'aa8-10 tti sagalee ayyaana bu'ee ergaa dubbatuu itti siqee dhaggeeffachuun hordoftoota hundaa dhageessisa. Sagalee ayyaanaa kanaas isatu beeka waan ta'eef ergaawwan adda addaa waa'ee nageenyaa, safuu, araara, aadaa, lagannaafi kan biroo akka hordoftoonni hundi dhaga'anitti sagalee olkaase lallaba yookiin hima.

**Foollee:** Akka iddoo sirna kanaatti dargaggoota gahee hojii garaagaraa qabaniidha. Innis dibbee rukutuu, faaruu faarsuufi keessummoota galchuu yoo ta'u, adeemsi sirna raawwii ayyaana kanaas kan sirna gadaatiin waan walfakkaatuufi foolleen uffatafi meeshaalee aadaa fayyadamuun eebba fudhachuun sirnicha irratti hirmaatu.

### 4.5 Yoomessa Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa

Ayyaanni oofaa akkuma ayyaana biroo yoomessa mataa isaa kan qabuufi kan ayyaaneffatamuudha. Yoomessi ayyaanichaas haala armaan gadiitiin ibsuun nidanda'ama.

- ✓ Torbii
- ✓ Kudha arfii
- ✓ Birraa
- ✓ Bona
- ✓ Arfaasaa

**Torbii**: Torbiin sirna ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa keessatti torbee torbeen kan ayyaaneffatamuudha. Guyyaan kunis torban keessaa guyyaa Roobii yoo ta'u, sababni guyyaan kun filatameefis guyyoota hojii keessaa walakkaa ta'uu isaatiifi kamisa guyyaa guutuutti waan bari'uufiidha.Hirmaattoonnis namoota lafa dhiheenya irraa dhufantu miseensa ayyaanichaa waliin hirmaata.

**Kudha Arfii**: Kudha arfiin akkuma maqaa isaa irraa hubatamu torbee lamaan ayyaana ayyaaneffatamuudha. Ayyaana kana irratti namoota fagoo dabalatee aanteefi ollaatu hirmaata. Akkuma ayyaana isa kaanii wantoonni barbaachisoo ta'an hundi ayyaanicha irratti niargamu. kunis torbanitti guyyaa Jimaata yoo ta'u, Jimaanni guyyaa cimaafi ulfaataadha. Sababni cimaa ta'eefis torbee lama lamaan waan ta'eef namoonni dhihoos ta'ee fageenya irraa dhufuun kadhannaa garaagaraa waan raawwataniif bifa hoo'aadhaan raawwatama. Sababni Ayyaana torbii kanarrattis baay'inaan kan hirmaatu namoota fagoo isoo hintaane aanteefi ollaatu hirmaata.

**Baatii Birraa**: Birraa keessaa sirni kennaa ayyaana kanaa baatii Fulbaana guyyaa 16-17 tti gaggeeffama. Baatiin Fulbaanaa baatii dukkana yookiin ganna irraa gara birraatti ce'aniidha. Ayyaanni kunis galateeffachuufi kadhachuun kan ayyaaneffatamu yoo ta'u, bakki ayyaanni kun itti gaggeeffamus malkaa guddaa bu'uun irreeffatamee kormi qalamuun faarfaannaan galateeffannaan garaagaraa taasifamee gara abdaariittis deebi'uun kadhannaan taasifama. kunis ganna gurraacha keessa darbanii booqaa birraatiin kan isin gahe, dukkaana keessaa ifatti kan ceesise,qaaqamni birraa karaa nagaatti akka ce'uuf giddu galeessa godhachuun kan kadhatamu yoo ta'u, Bona illee oofkalchee akka keessa dabarsuuf ayyaana ayyaaneffatamuudha. Abbaan ayyaanas hirmaattota ayyaanichaaf haala kana ilaaluun kadhata akkasumas ayyaaneffata. Ayyaana kana irrattis namoonni hedduu kan irratti hirmaatan yoo ta'u, warri fagoo ta'anii yeroo gannaa sababa bishaaniifi fageenyatiin hirmaachuu hindandeenye illee ni hirmaatu.Kanaafuu akka ragaan abbaa ayyaanaa irraa argame ibsutti haalli ayyaanichaa bal'aa akka ta'eedha.

**Waqtii Bonaa:** Kunis kan adeemsifamu, mudde 28-29 yoo ta'u, malkaa bona hingognetti sa'a qaluun dhiibafatamee, nyaatamee, dhugamee, kadhannaafi faarfannaan garaagaraa taasifamuun galateeffatama. Kunis waaqni oomisha facaafannee nagaan qaqqabsiisee lubbu qabeeyyii hunda soore galateeffachuu, bona itti deemamuuf immoo bubbeefi hongee hamaan akka hinmuudanne imaanaa galfachuun galateeffatama.

**Waqtii Arfaasaa**: Arfaasaan akkuma beekumu waqtilee waggaa keessaa isa tokoo ta'ee ,ganna itti deemaan oofkaltiin akka dabarsaniif kan kadhatamuudha.Ganna oofkalanii birraa haala nagaa ta'een akka wal arganiif illee kan kadhatamuudha.kunis sanyii facaasuutti waan deemaniif sanyiin facaasan yeroo isaa eegee biqilee,daraaree,asheetee,ija godhatee uumama hunda sooruuf imaanaa waaqaatti galfachuudha.Kana malees, dhukkeen bonaa darbee dukkana gannatti nama dabarse kun booruu gannaa akka nagaan bahan,afuura jawwee hamaafi bofaa akka namarraa eeguu,bakakkaafi cabbii hamaa irraa akka nama baraaru,bubbeefi lolaa cimaa irraa nama oolchuun ifa birraatti bahanii uumamni hundi ilillii birraatiin fuula ifaatiin akka walargu kadhachuudha. Walaloon haala armaan gadiin ilaaluu dandeenya. (Madda: Booranaa Agarii (Ayyaantuu) kan qorataan gaafa 12/10/2010 sirnicha irratti hirmaachuun af-gaaffiidhaan ragaa argate.) Nama eebbisu…………………………………………………..warra jalaa qabu

Yaa Waaq abbaan daakaa, abbaan caffee
Oofa raasa maccaa nuuf toli-------------------------------------------------------nuuf toli
Horee keenya hunda nagaa taasisi-------------------------------------------------taasisi
Kan dhukkee bonaa nagaan nubaafte,
Booruu gannaas nagaan nubaasi---------------------------------------------------nubaasi
Harqootaafi waanjoo hinfannisin-------------------------------------------------hinfannisin
Siif hawwannaa nu hinsalphisin--------------------------------------------------hinsalphisin
Bubbeefi cabbii hamaa nubaasi---------------------------------------------------nubaasi
Abbaan Malkaa,abbaan abdaarii nuuf awwaadhu
Abbaan caffee, abbaan jaarii nuuf toli-------------------------------------------nuuf toli
Tiksee nagaa taasisi-----------------------------------------------------------------taasisi
Loon nagaa taasisi-------------------------------------------------------------------taasisi
Sanyii gaarii nuu biqilchii----------------------------------------------------------biqilchi
Lolaafi qorra hamaa nubaasi.-----------------------------------------------  ---------nubaasi
Dheekkamsa midhaan miidhu nubaraari--------------------------------------------nubaraari

Sa'aa nama keenya nutiksi. (Maddi: Mangistuu Guddataa kan qorataan gaafa 12-10-2010 kan qorataan sirnicha irratti hirmaachaa daawwannaan viidiyoo fayyadamee waraabbate)

Walaloo kanarraa olaantummaa ayyaanichaa kaasuun, milkaa'ina bona keessa dabarfamee gannas fiixaan akka baasuuf, qabeenya qaban akka tiksuuf, sanyii nagaas biqilchee akka

geessisu, cabbiifi bubbee hamaa irraa eegee Birraa fuula ifaan isaan geessisu, raawwii darbe galateeffachaa kan itti aanuuf imaanaa kaawwachuudha.

Waluma galatti yoomessi ayyaana warra Oofaa Abbayyee Gadaa yoomessa mataa isaa kan qabuufi waggaatti kan namoonni bal'inaan irratti hirmaatan baatii Muddee,waxabajjiifi Fulbaanaa kana adeemsifamu yoo ta'u torbiifi kudha arfiitti immoo bal'inaan namoota aantee ta'aniifi dhihoo ta'antu irratti hirmaata.

### 4.6 Faaruu Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa

Faaruun amantaa hunda keessatti hiikafi kaayyoo mataa isaa qaba. Faaruun ayyaana warra Abbayyee Gadaa kunis ayyaana sana keessatti hiikoo mataa isaa qaba. Ergaa hawaasaaf dabarsan keessaa tokko tooftaa faaruu kana faarfachuutiin ta'a.Faaruu garaagaraa guyyaa ayyaanaa kan faarfatan haala armaan gadiitiin tokko tokkoon haa ilaallu:

**Faaruu -1 F aaruu maarimiif kennaa Arfaasaa irratti faarfamu**

Immooshee kaa yaa ayyoolee koo( x2 )………………………Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Kaleessa jabbiin hootee yaa ayyoolee koo………………….. Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Addeessa barii gootee yaa ayyoolee koo…………………… Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Faarroo janfallii gootee yaa ayyoolee koo……………….. Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Oofte shaggariin mootee yaa ayyoolee koo……………… Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Hongeen darbee kan citaan marguu………………… ." Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Bitaan qotee kan mirgaan darbuu…………………… ." Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Dhugaaf jedhee kan hundaaf falmuu………………… Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Duudaa bane kan ijaan arguu iyyoolee koo……………… Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Gaangeen kutee gama ilaaloohoo…………… …… Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Anuu dhufeetan si ilaalahoo…………………………… Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Eebbif faloon kee nu haa gawu ………………………… Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
Fayyaan kunoo hunda caalaahoo ( x2)………………….. Immooshee kaa yaa ayyoolee koo
(madda: Taaddasuu Margasaa kan qorataan gaafa 12-10-2010 viidiyoon waraabbatee ragaa fudhate)



**Suuraa 18: Faaruu yeroo faarfatan kan agarsiisu**

Faaruun maaramiif faarfamu kun olaantummaa maaraam dhukkubsataa fayyisuu, rakkoo furuu, itti gaafatamummaa daa'immaniifi dubartootaas olaantummaadhaan baati jedhamee waan amanamuuf galateeffachaa imaanaa kaawwachuudha.

**Faaruu-2 Faaruu Beekamtii Ayyaanaa**

Seeyyehoo yaa ayyoolee nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Kaleessa kaleen keetii yaa aayyoo nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Leelloon sagalee keetii aayyoo nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Anfarroo fagoo maccaa yayyoo nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Arrabnis aarrii dhalchaa yaa ayyolee nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Abbayyee salgan dachaa yaa ayyoolee nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Dikaa sagaleen guddaa yaa ayyoolee nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Oolchee dagaleen furdaa yaa ayyoolee nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Siidaa keen marmaaranoo yaa ayyoolee nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Jiidha kee barbaadanoo yaa ayyoolee nooraa — yaa ayyoolee nooraa
Maqaan kee jabaadha hoo aayyolee nooraa……………………….. yaa ayyoolee nooraa (madda :Muluu Hundee; kan qorataan gaafa 12-10-2010) viidiyoon waraabbateedha)

Faaruun kun cita miseensa ayyaana warra oofaa kan ta'e dikaaf kan faarfamuudha. Innis olaantummaa ayyaanichaa kaasuun dika ulfaataafi kadhannaan, itti bullaan, seera isaa beeknaan waan kadhatame hunda kan namaaf raawwatu ta'uu isaa galateeffachaa galfata kaawwachuudha.

**Faaruu-3**

Immeete kaa yaa aayyolee koo

Jabbileen Birruu Goshuu yaa aayyolee koo ------- Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Anillee siyyuun obsuu --------------------------------- Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Kan copheef hirkoo kenni------------------------------ Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Kan dhabeef ilmoo kenni------------------------------- Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Oofiyyoo galchaan gaarree----------------------------- Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Maqaa keen faarsaa maarree--------------------------- Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Jabboonni kee afuura fayyaa -------------------------- Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Gooftaa koo kadhellee sirraa hindhabuu-------------- Immeete kaa yaa ayyoolee koo

Faaruun kun galateeffannaa kan ibsu yoo ta'u, hordoftoota seeraan itti hinbulle mufannaa ayyaanichaatiin dhiibbaan irra gahu danda'u guddaa ta'uu akeekkachiisuufi hubachiisuudhaaf faarfama.

**Faaruu -4 Faaruu Abdiif Faarfamu**

Ulee gooftaa koottu yaa mee ulee gooftaa

Ni urgooftaa danfa namarraa

Kophee miilaa kophee miilaa

Koottu mee yaa kophee miilaa

Oofiyyoo koo Oofiyyoo koo

Suma egaa abdiin dhiiraa

Ulee geeshee ulee geeshee koottu yaa ulee geeshee

Gooftaa maccaa gooftaa maccaa koo gali abbaa faarroo

Hundaaf arjaa hundaaf arjaa nuuf kenni fayyaa maaloo

Jiffuun biilaa jiffuun biilaa qarri isaa jinfuun biilaa

Oofiyyeen koottu nu jirta abdiin dhiiraa (x2)

Qubee meetii qubee meetii kaawwadhu qubee meetii

Horeen keetii horeen keetii hammadhu horeen keetii (maddaWalee Alamii kan qorataan gaafa Faaruun kunis hordoftoonni amantichaa seeraan, safuu, laguufi lagannaafi aadaa sirnichaa beekuun itti bullaan kennaa gaafatan hunda irraa argachuu akka danda'an hubachiisuuf faarfama. Kunis kadhatanii kan irraa hindhabne ta'uu ibsaa isaanis ittiin buluu isaanii ibsuuf

**Faaruu -5  Faaruu Galateeffannaaf Faarfamu**

Ishoobboo koo ishoobboo koo------------------------- Ishoobbookoo

Ishoobboo koo yaa dooraa-------------------------------Ishoobboo koo

Oromoo koo--------------------------------------------- Ishoobboo koo

Abbaa makkoo-------------------------------------------- Ishoobboo koo

Oofiyyee koo-------------------------------------------- Ishoobboo koo

Abbaa rakkoo--------------------------------------------- Ishoobboo koo

Ilmoo fardaa----------------------------------------------- Ishoobboo koo

Dilboo karraa -------------------------------------------- Ishoobboo koo

Raasaa maccaa------------------------------------------ Ishoobboo koo

Hirkoo hambaa------------------------------------------- Ishoobboo koo

Abbaa malkaa--------------------------------------------- Ishoobboo koo

Situ nuuf argaa-------------------------------------------- Ishoobboo koo

Abbaa tulluu --------------------------------------------- Ishoobboo koo

Kan siif bullu-------------------------------------------- Ishoobboo koo

Qarri eeboo ---------------------------------------------- Ishoobboo koo

Eebbaaf tola --------------------------------------------- Ishoobboo koo

Raasan maccaa------------------------------------------ Ishoobboo koo

Hambaaf lolaa ------------------------------------------- Ishoobboo koo

Abbaa dikaa---------------------------------------------- Ishoobboo koo

Oofaa abbayyee------------------------------------------ Ishoobboo koo

Siinan fayyaa--------------------------------------------- Ishoobboo koo

Ishoobboo koo fayyisaa koo----------------------  Ishoobboo koo (Maddi: Caaltuu Magarsaa, kan qorataan gaafa 12-10-2010 irraa raga funaannate)



**Suuraa 19: suuraa yeroo faarfatan agarsiisu**

Faaruun kun abbukkoof kan faarfamu ta'ee olaantummaa abbukkoo faarsuun abbukko dhufteefi hormaata hordoftoota isaa tiksaa kan tureefi ammas eegaa kan jiru; akkasumas nama seera hundaa guutee isaaf bule hundaaf wabii ta'uu isaa faarsuudha.

**Faaruu -6 Faaruu Milkaa'inaa Faarfamu**

| | |
|---|---|
| Oofaa Abbayyee yaa bayeessaa…………… | yaa bayeessaa |
| Karaa maccaatan si gaggeessaa…………………… | si gaggeessa |
| Ulfaataa koo dilaalessaa…………………… | dilaalesssaa |
| Halkan guyyaas nifakkeessaa………………… | nifakkeessaa |
| Laga qarsaa dambalii koo……………………… | dambalii koo |
| Sagaleen kee shaggarii moo………………… | Shaggarii moo |
| Sittan iyya halkanii hoo……………………… | Halkani hoo |
| Salaalee aduun baateehoo………………… | Baateehoo |
| Simboon cabsaa samareetaa…………………… | Samareetaa |
| Siifan kennee sagalee koo……………………… | Sagalee koo |
| Abbaan risaa gama leeqaa……………………… | Gama leeqaa |
| Sin leellisaa dabalee kaa Dika jorroon gooba keeti… | Gooba keeti |
| Sin argadhaa goobaneeti……………………… | Goobaneeti |
| Abbaa didaa gaara buubaa……………………… | Buubaa |

Dheekkamsi kee nyaara guutaa…………………… Guutaa
Abbaa duulaa maal naa gootaa………………… Gootaa
Sin faarfadhaa kan kee caaleehoo……………… Caaleehoo (Madda: Naggasaa Jootee; kan qorataan gaafa 12-10-2010 waraabbate)

Faaruun kun abbaa caffeef kan faarfamu ta'ee sirna ayyaanichaa irratti hirmaattonni hundi tulluu ayyaaneffannaatti marsuun kan faarfamuudha.Inni kunis hordoftoonni ayyaanichaa lapheedhaan ayyaanichaatti buluufi olaantummaa isaas beekaanii galateeffachuu ibsa.

**Faaruu-7 Faaruu Galateeffannaa Faarfamu**

Gurroolee hoo gurroolee hoo---------------------- Ishoo Ishoo
Mootii biyyaa yaa kariimaa---------------------------- Ishoo Ishoo
Dhugaa keetii siifan himaa---------------------------- Ishoo Ishoo
Raasaa maccaa yaa korma koo------------------------- Ishoo Ishoo
Siifan sochoosaa morma koo-------------------------- Ishoo Ishoo
Mootiin gugee saphaliisasdhaa--------------------------Ishoo Ishoo
Kennaa hindhumnee dabaliidhaa-------------------- Ishoo Ishoo
Lamdiin keetuu jamareedhaa--------------------------- Ishoo Ishoo
Afuurri kees dabareedhaa---------------------------- Ishoo Ishoo
Mootii Arabaa dheekkamsa kee--------------------- Ishoo Ishoo
Kan siif bule dabarsa kee----------------------------- Ishoo Ishoo
Tulluu guddaan gama ceekaa----------------------- Ishoo Ishoo
Abbaa hundaa sumaat beekaa---------------------- Ishoo Ishoo(x2) (Maddi: Shittaayee Daffaraa; kan qorataan gaafa 12/10/2010 sirnicha hirmaachuun waraabbate.



**Suuraa 20: yeroo faarfannaa taasisanii**

Faaruun kun kenna ayyaana arfaasaa kan hirmaattoonni tulluutti naanna'uun faarfatan ta'ee, faarichis cita miseensa ayyaana oofaa kan ta'e mootii arabaatiif faarfama. Faaruun kunis mootii arabaa kan dhugaa jaalatu, hordoftoota dhugaadhaan isatti bules jireenya isaanii kan dagaagsu ta'uu raga bahuun faarfama.Dabalataanis ayyaanichaaf dhugaadhaan of wareeganii bullaan kennaa gaafa hunda kan kennuuf ta'uu isaa dabarsu.Haaluma kanaan hordoftoota seerafi safuu isaa hordofanii hinbulle adabbiifi dheekkamsa ayyaanichaa hubachiisuun faarfama.

**Faaruu-8 Faaruu Rabbiif Faarfame**

Kee yeroon geesse yaa oofaa …………………….Geesse yaa oofaa

Kee yeroon geesse yaa oofaa………………………Geesse yaa oofaa

Faaruun kun yeroo ayyaanni bu'ee dhimmoota jireenya hawaasummaa fooyyessan dhukkubsataadhaaf madda qorichaa himaa jiru, dhabaaf karaa hormaataa qajeelchaa jiru, maseenni akka ilmoo argatuufi sa'ifi namni sanyii itti fufiinsaa akka qabaatu lallabaa ergaawwan hariiroo hawaasummaa aadaafi amantii cimsan erga dabarsee booda ayyaanichi akka boqotuuf kan faarfamu yeroon geesse jechuudhaan ayyaanni akka boqotu gochuuf kan faarfamuudha. Kunis yeroon geesse jechuun ayyaanni afuura lallabaa adda kutee keessummoonni gara hirribaa akka deemaaniif faarfama.

**Faaruu-9 Faaruu Abbaa Cabsaaf Faarfamu**

Noorii noorii abbaa jorroo koo
Noorii noorii dabalaa koo
Kaloon dimbilaala keetii
Nagaasa abbaa jorroo koo
Yaa odaa mataa guddaa koo
Nagaasaa abbaa hundaa koo
Siifan deema yaa abbayyee koo
Gaattiraa qursee jalaani
Nan faarsa maqaa keen kaasaa
Ati dhihaa bultee nawaami
Argaan kee irraa laboobaa

Galchaan kee bilbila oofaa
Dhagaan kee irbaata waaqaa
Qabaan kee ijibbaata raakaa
Yaa Jabbii mar'ata booyyee
Oofiyyee yaa dhaalaa mootii
Ammayyuu kadhata boonyee
Oofiyyeen kadhata kootii. (Maddi Jiituu Alamii/ beerren jaaloo/)

Faaruun kun abbaa caffeetiif kan faarfamu ta'ee jalqaba seensaa irratti ayyaana buusuufi hirmaattotas kakaasuuf dibbee rukutaa faarfama. Kunis galateeffannaan jalqabee cimina abbaan caffee dabaa sirreessuu, dhabaa badhaasuu, dhibamaa fayyisuu, arjummaafi kan kadhatee irraa argates galchaadhaan akka of beeksisu gochuuf hubachiisaa faarfama.

**Faaruu-10 Faaruu Bu'aa Ayyaana Dura Faarfamu**

Marooleehoo fayyaan si kadhaa marmaarehoo
Maroolehoo jaarsoliin qarsaa keetii-------------------------- Maroolehoo
Gaangoliin galchaa keetii------------------------------------- Maroolehoo
Cancalliin buusaa callee----------------------------------------- Maroolehoo
Yaa maddii huura jalaa------------------------------------------ Maroolehoo
Naaf abdiin fuula kanaa----------------------------------------- Maroolehoo
Danqarsiin hula karraa------------------------------------------ Maroolehoo
Ashkarii dhugaa qabdaa----------------------------------- Maroolehoo
(Maddi: Taaddasuu Magarsaa kan qorataan gaafa 12-10-2010 odeeffate)

Faaruun kun erga hirmaattonni hundi faarfannaa hoo'isanii booda ayyaanni bu'ee ergaawwan jiruufi jireenyaaf ta'u akka dabarsuufi kadhannaan galchaan akka hubatamu, himannaan namoota waldhabanii araaraan dhiifamni akka taasifamu ayyaanni akka bu'uuf taasifama. Faaruun kun kana keessattis olaantummaa ayyaanichaatiif akkaataa kan kadhate irraa argatee haala seeraafi safuu cabse itti adabamee abdii irraa qaban agarsiisuuf faarfamuudha.

**Faaruu-11 Faaruu Bu'aa Ayyaanaa Booda Faarfamu**

Shumburaa karaa kootichaa
Mogor keessa naachi galee
Oofaa hundumaaf qoricha

Kan maseenni waatii dhalee
Adururreen heerumtee
Sareen hamaamotaa
Afuura kee dhabnaan

Gamee nadhaamotaa (Maddi: Abarruu Tolaa; kan qorataan gaafa 12-10-2010 odeeffate)

Faaruun kun erga ayyaanni bu’ee booda faayidaa yookiin oolmaa inni namoota itti buleef oole leellisee hordoftoota seeraan itti hinbulle immoo hammam akka rakkatan ibsaa faarfama. Walumaagalatti ayyaanchi seeraan itti bullaan bu’aa argachuufi yoo seera jallisan rakkachuu namootaa hubachiisuun ayyaanni bu’e ergaa qabu akka dabarsuuf faarfama.

**Faaruu -12 Faaruu Olaantummaa Ayyaanaa**

Nagaarita mooyyee ormi mooyyee se’a
Raasaa maccaa ammas foolleef se’a
Quufaan bakkee dhugaa laayyoo se’aa
Kan siif laphee laga baay’ee cehaa.

Salaalehoo aduun baateehoo (Booranaa Agari (Ayyaantuu)) kan qorataan gaafa 12-10-2010 qorataan argate.

Faaruun armaan olii kun akka ibsutti dhugaan kan dorgomaa hinqabneefi oofaan dhimmoota dhugaa ibsuufi calaqqisiisuudha. Faaruun kunis erga ayyaanni bu’ee booda osuma ergaa dabarsaa jiruu namni seeraan itti hinbulle miidhamaa ta’uu isaa, Kan seerafi safuu isaa eegee bule qanani’ee jiraachuu isaa olaantummaa ayyaanichaa faarsuun himama.

**Faaruu -13 Faaruu beekamtii Faarfamu**

Goojjoo guddaa kan salaale gubbaa
Faalteet uunta oofa raajii qabdaa
Somboo guddaa isa dhaabaa bunaa
Dhugaa himtaa horeet beekee bulaa
Raasaa maccaa oofaa siidaan barruu
Dhugaa fagdaa homaa siinkaffaluu
Uumaa baddaa gogorriimiilli lamaa
Buubaa qabdaa didaanis siin dhabamaa
Adurreen asii rifatti yoo baroode leenci gamaa

Abbaayyee na oofkalchi kaa

Balleessinuu keessi namaa (Maddi: Jiituu Alamii, kan qorataan gaafa 12/1/2010 odeeffannoo irraa argate)

Faaruun kun osoo ayyaanni lallabaa garagaraa dabarsaa jiruu faloo yookiin hiikoo inni namaaf raawwatu, nama seera jallisees akkamitti qabee akka amansiisuufi namni dhiifama gaafatees oofkaltiifi dhiifama akka argachuu danda'u hubachiisuuf faarfama.

## 4.7 Meeshaalee kabaja Ayyaana Warra Oofaa Abbayyee Gadaa keessatti barbaachisan

Akkuma aadaa Oromootti yeroo sirna garaagaraa adeemsisan meeshaalee aadaas ta'ee kanneen biroo dhimma itti bahaman jiru. Meeshaaleen ayyaana Oromoo kun ulfaa ayyaana jedhamuun beekama. Kabaja guddaatu kennamaaf. Namoota isa godhatanii deeman kabaja olaanaa qabu. Fakkeenyaaf dubartiin Oromoo tokko siiqqee qabattee deemti yoo ta'e kabaja qabdu bira darbee araara buufti.waldhabdee jiru hiikti. Kanaafuu meeshaalee ulfootti Oromoon bal'inaan dhimma baha.

### Meeshaalee Ulfoo

Meeshaaleen ulfoo kunneenis bakka garaagaraatti kan qoodamaniidha.

### A.Qabata Dhiiraa

Meeshaaleen yeroo ayyaana warra oofaa abbayyee gadaa dhimma itti bahamanis dibbee (nigaarita), siiqqee, marga coqorsaa, jabanaa, bokkuu, callee, itillee, ciraa, faachoo, buqqee, waancaa, baarree, neeboo, alangaa seeraa, lamdiifi jaaloofikkf

**Caaccuu:** Akka Dirribii (2012:107) irratti ibsutti caaccuun kallacha dubartii jechuun ni danda'ama. Caaccuun faaya kabaja dubartii Oromooti. caaccuun gogaa goromsaa irraa elellaa sagal sagaliin tarree galee tolfama. Caaccuun eebbaaf malee abaarsaaf hin bahu. Dubartoonni caaccuu qabatanii, siiqqee qabatanii; araara, nagaa rooba, fayyaa, hormaatafi k.k.f nuuf kenni jedhanii waaqa kadhatu. Caaccuun mallattoo araaraati jedha. Haati caaccuu siiqee qabattee warraaana gidduullee yoo seente warraaanni ni dhaabata. Haati caaccuu dubartii ilmi gadoometu qabata. Kanumatti dabaluun akka Hayiluu (1997) ibsutti "caaccuu jechuun teepha qalloofi elellaa sagaliin hodhamee bareedee kan dubartiin qabattuudha" jedha.

Alamaayyoo (2007:222) yoo ibsu "Caacuu Illillaa bishaan keessaa guuramerraa gogaa Roobitti kan diramuudha. Meeshaan hoodaa kun jiidhafi dhaloota kan ibsuudha." jedha. kanaaf caaccuun meeshaa hoodaa Ayyaantuun Oromoo itti gargaaramuudha.

**Kallacha:** Kallachi meeshaalee ayyaantuu Oromoo keessatti kan baayee kabajamuufi hooda qabuudha. Akka Alamaayyoo (2007:222) ibsutti "Kallachi meeshaa hoodaa ykn ulfaa jedhama. Iddoo baay'eetti kallachi addatti godhatama. Kanaaf yeroo tokko tokko Oddoo jedhanii kan waamanis ni jiru jedha. Kallachi kabaja qaburraa kan ka'e ammooo ulfaa jedhanii namoonni waamanis jiru. Kallachi sadarkaa lamatti qoodama. Kunis kallacha kormaafi kallacha Laafaa jechuun lafa kaa'a.

Kallacha qaraa (kormaa) kan jedhamu dhimmaa guddaa dhaaf kan manaa ba'u yoota'u; kallachi laafaan ammooo, ulfinaaf godhatamu ykn kan warri gadamoojjii addatti hidhatan ykn keeyyataniidha jedha. Kanaaf, kallachi meeshaalee ayyaantuu Oromooti jedhama. Kanumatti dabaluun Dirribii (2007:109) akkas jedha "kallachi ulfaa guddaa Waaqeffataan waaqaa gaditti Sodaatufi safeeffatuudha. Kallachi Sibiila qorsaa (comet) ykn bakakkaa waliin samiirraa bu'eedha. Waaqeffataan duri bakka bakakkaan itti bu'e aannan sa'a gurraachaa itti dhibaafatee kallachaafi bokkuu argata." Jedha.

Kanaaf, bakka kallachi itti bu'e eebbatu jira jedhee uummatni Oromoo (Waaqeffatan) amana. Kallachi yeroo hedduu akkuma caaccuu dhimma nagaatiifi araaraf itti gargaaramu. Isuma kallachi bara caamsaan /ongeen hammaate, kallacha malkaatti; tulluutti bobbaafamee waaqni ittiin kodhatama. Namni yoo wal ajjeesee araaramu dide kallacha bobbaasanii araarsu. Kanarraa ka'uudhaa kallachi jaarmiyaa araaraa jedhama.

**Bokkuu:** Bukkuunis akkuma kallachaa meeshaalee ayyaanaa keessaa isaa tokkoodha. Akka Negaso (1984) ibsutti "*Bokkuu was only a symbol of peace, Order, health and prosperity in society*." jedha. Akka yaada kanarraa hubchuun danda'amutti bokkuun mallattoo nageenyaa, fayyaa, hooggansaafi itti  fufiinsa jireenya hawaasichaa ibsa. Kanaaf bokkuun sirna bulchiinsa uummatichaa biratti safuufi mallattoo hooggansaa kan agarsiisuudha.

Kanuma ilaalchisee Dirribii (2007:110) Akkas jedha Bokkuun inni jalqabaa akkuma kallachaa Waaqaa bu'e jedhama. Bokkuun mallattoo aangooti, kabaja guddaa haaqabaatu malee akka kallachaa hin sodaatamu. Abbaan Gadaa bokkuu qabatee Seera tumee labsa. Yeroo ammaa

garuu, namni bokkuu ni magarfata, muku gaarii ilaalee bocee midhagsee tolfata. Bokkuun naannoo ofii bahee laga hin ce'u. Akka tasaa yoo ce'es falaafi faloo qaba. Kanaaf bokkuun erga Waaqa biraa gadi bu'ee meeshaa ulfaa ayyaanoo jedhama jechuudha. Alamaayyoo (2007:221) irratti akkas jedha Bokkuufi abbaan Bokkuu Oromootafi gaggeessitoota gadaa biratti ulfina guddaa qabu. Bokkuun yeroo baayee walittsa uummata keessatti kanuuf kan lubbuu namaa balleesseefi duula goosata Oromoo gidduutti godhamu tasgabeessuu ykn lola dhaabuuf kan ba'uudha. bu'iinsi gosoota Oromoo gidduutti yoo ka'e Abbaan Bokkuu ardaa ofirraa ka'ee gara iddoo wal diddaan uumamee dhaquun Bokkuu isaa qabatee gidduu isaanii seena jedha Kanaaf Bokkuun sirna araaraa keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaafi mallattoo aangoo ta'uu isaa hubanna.

**Faachoo:** Ciraa fardaa irraa kan hojjatamu ta'ee meeshaa ulfoo kan ciraa fakkaatuufi kan ayyaantuun guyyaa kenna ayyaanaa bishaan eebbaa cuubuun hirmaattoota hundatti ittiin facaasuudha.

**Eeboo**: Eeboon meeshaa muka qal'oofi sibiila battee qara qabu irraa kan qophaa'u ta'ee qabatanii yeroo ayyaanaa laga kan bu'aniidha. Eeboo kanas gosoota ayyaantuufi koree keessayyis niqabatu.Dabalataanis yeroo malkaa bu'aniifi kadhannaa garaagaraa dhimma itti bahu.

**Alangaa Seeraa**: Alangaan seeraa gogaa irraa kan hojjatamu ta'ee namoota koree ta'aniifi ayyaantuu yeroo ayyaanaa qabata.

**Qabaa**: Meeshaa aadaa sibiila irraa hojjatamuun nama yakka hojjate ittiin kakachiisaniifi waadaa galchiisan. (Madda: Booranaa Agarii gaafa 12/10/2010)

**B. Qabata Dubartootaa**

**Siiqqee:** Siqqeen sirnoota jila adda addaa keessatti kanneen akka buttaa qaluu ayyaana irreechaa irratti kan dubartiin qabattuudha. Waan kana ta'eef siiqqeen meeshaalee ayyaanaati jechuu dandeenya. Akka Alamaayyoo (1999) jedhutti "Guyyaata warrari dhiiraa horooroo qabatanii jilaaf socho'an Beerri siiqqee qabattee wajjin sochooti. Kanaaf, ulfinni bokkuf, kallachaafi caaccuuf kennamu siiqqeefis haaluma wal fakkaatuun kan mul'atuudha" jedha.

**Callee:** Akka iddoo ayyaana kanaatti faayafi meeshaa ulfoo kan dubartoonni keessattuu beerran jaaloofi beerren cifiree mormatti dirachuun malkaafi tulluutti ittiin bahanii waaqa kadhataniidha. Calleen kunis faayafi meeshaa aadaa ta'uu bira darbee ulfinafi kabaja dabaluun sirnicha miidhagsa.

**Mutaa:** Mutaan meeshaa sibiila irraa hojjatamu ta'ee kan dubartoonni qabatanii malkaa bu'aniidha. Inni kunis akka aadaa Oromootti dubartiin deesse hanga guyyaa 10tti kan rifeensa mataatti suuqqattu waan ta'eef meeshaa kabajaafi ulfinaa ta'uu isaa agrsiisuuf malkaa cuubuudhaan ittiin waaqa kadhataniidha.

**C. Uffata Dhiiraa**

**Bullukkoo:** Uffata jirbii irraa hojjatamu ta'ee gaafa kenna ayyaanaa ayyaantuufi jaarsoliin salgii uffachuun malkaafi tulluutti ba'u. Uffanni kunis furdina waan qabuuf qilleensa dhoowwuufi kabaja dabaluu danda'a jedhamee amanama.

**Lamdii**-Gosa uffata aadaa ta'ee guyyaa ayyaanaa ayyaantuun uffachuun bakka ayyaanatti kan bahaniidha.

**Shaashii:** Shaashiin marata ayyaantuun mataatti maratu kan jirbii irraa hojjatamuufi kabaja safuu mana ayyaanichaa eeguuf kan ta'uudha. Kunis ayyaantuun guyyaa kabajni sirnichaa eegaluu kaasee hanga xumuraatti kan ofirraa hinbaasne yoo ta'u, fakkoommiin isaa kabaja ta'uun mata qullaa deemuun akka lagannaatti ilaalama.

D. **Uffata Dubartootaa**

**Burree:** Burreen jirbiifi kuula mallattoo alaabaa abbaa gadaa fakkaatuun hojjatamee dubartoonni baay'een uffachuun kan sirnicha kabajaniidha. Uffanni kun uffata aadaa Oromoo waan ibsuuf fudhatamaadha jedhama.

**Guftaa:** Guftaan jirbii irraa kan hojjatamu ta'ee dubartoonni caaccuufi callee baatan dabalataan kan mormatti maratan yoo ta'u, haadha calleefi caaccuu ta'uu isaanii kan ittiin beekamuudha.

**Shaashii:** Hidhata dubartoonni mataatti maratan yoo ta'u, gosa uffataa hunda irraa hojjatamuun dubartoonni kamiyyuu maratanii kan sirnicha irratti hirmaachuu danda'aniidha. (Madda: Jiituu Alamii gaafa 12/10/2010 irraa odeeffannoon kan funaaname)

**E. Meeshaalee Nyaataa:**

**Gundoo:** meeshaa aadaa migiraafi coqorsa irraa hojjatamuun marqaan galma keessatti ganama itti nyaatamuudha**.**

**Masoobii:** meeshaa migira irraa hojjatamuun daabboofi biddeenni laaqanaafi irbaataa malkaa, tulluufi galma keessatti keessummoota hundaan itti nyaatamuudha**.**

**Gabatee:** Meeshaa aadaa muka arbuufi waddeessa irraa hojjatamuun marqaan kennaa cireedhaaf dubartootaaf galma keessatti itti kennamuudha.

**Waciitii:** Meeshaa aadaa suphee irraa hojjatamuun marqaan hammuufi kennaa ayyaantuufi haadha warraatiif itti kennamuudha.

**Fal'aana:** Meeshaa aadaa gaafa kormaa yookiin gafarsaa irraa hojjatamuun ayyaantuun marqaafi damma ittiin nyaatu ta'ee gaafti kormaa kabaja loonii yoo ibsu kan gafarsaa jabina bakka bu'a jedhama.

**F: Meeshaalee Dhugaatii:**

**Buqqee:** Buqqeen meeshaa buqqee irraa hojjatamu ta'ee gaafa ayyaanaa dhibaayyuun kan ittiin dhihaatuudha. Dhibaayyuun kunis aannan, farsoo, dammaafikkf ta'uu danda'a.

**Waancaa**: Gaafa sa'aa irraa kan hojjatamuufi gaafa ayyaanaa sana dhugaatii garaagaraa ittiin dhuguuf meeshaa ooluudha.

**Baarree:** Baarreen meeshaa dhadhaa filatamaa ta'ee barbaadanii abbaa ayyaanaa sanaaf ittiin olkaa'aniidha. Kan itti fayyadamuus abbaa ayyaanichaafi keessummoota ayyaanicha irratti argamaniidha.

**Gaafa Kormaa**: Meeshaa aadaa kan ayyaantuun waan dhugamuu hundaan dhugu. Kan namoonni biroo itti hinfayyadamne.

**Bilillee:** Meeshaa aadaa kan hirmaattoonni hundi ittiin daadhii dhugan.

**Elemtuu:** Meeshaa aadaa migira irraa hojjatamuun jaarsoliin araarafi namoonni araaraman ittiin aannan dhuganiidha.

**Qabee:** Meeshaa aadaa buqqee irraa hojjatamuun maatiin ayyaantuu ittiin aannan dhuguudha. (Madda: Tsaggaayee Hundee 12/10/2010)

**G. Gosoota Nyaataa**

**Marqaa:** marqaan dhangaa garbuufi qamadii irraa hojjatamu ta'ee kan guyyaa kennaa ayyaanaa ciree ganamaafi irbaata irratti nyaatamu yoo ta'u, guyyoota biroo immoo sirna ammachiisaa daa'immanii irratti kan nyaatamuudha.

**Daabboo:** Dhangaa qamadii irraa hojjatamu ta'ee iddoo bunni danfu hunda irratti ganama, guyyaafi galgalas hirmaattota hundaan kan nyaatamuudha.

**Akaayii:** Dhangaa qamadii, garbuufi kan biroo irraa hojjatamu, iddoo jala bultii ayyaanichaaf dallaan ijaaramutti, iddoo bunni danfuufi hojiileen garaagaraa raawwatamanititi keessummoota hundaan kan nyaatamuudha.

**Ansii:** Ansiin foon battala korma yookiin sa'a qalameetti mata qaboon ciincessuun hirmaattota nyaachisuudha.

**Damma:** Dammi dhangaa ayyaantuun nyaatuufi jaarsoliin salgii yeroo namoota araarsan waliin nyaataniidha. Kunis namoonni araaraman jaalala itti fufiinsaa akka qabaatan ibsuuf bakka bu'a.

**Bixxillee:** Dhangaa qamadii irraa hojjatamu ta'ee daabboo xixxiqqoo ijoollee ayyaanicha hirmaachuuf dhufaniif kennamuudha.

**H. Gosoota Dhugaatii**

**Aannan:** Dhugaatii ayyaantuun aanteewwan isaa, jaarsolii waldaa, jaarsolii salgiifi namoonni araaraman dhuganiidha**.**

**Farsoo:** Gosa dhugaatii keessaa kan hirmaattonni ayyaanichaa hundi dhuganiidha.

**Daadhii**: Dhangaa damma irraa hojjatamu kan dubartoonni kaaddaamii jedhaman qofti bulbulaniifi hirmaattonni sirnichaa hundi dhuganiidha. Dubartoonni sun kan filatamanis seerafi safuu mana ayyaanichaa amanamoo waan ta'aniif. (madda: Jiituu Garasuu 12/10/2010).

**I, Meeshaalee Battalaa**

**Gaawwa:** Meeshaa aadaa suphee irraa hojjatamu marqaan kennaa ganama itti hojjatamu guyyaa hammuu marqaan namoota baay'eedhaaf itti marqamu.

**Xuwwee:** Meeshaa aadaa suphee irraa hojjatamuun marqaan ayyaantuudhaaf itti marqamuudha.

**Urgooftuu:** Biqiloota gosa garaagaraa irraa hojjatamuun guyyaa kennaas ta'ee guyyoota biroo mana ayyaanaatti kan itti fayyadamaniidha.Isaanis; ixaana, karbee, sorsaafi naddii kan jedhaman yoo ta'u tulluu, malkaa, abdaarii, siidaa jala, furda jalaafi galma gorroo keessatti aarsuun urgeessanii mana ayyaanichaa keessatti foolii gaarii uumuudhaaf taasifama.

**Coqorsa:** Gosa margaa jabaataafi hiddi isaa bonas hingogneefi hormaata agarsiisa jedhamuun galmaafi tulluutti irreenfatama.

**Sardoo:** Gosa margaa hidda baay'ee qabu kan bonaafi ganna hingogne kan araaraaf filatamuudha.Margi kun guyyaa araaraas iddoowwan barbaachisu hundatti kan irreenfatamuufi namoota wallolanis araarsuuf qabatanii itti fayyadamu. Fakkoommiin isaa latiinsa sanyii waan agarsiisuuf filatame.

**Kalaalaa:** Gosa biqilootaa kan baala baay'atuufi ayyaantuu qofti guyyaa ayyaanaa mataatti marachuun malkaa bu'uudha. Fakkoommiin isaas miidhagina dabalatee hormaata, jiidhaafi latiinsa agarsiisa.

**Itillee (Afaa)-** Itilleen gogaa loonii kan qalaman irraa duuguun bifa afachuuf ta'uun kan qophaa'u ta'ee ,yeroo ayyaanaa irra rafuuf kan ooluudha.

**Jabanaa:**Jabanaan meeshaa buna itti danfisan qofa osoo hintaane aadaa biyya tokko ibsuu keessattillee iddoo guddaa qaba.Bunni jaalala,ulfina,kabaja waan tokkoof qaban karaa ittiin ibsataniidha.Jabanaan immoo meeshaa suphee irraa hojjatamu ta'ee buna itti danfisuun kan dhiheessamu yoo ta'u,walitti dhufeenya hawaassummaa cimsuu, ayyaana bareechuu,naannoo ayyaanichaa urgeessuufi hawwachuu keessatti gahee olaanaa qaba.Namoonnis osoo karaa deemuullee bunni danfee goraa yoo jedhameen seene dhuga yoo ariifatellee haa tolu Jechuun eebbisee deema. Kun immoo kabaja bunaaf qabu ibsa.Jabanaan buna malee;bunni immoo

jabanaa malee akka aadaa Oromoottillee danfifamee hindhihaatu.(Madda: Taaddasuu Magarsaa 12/10/2010)

### 4.8 Laguufi Fakkoommii Isaa

Oromoon waan tokko hojjachuufi dhiisuu aadaa ittiin ibsatu qaba. Kunis waan laguu ta'e kan lagatuufi safeeffatuudha. Waan laguu hintaaneetti immoo kan dhimma bahuudha.Haaluma kanaan ayyaana oofaa kana keessatti wantoonni akka laguutti ilaalaman isaan armaan gadiiti.

**Re'ee:** Re'een beeylada manaa keessaa tokko taatee kan foon ishee yeroo gara ayyaanatti deemaan lagatamuudha. Kunis fakkoommiin isaa gaafa isheetiin waaqa waraante kan jedhu irraa kan ka'e kanaafuu Waaqayyoon eegee isheetu olgaragalche yaada jedhuun walqabsiisu.Kanaafuu namni foon re'ee nyaate guyyaa shaniin booda gara warra ayyaanaa kana deema.

**Qotiyyoo:** Qotiyyoon akkuma re'ee beeylada manaa ta'ee kan foon isaa lagatamuudha. Kunis dhiigee qotee, gateettiin isaa qunca'ee waan nunyaachisuuf cubbuu akka ta'etti ilaalama. Kanaafuu namni foon sangaa nyaate guyyoota sadii booda gara warra ayyaana Sanaa dhaquu qaba.

**Reeffa:** Reeffi nama du'e kan bakka bu'uufi gadda kan ofkeessaa qabuudha.Haala kanarraa kan ka'e laguu guyyoota sagalii of keessaa qaba.

**Saalqunnamtii**: Dhiiraas ta'ee dubartiin namni saalqunnamtii gaggeesse guyyaa sadii booda gara warra ayyaanaa sana deema.Kunis fakkoommiin isaa xurii yookiin akka cubbuutti waan ilaalamuufiidha.

**Gaayyoo:** Gaayyoon gosoota midhaanii keessaa isa tokkoodha.Gaayyoon kunis akka laguutti ilaalama.Laguun isaas guyyaa tokkoof kan ilaalamu ta'ee, fakkoommiin isaa gosa midhaanii ta'ee waan nama cabsuufi jedhama.

**Talbaa:** Talbaan laguu guyyoota shanii kan qabu yoo ta'u, fakkoommin isaas mucucaataadha. Hin safaramu. Sangaafi tiksee midhaan ittiin safarachuuf yoo kennaman talbaa hinfudhattu. Amala bofaa qaba jedhama. (Booranaa Agarii 14/06/2010).

# BOQONNAA –SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa iddoo itti dhihaatuufi guduunfaa qorannichaa, argannoo qorannichaafi yaboon walduraa duubaan iddoo itti dhihaateedha.

## 5.1 Guduunfaa

Qorannoon kun walduraa duubaan boqonnaa shanitti kan qoodamee kaa'ame yoo ta'u, boqonnaa kana jalattis dhimmoonni ka'an walduraa duubaan akk armaan gadiitti kaa'amaniiru.

Boqonnaa tokko keessatti seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachissummaa qorannichaafi daangaan qorannichaa kan ka'amaniifi akkasumas hanqina qorannichi qabuufi duubduubee bakka qorannichaa walduraa duubaan ibsa bal'aa waliin kaa'amaniiru. Duubduubee qorannichaatiin walqabatee Seenaa Oromoofi hacuuccaa gama gita bittootatiin irra gahe ture kan ibsameefi Oromoon yeroo dheeraaf sirna gadaatiin bulaa kan ture ta'uu yammuu kaasuu,adeemsa keessa gita bittoonni habashaa aadaa,afaan ,duudhaa,seenaafi kanneen biro akka hindagaagfanne taasisuun amantaa walfakkaatufi afaan tokkicha humnaan fudhachiisaa turaniiru.Humni kun jaarraa tokkoo oliif cunqursaa haa turu malee Oromoon aadaafi seenaa isaa akkasumas afaan isaa humnumaan tifkachaa turuu isaa seenaan lafa kaa'a. Hiddi latiinsa Tuulamaas, Horoo-Oromoo-Boorana-Tuulama-Daaccii-Oboo7-jalatti Gimbichuu, Gullallee, Oborii, Yaayyaa, Eekkaa, Digaluufi Gaamuutti qoodaamuun haala hanga bakka qorannichaatti deemuutti boqonnaa kana keessatti kaa'ameera.

Boqonnaa lammaffaan walqabatee sakatta'i barruu kan ka'e yoo ta'u, bakka kanattis sakatta'I barruu walfakkiifi yaad-rimee ka'aniiru. Maalummaa fookloorii, gooroowwan fookloorii kanneen jedhaman: meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaa, aartii sochii qaamaafi afoolli ibsamaniiru. Gama biroon maalummaa ayyaanaa, adeemsa sirnaa, hariiroo ayyaanaafi amantaalee biroo ragamtaa, faayidaa, hirmaattota, yoomessa, faaruu, meeshaalee ayyaana warra oofaatiif barbaachisaniifi yaaxinaalee kan akka seenawaa, haalawaa, seenaa deebisanii iajaaruufi faayidaalessummaa sakatta'amaniiru. Akkasumas qorannoowwan walfakkii mata duree kana faana hidhata qabanis ka'aniiru.

Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannoo kan ka'an yoo ta'u, qorannoon kunis, mala qulqulleeffataan kan xiinxalame yoo ta'u, innis odeeffannoo kallattumaan abbootii dhimmaa madda odeeffannoo jalqabaa godhachuun ragaalee kan funaannate yoo ta'u, ragaalee kanneenis

meeshaalee funaansa odeeffannoo kanneen akka af gaaffii, daawwannaafi marii gareetti dhimma baheera. Ragaalee argamanis erga funaanamanii booda walduraaduubaan haala walfakkaataniin qaacceffamaniiru.

Boqonnaa afur keessatti ragaaleen meeshaalee funaansa garaagaraatiin argaman walitti qabamuun, qoqqooduufi qindeessuun mala ibsaatiin qaacceffamaniiru. Kunis ayyaanni warra oofaa Abbayyee Gadaa ayyaana Aanaa Sulultaa keessatti kan kabajamuudha. Ayyaanni kuniis gosoota garaagaraa torba kanneen maqaan isaanii Abbaa cabsaa, Abbukko, Dika, Abbaa Caffee, Mootii Arabaa, Maaramiifi jedhamuun kan qoodamaniidha. Adeemsi raawwii sirnichaas qophii isaa faana walqabatee raawwii dura, yeroo raawwiifi raawwii boodaa jedhamuun kan raawwataman yoo ta'u, faayidaan ayyaanichi qabus kallattii dinagdeefi hawaassummaan gahee olaanaa akka qabutti ilaalama. Hirmaattonni ayyaanichaa ayyaantuu ,jaarsa salgii, koree garaagaraa, dubartoota, shamarran, ijoolleefi kkf kan hirmaachisuudha.Yoomessi ayyaana kanaa immoo torbii,kudha arfii,yeroo qillee, Arfaasaafi Fulbaana keessa kan raawwatamu yoo ta'u, meeshaaleen yeroo ayyaanichaa dhimma itti bahanis kanneen akka caaccuu, kaallachaa, okkuu, jabanaa, itillee, faachaa, baarreefi eeboo isaan gurguddoodha. Faaruuwwan dhimma ayyaanichaa keessatti dhimma itti bahamanis ibsamaniiru.

Boqonnaa inni dhumaa yookiin shanaffaan kallattii qorannichaa kaa'uun kan xumarame yoo ta'u, innis kutaalee qorannoon kun qabu jalqabaa hanga dhumaatti kan hammateefi guduunfaa, argannoofi yaboo walduraa duubaan qabatee kan xumurameedha.

## 5.2 Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee booda rakkoo muudate sana sirreessuufi irratti hojjachuuf wanti barbaachisu argannoodha. Argannoon kunis qorannoo sanaaf bu'aa olaanaa qaba. Haaluma kanaan qorannoo kanarrattis argannoowwan armaan gadii eeramaniiru.

- Ayyaanni warra oofaa Abbayyee Gadaa ayyaana kabajamaafi safeeffamaa qabu ta'uu.
- Ayyaanni kun gosoota garaagaraatti kan qoodamuufi amala isaanii irratti hundaa'uun kan beekaman ta'uu.
- Adeemsi raawwii sirnichaa walduraa duuba kan qabu ta'ee torbii, kudha arfii, yeroo Qillee, Arfaasaafi Fulbaana keessa kan kabajamuu ta'uu.
- Faayidaan ayyaanichi qabu gama dinagdeefi hawaassummaan olaanaa ta'uu.
- Laguuwwan garaagaraa fakkoommii adda addaatiin walqabatan kan jiran ta'uu argameera.
- Hirmaattota ayyaanichaa ta'anii kanneen hirmaatan sadarkaa ayyaantuufi jaarsolii salgii irraa kaasee hanga ijoolleetti ta'uu.
- Meeshaaleen ayyaana kanaa keessatti itti fayyadaman kan ayyaana irreechaafi waaqeffannaa faana walitti dhufeenya qabaachuu.
- Sirna ayyaanaa keessatti yeroo Fulbaanaafi qillee lagatti bu'uun, yeroo arfaasaa immoo tulluutti ba'uun uummanni bal'inaan kan kabaju ta'uu.
- Jaarsi salgiifi ayyaantuun walitti bu'iinsa namoota gidduutti mul'atu kan hiikan ta'uufi humna isaaniitii ol yoo ta'e caffeetti kan dabarsan ta'uu.
- Ayyaanichi faaruu mataa isaa danda'e kan qabu ta'uu fa'aan argannoo qorannoo kanaati.

## 5.3 Yaboo

Oromoon Uummata bal'aafi gaafa Afrikaa keessatti adda durummaan dhahamuudha. Qaroominni inni addunyaa kanaaf gumaachees sirna gadaa dabalatee hedduutu jira.Haa ta'uu malee sirni gadaa erga laafaa deemee hacuuccaan garaagaraa moototа habashaatiin jaarraa 16ffaa irraa eegalee dhiibbaan irra gahaa ture. Adeemsa kana keessattis aadaa, duudhaa, afaan seenaafi falaasama isaa akka hinguddifannneef cunqursaa olaanaan tureera. Haa ta'uu malee Oromoon aadaa isaa kana guutummaan hin daganne.karaalee garaagaraas dhaloota irraa dhalootatti dabarfachaa dhufeera. Oromoon Tuulamaas akkuma Oromoota biroo qabeenya isaa tifkachaa dhaloota har'aatiin gahuu danda'eera.Yaaduma kanaan walqabatee hambaa dhaloonni nutti dabarse kana dhaloota dhufuuf dabarsuun dirqama Oromoo hundaati. Qorataan kunis qorannoo

isaa adeemsa sirna raawwii ayyaana warra oofaa Abbayyee Gadaa akka ture dhalootaf darbuuf wanta akka yabootti kaa'e kanneen armaan gadiiti.

- ✓ Oromoonni, ayyaanni aadaafi duudhaa isaanii ganamaa waan ta'eef tifkachuu qabu.
- ✓ Biiroon aadaafi Tuurizimii sadarkaa hundarraa jiran hambaa hawaasaa kana dhaloota dhufuuf dabarsuuf qorannoon deeggaruu qabu.
- ✓ Walitti bu'iinsa garaagaraa hawaasa gidduu jiru furuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf tumsi biiroo aadaafi Tuurizimii magaalaa Caancoo illee gahee isaa haalan bahuu qaba.
- ✓ Meeshaalee aadaa garaagaraa sirna kanaaf oolan kunuunsuun dhaloota dhufuuf dabarsuun gahee Oromoota hundaa ta'uu beekee hundi irratti hojjachuu qaba.
- ✓ Lafti bakki ayyaanni kun itti kabajamu itti fufiinsa ayyaanichaaf gahee olaanaa waan qabuuf, kunuunsi qaamota mootummaa ta'aniinis godhamuufi qaba.
- ✓ Dhiibbaa amantii garaagaraan irra gahu malu, tokkummaan ittisuun gahee dhaloota ammaa hundaati.
- ✓ Af-walaloowwan faaruu sirnichaa irratti argaman aadaa hawaasichaa waan dhalootaatti dabarsaniif barreessanii kaa'uun  gahee nama hundaati.

# WABII


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa

Alamaayyoo Hayilee. ( 2007)**.** *Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee.

Bartles (1984). Oromo Religious: Myths and Rites of the Western of Oromo of the Ethiopia. An Attept to Unverestand. Deimex Berlin.

Bascom W. (1954). American Folklore in the New World Blooing to and Indiana polisi. Indian University Press.

Baxter, P.T.W.( 1979). *Atete in a Highland Arsi Neighbourhood* in North African Studies.

Berg B, (2001). *Qualitative Research Methods for Social Science.* California state University, Long bitch.

Brayman, Alan (2004). Social Research Methods, Second Edition. New York, Oxford University Press.

Creswell, J.W. (2003) *D.esign: Qualitative, Quantitative a nd Mixed Methods Reasearch* Approaches 2$^{nd}$ ed Sage puplication Inc.

Dastaa Dassaalany.(2013).*Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Far East.

Desalegn (1985). "Xiinxaala Raawwii Jilawwan sirna Dhugaa Baasuu" Oromoo Galaan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ilfataa Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Maastersii Guuttachuuf Dhiyaate (Kan hin maxxanfamne)

Dirribii Damusee.(2012). *Ilaalcha Oromoo*.Finfinnee: Printing and puplishing S.C.

Dorson,R.H.(1972).*Folklore and Folklife:An Introduction*.University of Chicago Press.

Encyclopedia American. 1983. Vol. 2 USA: University Chicago.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013).*Subii:Bu'uura Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee:Subi printing press.

Fekede Azeze. (1991). *Introduction to Oral Literature 4$_{th}$ ed*. Addis Ababa: Artistic Printing Enterprise:

Finnegan R.( 1970). *Oral Literature In Africa*. Nairobe: Oxfird University Press

Gaaddisaa Urgaa'aa. (2008). *Qaaccessa Sirna Raawwiifi Fakkoommii Buna qabannaa: Aanaa Sulultaa Irratti Fuulleffate*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Yuunivarsiitii Finfinnee. Kan hinmaxxanfamne.

Gadaa Melbaa. (1988). *Oromia: An Introduction*. Khartoum.

Gemechu J. (2004). "A History of Gada Galama Pilgrimage center from its foundation to 2002 "BA, Senior Essay. Addis Ababa University.

Imaanaa Bayyanaa. (2007.) "*Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaa*" Finfinnee.

Iseacs, Alan 1981. *The Macmillan Encyclopedia*. USA: Laurence Urdang Associates Ltd.

Jeorges, R.A and Jones M.O (1995). *Folkloristic: An Introduction Biloomingonton AndIndiana Polis:* Indiana University Press.

Leellisaa Aadaa.(6413 )*L.G.Kudhaamaa Seenaa*.Elleni.P.P.Plc.

Maammoo Gadaa. 2013. *Duudhaa*: Hy International Finfinnee

Melakneh Mengistu. (2006).*Fundamental of Literature.3rd* Addis Ababa: A.A.U.Press.

Mulugeetaa Nagaasaa (1997). "Sirna Gumaa Ija Waldbabbii Hii Kutiin Haasa Oromoo Aanaa Ada,aa Liiban Keessatti" Digirii Lammaaffaa Yuunivarsiitii Finfinneetti Karaqaa Qorannoo (Kan hin maxxanfamne)

Mulugeetaa Nagaasaa. (2006 ALD) *Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo Jildii 8ffaa*: Daaniyaa, Dhaabbata Maxxansaa Finfinnee: Oromiyaa

Nachimias D. and C. (1987). Research Methods in the social scince: New York, St.

Nageso Gedada, (1984). History of the Seyyo Oromo of South Western Wellaga Ethiopia from About 1730 to 1886. Frank Furt. Oromia Ellini P.P. PLC.

Okpewho,I.(1992). *African Oral Letirature: Backgraund, Character and Continuity Bloomingo.Ricard* Bowman.New York: Oxford university.

Sims and Stephens. (2005). *Living Foklore: An Introduction to the Study of People and their Traditional*: Longman: Utah State University Press.

Summer. C.(1996). *Anthropology of oromo*.Literature Private Songs Folklores.

Tasfaayee Dirribaa .(2010). *Qaaccessa Ergaa Faaruu Ayyaana Warra Gaanaa Suntee Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jibaat.* Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa: Yuunivarsiitii Finfinnee Kan hinmaxxanfamne.

Tayloy SE. (1979). Categorical and contextual rnal of personality and social.

Yaazoo Nugusuu. (2016). *Qaaccessa Adeemsa Sirna Ateetee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Jaarsoo*: Waraqaa qorannoo hinmaxxanfamin.

**Dabalee "A"**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii Namoomaafi Qorannoo Afaanotaa, Joornalizimiifi sab-qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Gaaffii Dhuunfaan Namoota adda addaaf dhihaatan

Kabajamaa/tuu odeefkennaa/ tuu

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Digirii lammaffaa guuttachuuf mata –duree "Qaaccessa Adeemsa Sirna Raawwii Oofa Abbayyee Gadaa" Aanaa Sulaltaa jedhu ilaalchisee ragaa funaanuudha. Haaluma kanaan, Hirmaannaan gaaffilee Kanneeniif deebii kennuu irratti isin qabdan kaayyoo qorannoo kanaa dhugoomsuuf murteessaadha. Akkasumas, ragaa qabatamaa hawaasa keessatti sirna raawwii ayyaanaatiin walqabatee duraa duubaan raawwatan hubannoofi muuxannoo keessaniin walqabsiisuun iftoominaan akka naaf ibsitan gaafachaa, tumsa naaf gootaaniif baay'een isin galateeffadha.

Maqaa________________________________________umrii _______saala_______

_Gosa hojii___________ Sadarkaa barnootaa ______________Ganda___________

**Gaaffilee Dhiyaatan**

1. Adeemsi sirna raawwii ayyaana Abbayyee Gadaa haala kamiin raawwatama?
2. Ayyaana kanarratti qophiiwwan jiran akkamiin ibsamu?
3. Hirmaattonni sirna ayyaana kanaa eenyu fa'a?
4. Sirni ayyaana kanaa iddoofi yeroo itti raaawwatamu qabaa?
5. Sirna ayaanaa kana kabajuuf maalfa'aatu barbaachisa?
6. Faayidaawwan ayyaana kanarraa argaman maali?
7. Faaruuwwan ayyaana kanarratti dhiyaatan yoo jiraatan natti himaa?
8. Sirna ayyaana kanaa irratti faaruun ni argamaa?
9. Meeshaaleen kabaja sirna ayyaana kanaatiif barbaachisan maal fa'a?
10. Meeshaaleen sirna kanarraatti dhihaatan sirnicha waliin hariiroo maali qabu?
11. Lagannaan sirna ayyaanichaa keessa jiruu? Yoo jiraatan maal fa'a?

**Dabalee "B"**

**Gaaffilee Marii Gareetiif Dhiyaatan**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii Namoomaafi Qorannoo Afaanotaa, Joornalizimiifi sab-qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Gaaffiilee Marii Gareetiif Dhihaatan

Kabajamtoota marii garee kanaa:

Kaayyoon marii garee kanaa barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree "Qaaccessa Adeemsa Sirna Raawwii Oofa Abbayyee Gadaa Aanaa Sulultaa" jedhu ilaalchisee ragaa funaanuudha. Haaluma kanaan, Hirmaannaan gaaffilee Kanneeniif deebii kennuu irratti isin qabdan kaayyoo qorannoo kanaa dhugoomsuuf murteessaadha. Akkasumas, ragaa qabatamaa hawaasa keessatti sirna raawwii ayyaanaatiin walqabatee duraa duubaan raawwatan hubannoofi muuxannoo keessaniin walqabsiisuun iftoominaan akka naaf ibsitan gaafachaa, tumsa naaf gootaaniif baay'een isin galateeffadha.

1. Sadarkaan murtee garaagaraa kennuu haala kamiin raawwatama?
2. Faayidaan ayyaanni kun hawaasa naannoo kanaatiif qabu akkamitti ibsama?
3. Yoomessi ayyaana kanaa maal irratti hundaa'uudhaan murtaa'e?
4. Sirni ayyaana kanaa yeroo ammaa kana maal fakkaata?

**Dabalee" C"**

**Guca Daawwannaaf Qophaa'e**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii Namoomaafi Qorannoo Afaanotaa, Joornalizimiifi sab-qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Bakka ayyaanni kun itti kabajamu deemuun guca bifa armaan gadiitti dhiyaate qopheeffachuun kan ragaan ittiin funaanamee:

1.Sirna raawwii ayyaana kanaa keessatti qophileen jiran maal fakkaatu?

2. Sirna ayyaana kanaa irratti faaruuwwan dhimma adda addaaf faarfataman jiruu?

3. Sirna raawwii kabaja ayyaana kanarratti namoonni hirmaatan eenyu fa'a?

4. Meeshaaleen kabaja ayyaana kanaatiif barbaachisan maal fa'a?

5. Adeemsi sirna raawwii ayyaana kanaa maal fakkaata?

6.Sirni raawwii ayyaana kanaa yoomessa akkamii keessatti raawwatama?

**Gabatee 1:Hirmaattoota Sirnichaa Agarsiisu**

| **Hirmaattota Sirnichaa** | **Niargamuu?** | **Hin argamanii?** |
|---|---|---|
| Dhiirota | √ | |
| Dubartoota | √ | |
| Jaarsolii | √ | |
| Jaartolii | √ | |
| Dargaggeessa | √ | |
| Shamarran | √ | |
| Dubartoota Ulfa | √ | |
| Ijoollee | √ | |
| Dhukkubsattoota | √ | |

**Gabatee 2: Meeshaalee Sirnichaa Agarsiisu**

| Meeshaalee sirna raawwichaa | Niargamuu? | Hinargamanii? |
|---|---|---|
| Meeshaalee ulfoo | √ | |
| Meeshaalee nyaataa | √ | |
| Gosoota uffataa | √ | |
| Meeshaalee battalaa | √ | |

**Gabatee 3: Yeroo Raawwii Sirnichaa Agarsiisu**

| Yeroo Raawwii Sirnichaa | Nigaggeeffamuu? | Hingaggeeffamanii? |
|---|---|---|
| Ganama | √ | |
| Guyyaa | √ | |
| Galgala | √ | |
| Wiixata | | √ |
| Kibxaata | | √ |
| Roobii | √ | |
| Kamisa | √ | |
| Jimaata | √ | |
| Sanbata | | √ |
| Dilbata | √ | |
| Birraa | √ | |
| Bona | √ | |
| Arfaasaa | √ | |
| Ganna | | √ |

**Gabatee 4: Iddoowwan Sirnichi Itti kabajamu Agarsiisu**

| Iddoo Raawwii Sirnichaa | Nigaggeeffamaa? | Higaggeeffamuu? |
|---|---|---|
| Galmatti | √ | |
| Malkaatti | √ | |
| Tulluutti | √ | |
| Abdaariitti | √ | |
| Bakka Birootti | | √ |

**Gabatee 5: Gabatee Qooddii Wantoota Raawwatamanii Agarsiisu**

| Qooddii Wantootaa | Niqoodamuu? | Hinqoodamanii? |
|---|---|---|
| Bifaan | | √ |
| Lakkoofsaan | | √ |
| Koorniyaadhaan | | √ |
| Umriidhaan | | √ |
| Sadarkaa Barnootaan | | √ |
| Sadarkaa Aangoon | √ | |
| Tartiiba meeshaan | √ | |
| Tartiiba Yeroon | √ | |

**Dabalee “D”**

**Ibsa Iddattoo Qorannichaa**

| Lakk | Maqaa | Saala | Umrii | Iddoo jireenyaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Booranaa Agarii Tulluu | Dhi | 42 | Caancoo | Ayyaantuu |
| 2. | Tsaggaayee maangashaa Hundee | Dhi | 51 | Caancoo | Jabboota |
| 3 | Taaddasuu Magarsaa Gammadaa | Du | 35 | Caancoo | Beerren jaaloo |
| 4 | Baqqalaa Agarii Tulluu | Dhi | 49 | Caancoo | Jabboota |
| 5 | Naggaasaa Jootee Baqqalaa | Dhi | 45 | Caancoo | Mata Qaboo |
| 6 | Walee Alamii Masqalee | Du | 46 | Caancoo | Beerren Jaaloo |
| 7 | Mangistuu Guddataa Haata’uu | 45 | Dhi | Caancoo | Jaarsa Salgii |
| 8 | Shallamaa Fayyee Kabbadaa | 40 | Dhi | Caancoo | Shanee |
| 9 | Jiituu Alamii Masqalee | 48 | Du | Caancoo | Beerran |
| 10 | Dhugaasaa Daffaraa Magarsaa | 35 | Dhi | Caancoo | Shanee |
| 11 | Baafanaa Gaarii Waaqjiraa | 50 | Du | Caancoo | Beerren jaaloo |

**Caasaa Hidda Dhaloota Oromoo Tuulamaa**

Horoo

Oromoo

Boorana

Tuulama Sadeen

| Daacii- 3 | Bachoo-6 | Jiillee-6 |
|---|---|---|
| Galaan-6 | Iluu-3 | Goonaa -12 |
| Oboo-7 | Meettaa-8 | Guusa-5 |
| Sooddo-3 | Garasuu 9 | looyyaa 3 |
| | Waajituu-9 | Siibaa-5 |
| | Keekuu-5 | Gindoo-7 |
| | Uruu -9 | |

Tuulama

Bachoo-6

Iluu-3 Garasuu-9 Meettaa-8 keekuu-2 uruu-9 Waajituu-9

Billi 1. Daada 1. Amuumaa 1.Dula mana hidhabu- 5 Mana Alii

Faracho 2. Galaan 2. Kuyyuu 2.Saalloo 1.Baantuu 1.Isawwa

Areerii 3. Maakaftaa 3Walaqoo 2. Ariiroo 2.Idooroo

4. Tuutii 4. Suubba 3. Abbaadhoo 3. Calaqaa

5. Anxuuree 5. Siibaa 4. Nya'aa 4. Gabbalo

6. Maallima 6.Buuyyama 5. Waajjuu 5. Abbaay'ee

7. Liiban 7. Aagaa Mana diiramuu4 Mana Habadhii

8. Maammoo 8. Akkayyuu 1. Amuuma 6. Yaayyaa

1. Dhaaye 7. Diiramu

2. Darroo 8. Deenyuu

3. Kuyyuu 9. Ittayyaa

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

A, Ani qorataan maqaafi mallattoo koo armaan gadiitti eerame kun, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Guutuu_____________________________________________

Mallattoo_________________________________________________

Guyyaa____________________________________________________

B, Barataa ______________________________waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi of ittisuuf (defense) muummeef galchuu danda'uu isaa ani gorsaan mallattoo kootiinan mirkaneessa.